Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Xiinxala Malleen Cunqaa'aa Fayyadamuun Afaan Oromoo

Barsiisuu: Manneen Barnootaa Sadarkaa 2ffaa

Nophaafi Biloo Qaaroo Irratti kan xiyyeeffate

Tigisti Bafiqaaduutiin

Jimma, Oromiyaa

Onkoloolessa, 2019

Xiinxala Malleen Cunqaa'aa Fayyadamuun Afaan Oromoo Barsiisuu: Manneen Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Nophaafi Biloo Qaaroo Irratti kan xiyyeeffate

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Maastersii (MA) Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuu Guuttachuuf Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaaniittiitti Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiif Dhiyaate

	Maqaa	Mallattoo	Guyyaa
Gorsaa: Alamaayyoo Faqqadaa (Phd)		_____	_____
Gorsituu Gargaartuu: Alamituu Olii (Phd)		_____	_____
Qoraa Keessaa:		_____	_____
Qoraa Alaa:		_____	_____

Waraqaa Mirkaneeffannaa

A) Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seeraqabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa - Tigisti Bafiqaaduu

Mallattoo _____

Guyyaa _____

B) Gorsaa Barattuu_____

Waraqaa qorannoo haala seera qorannoo eegdee qopheessuu isheefi muummeef galchuu akka dandeessu ani gorsaan mirkaneesseera.

Maqaa _____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Axareeraa

Qorannoon kun mataduree xiinxala malleen cunqaa'aatiin fayyadamuun Afaan Oromoo barsiisuu manneen barnootaa sad.2ffaa Nophaafi Biloo Qaarootti barsiisota Afaan Oromoo barsiisanu irratti taasifame. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas, barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa Nophaafi Biloo Qaaroo hammam mala cunqaa'aatti fayyadamanii barsiisaa akka jiran xiinxaluudha.Yaadxinni qorannoon kun hordofe bifa-heddummaa (multimodality) dha. Qorannoon kun qorannoo qulqulleeffataa yemmuu ta'u, malleen iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuun akkayyoo qorannoo kana galmaan gahuuf hojiirra oolaniiru. Iddattoon qorannoo kanaas, barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa barsiisan afuri. Meeshaaleen ragaan ittiin funaanaman daawwannaa dareefi af-gaaffii banaa barsiisotaati. Ragaan daawwannaafi af-gaaffiin walitti qabamanis jechaan xiinxalamani. Kanaaf, saxaxni qorannoon kun hordofes ibsaa akkamtaadha. Argannoon qorannoo kun akka agarsiisuutti, barsiisonni Afaan Oromoo mala kana gonkuma itti fayyadamaa akka hinjirre, malli kun tartiiba barannoo qabaatus barsiisoonnii kun hojiii irra akka hinoolchine, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gahee guddaan barsiisaadhaan kan qabamu ta'uu, mala kana hojii irra oolchuu keessatti wantoonni gufuu ta'anii mul'atan: wayitiin barnoota Afaan Oromootiif ramadameef bal'inni qabiyyee kan wal hinsimne ta'uu, barsiisonni waa'ee mala cunqaa'aa hubannoo gahaa kan hinqabne ta'uu, meeshaalee deeggarsa barnootaa qopheessanii itti fayyadamuu dhabuufi baay'inni barattootaa daree keessatti heddummachuu ta'uu qorannoo kanaan adda ba'eera. Argannoo kana irratti hundaa'uun yaadni furmaataa: barsiisonni barattootni waan barataniifi shaakalan akka filatan, akkasumas, dandeettiiwwan afaanii karaa itti guddifachuu danda'aan haalli miijachuufi, ramaddiin wayitii Afaan Oromoo sirrachuu, dareen barnootaa baay'ina barattootaa waliin walsimsiisuufi itti fayyadama mala cunqaa'aa irratti leenjiin hubannoo cimsuu qaama dhimmi ilaallattuun akka laatamuuf furmaata rakkoo kanaatiif qorannoon kun eereera.

Galata

Duraan dursa waan hundumaa gaarii godhee isa uume anammoo isa asiin naga'e Waaqayyoon nangalateeffadha. Itti aansee hojii qorannoo kanaa keessatti jalqabbii naaf tahanii, hanga goolaba qorannichaatti nuffii malee na waliin tahuun gorsa ogummaa kan naaf kennan gorsaa koo Alamaayyoo Faqqadaa (Phd) fi gorsituu gargaartuu Alamituu Olii (Phd) galatni koo guddaadha. Akkasumas, deeggarsa ogummaa kan naaf taasisan Cimdii Waaqumaa (Gargaaraa Piroofeesaraa) guddaan galateeffadha.

Bakkan har'a gaheef bu'uura jalqabaa kan taatan abbaa koo Barsiisaa Bafiqaaduu Qannoofi haadha koo Aadde Galaanee Cawwaaqaa galaniifi kabajni ani isiniif qabu guddaadha.

Itti aansuun, milkaa'ina qorannoo kanaaf, nuffii malee kan nagargaare abbaa warraa koo Takkaalliny Maammoo, barsiisotaa mana barumsaa sad.2^{ffaa} Nophaafi Biloo Qaaroofi hiryoota koo yaadaan nabira dhaabatanii nadeeggaraa turan hunda guddaan galateeffadha. Akkasumas, Yuunivarsiitii Jimmaa carraa barumsaa kana naaf kenne dabalatas, barsiisotaafi hojjettoota Muummee Barnoota Afaan Oromoofi Og-barruu Yuunivarsiitii Jimmaa guddiseen galateeffadha.

Hiika jechootaa

Afaan Oromoo	Afaan Ingilizii
Bifa heddumminaa	multimodality
Cunqaa’aa	Eclectic
Dhiyaannaa	approach
Fulcha	clue
Rincicaa	rigid
Yaadiddama	theory
Yaadxina	theoretical

Baafata

Qabiyyee **fuula**

Axareeraa i

Galata iii

Hiika jechootaa iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1

1.1 Seen-duubee Qorannichaa 1

1.2.Ka'umsa Qorannichaa 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa 6

1.5. Daangaa Qorannichaa 6

1.6. Hanqina Qorannichaa 6

1.7.QindoominaQorannichaa 7

BOQONNNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU 8

2.1 Seensa 8

2.2 Duubee Dhiyaannaa Cunqaa'aa 8

2.3 Hiikaafi Ibsa Dhiyaannaa Cunqaa'aa 9

2.4 Amaloota Dhiyaannaa Cunqaa'aa 12

2.5. Ilaalcha Afaanii Dhiyaannaa Cunqa'aa keessatti 14

2.6. Mala Cunqaa'aa Keessatti Dhiyaannaa Barnootaa 16

2.7. Mala Cunqaa'aa Keessatti Gahee Barsiisotaa 19

2.8. Gahee Barataa Dhiyaannaa Cunqaa'aa Keessatti 20

2.9. Gahee Meeshaalee Barnootaa 21

2.10. Cimina Dhiyaannaa Cunqaa'aa 22

2.11. Dadhabina Dhiyaannaa Cunqaa'aa 22

2.12. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkaatanii 23

2.13. Yaadxina Qorannichaa 24

2.13.1 Bifa-heddummaa (Multimodality) 24

Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa 26

3.1. Saxaxa Qorannichaa 26
3.2. Irraawwatama Qorannichaa 26
3.3. Madda Ragaa 26
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu 26
3.5. Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaanamu 27
3.5.1. Daawwannaa Daree 27
3.5.2. Af- gaaffii 28
3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo 29
3.7. Naamusa Qorannoo 29
Boqonnaa Afur: Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee 31
4.1. Mala Cunqaa'aatti Fayyadamanii Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu 31
4.1.1. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dhaggeeffachuu Barsiisuu 31
4.1.2. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dubbachuu Barsiisuu 32
4.1.3. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu 33
4.1.4. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Barreessuu Barsiisuu 34
4.2. Tartiiba Barannoo Mala Cunqaa'aa Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Hojiirra Oolan 35
4.2.1. Tartiiba Barannoo Dandeettii Dubbisuu 35
4.2.2. Tartiiba Barannoo Dandeettii Dubbachuu 37
4.2.3. Tartiiba Barannoo Dandeettii Dhaggeeffachuu 38
4.2.4. Tartiiba Barannoo Dandeettii Barreessuu Barsiisuu 40
4.3. Malleen Cunqaa'aatti Fayyadamanii Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti Gahee Barattootaa, Barsiisotaafi Meeshaalee Barnootaa 40
4.3.1. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu 41
4.3.1.1. Gahee Barsiisotaa 41
4.3.2. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dhaggeeffachuu Barsiisuu 43
4.3.3. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dubbachuu Barsiisuu 45
4.3.4. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Barreessuu Barsiisuu 47
4.4. Malli Cunqaa'aan Hojiirra Akka Hinoollee Wantoota Gufuu Ta'an 50
4.4.1 Hubannoon Walqabatee 50
4.4.2. Qabiyyeen Walqabatee 51
4.4.3. Haala Yeroon Walqabatee 55
4.4.4. Baay'ina Barataan Walqabatee 56

4.4.5. Gufuu Kan Ta’aniif Furmaata Eeruu 57
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Goolaba fi Yaada Furmaataa 60
5.1. Cuunfaa 60
5.2. Goolaba 61
5.3. Yaada Furmaataa 62
Wabiilee 63
Dabalee A 67
Dabalee B 70
Dabalee C 71

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seen-duubee Qorannichaa

Seenaa afaan barsiisuu keessatti qorattoonni afaanii yeroodhaa gara yerootti mala afaan barsiisuu fooyya'aa argachuuf yeroo ifaajanu mul' atu. Haaluma kanaan hayyoonni adda addaa haala dhiyeenya, toftaafi tekniikota barnoota afanii bu'a qabeessa jedhan irratti xiyyeeffatanii yeroo qoratan mul'atu. Fakkeenyaaf, Richards's fi Rodgers, (2001) haala dhiyeenyaafi maloota callisaan barsiisuu, dhag-dubbii, haala dhiyeenya waliigaltee, jijjiirraa seerlugaa, mala sirrii, mala uumamaa, mala kallattii, mala haalaa, sejjestoopidiyaa,mala shaakala irratti hundaa'eefi mala afaan barsiisuu si'aayinaa jechuun kaa'u.

Malli barsiisuu akkaataa dhiyeenyaa yookiin waan karoorfame barattoota biratti hojiitti ittiin hiikamuudha (Shi, 2007). Tooftaan barsiisuu uumamaa gosa barnootaa barsiifamu irratti hundaa'a. Jaarraawwan darban keessattuu sagaltamoota keessa malli baruu barsiisuu barsiisaadhaan dhuunfatama (Broughton, 1994). Barataan dareetti argamee dhaggeeffannaan, barsiisaan ammoo ibsee fakkeenya laannaan, barataan beekumsa argateera jedhameetu amanama jedha.

Waggoota baay'een dura, malli barsiisuu aadaa, mana barumsaatti gutummaan guutuutti dursaa ta'ee to'achuun, hojiirra oolaa ture.

Tooftaaleen barsiisuu karaa lamaan ilaalamuu danda'u. Isaanis: mala baruuf barsiisuu barsiisaa gidduugaleessa godhatee (mala kallattii, mala aadaa, mala baratamaa) jedhamuun kan beekamuufi, mala baruuf barsiisuu barataa giddugaleessa godhate (mala alkallattii, mala ammayyaa, mala hin baratamne) jedhamuun kan beekamudha. Waggoota baay'een dura, malli barsiisuu aadaa, dhaabbatni mala baruuf barsiisuu barsiisaa giddugaleessa godhate, mana barumsaatti gutummaan guutuutti dursaa ta'ee to'achuun, hojiirra oolaa ture.

Tooftaawwan hojiirraa oolaa turan kanneen akka mala jijjiirraa seerlugaa, mala kallattii, mala dhag-dubbii, mala haalaa, mala walquunnamtii, mala callisaa, toftaa afaan hawwasummaa, tooftaa sajjeestoopidiyaa, mala baruufi barsiisuu shaakala irratti hundaa'e hojii irraa olaaturaniiru.

Seenaa guddina afaan barsiisuu keessatti, afaan barsiisuun beekumsa afaaniifi xiinsammuu nigaafata. Haata'u alee, suuta suuta xiyyeeffannaa argatanii jiru.

Mala cunqaa'aa: (LersonFreeman (2000) fi Melow (2000) malli kun afaan barsiisuudhaaf mala dachaadha jedhu.

> Eclectism is philosophy of choice, a fusion of knwlegde from all sources. It is a particular type of educational philosophy. In the domain of language education the eclectic approach denotes a desirable, coherent and pluralistic method. It incompases different approaches and methods based on the abilities of learners and the aims of the lesson.

Dhiyaannaan cunqaa'aa kan eegale, tokko tokkoon malleen afaan barsiisuu seenaa keessatti dhufaa darbaa turan ciminaafi hanqina isaanii waan qabaniifi malli haala qabatamaa daree barnootaa jijjiiramaa (dynamic) ta'e waliin deemuu danda'u dhabamuu isaatiini. Bu'uuruma kanaan, malli afaan barsiisuu kun yeroo ammaa filatamaa kan ta'e, jijjiirraa seerlugaa, dhagdubbii, walquunnamsiisaafi kanneen biroo mara bakka tokkotti qindeessee ittiin barannoo dhiyeessuu dandeessisa. Kunis, ciminoota malleen hundi qaban akka carraatti gargaaramuutiini.
Weidemann (2001) cunqaa'aan akka dhiyaannaa afaan barsiisuutti akka eegalu kan taasisan keessa tokko ammayyaahaafi wayitaawaa (fissionability) ta'uun cinaatti, saayinsii mala barachuufi barsiisuu (pedagogy) birattis fudhatama guddaa qabaachuu isaatiini jedha.

Gama kaaniin akka Kumar (2013f÷1) jedhutti, haalli dhiyeenya mala gara garaa qindoomina mala baruufi barsiisuu garagaraati jedha. "The eclectic method is a combination of different methods of teaching and learning approach."
Walumaagalatti Wali (2009: f÷ 40):Akkas jedha:

> Teachers should feel free in choosing techniques and procedures inside the class room. There is no ideal approach in language learning. Each one has its merits and demerits. There is no royalty to certain methods. Teachers should know that they have the right to choose the best method and techniques in any method according to learners' needs and learning situation. Teachers can adopt a flexible method and technique so as to achieve their goals. They may choose whatever works best at a particular time in a particular situation.

Akka yaada kana olii irraa hubachuun dandaa'amutti barsiisonni haala qabiyyeefi dandeettii barattoota isanii irratti hundaa'anii barnoota afaanii kennuun akka gaarii ta'e hubanna. Kanaaf immoo malli filatamaan mala gara garaatti fayyadamuun akka ta'e agarsiisa.

Biyyi keenya imaammata barnootaa haarawaa bara (1994) bocuun hojii irra oolchiteetti. Imaammata barnootaa kana keessatti Afaan Oromoo afaan barnootaafi afaan hojii ta'e mirkanaa 'e. (Educational and Training policy, 1994.3.5.1). Haaluma kanaan Afaan Oromoo sadarkaa 1^{ffaa} keessatti guutummaan guutuutti ittiin barsiifama. Gara sadarkaa 2^{ffaa}tti ammoo gosa barnootaa tokko ta'uun baratama (Education and training Policy, 1994, 3.5.6).

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Adeemsi afaan barsiisuu kana yeroodhaa gara yerootti jijjiiramaafi fooyya’aa sadarkaa amma jiru irra gahee jira. Jijjiiramni kunis kallattii tokko irratti qofaa kan xiyyeeffatu osoo hintaane kaayyoo afaan barsiisuutiin tooftaafi haala dhiyeenya afaan barsiisuu kan ilaallatuudha.

Seenaa malleen Afaan barsiisuu baroota hedduu lakkoofsisuyyuu malli afaan barsiisuuf filatamaan kana jedhamee kan lafa kaa’ame hinjiru. Keessattu malleen dandeettiiwwan afaanii afuran ittiin barsiisan addaan baasamanii kan kaa’aman hinjiranu. Hata’u male, malleen hedduun yeroodhaa gara yerootti jijjiiramaa dhufaniiru.

Malleen kana ammoo walitti makuun cunqeessanii barsiisuun mala filatamaa bara kanaa akka ta’e (Freemanfi Melow, 2001) ifa baasaaniiru. Bu’uuruma kanaatan qorannoon kun dhimma kana ilaalchisee manneen barnootaa lamman filataman kana keessaatti barattoonni baratanu dandeettiiwwan Afaan Oromootiin gadi bu’aa ta’anii mul’atu. Kunis kan hubatamu barattoonni hedduun kutaa sagalaffaadha gara kudhaniitti yeroo darbanu qabxiin isaaniis ta’e dandeettiin isaanii gad-bu’aa ta’ee mul’ata. Kunis, muuxannoon qabu irraa ka’ee barattoonni kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} baratan harki caalaan isaanii qubeessuu, dubbisuufi yaada isaanii karaa salphaa ta’een ibsachuuf baay’ee rakkatu.

Kun immoo barsiisonni Afaan Oromoo yeroo barsiisanu mala isaniif mijate qofaa irratti hundaa’anii barsiisuu kan jedhu mul’isa. Malli cunqaa’aan immoo barattoonni dandeettiiwwan afaanii hunda walfaana akka barataniifi gochaa hedduu, walquunnamtii olaanaa, barnoota lubbuu qabuufi bu’aa saffisaa akka qabaatanuuf isaan onnachiisa (Freemanfi Melow,2001). Kanaafuu, qorattuunis, malli cunqaa’aan manneen barnootaa kana keessatti hammam hojiirraa oolaa jira isa jedhu xiinxaluu barbaaddeetu. Afaan Oromoo akka afaan barnootaa ta’ee tajaajilu taasifamuun isaa dhiyoo ta’uyyuu guddina saffisiisaa taasisaa jira. Afaan kun akka gosa barnootaa tokkootti manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa}tti barsiifama.

Baruufi barsiisuun afaanii ibsa ifa ta’eefi dandeettii agarsiisuu (walitti makuu, qoqqooduu, hubannoo miltaawaa, cuunfuu, kan kana fakkaataan) irratti hundaa’a. Kunis shaakala adda addaan deggarama Archerfi Hugher (2011). Akka yaada hayyuu kanaatti barsiisonni dandeettiiwwan afaan barsiisuu maleenya gara garaa walkeessa makuun barsiisuu akka qaban mirkaneessu.

Kanneen akka Tigist Kormee (2016) ulaagaa digirii 2ffaa guuttachuuf magaalaa Gindhiiri Mana barumsaa sad.2ffaatti, mala baruu barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate irratti qorannoo taasifteen, malli barataa giddugaleeffate mala hirmaachisaa waan ta'eef filatamaa ta'uu isaa kan ibsite yemmuu ta'u, argannoon ishee akka ibsutti barsiisonni ammo mala kana irraa mala barsiisaa giddugaleeffate fayyadamanii akka barsiisanuu adda baasuun, malli kun ammoo mala akka barattoonni afaan baratanuuf affeeru akka hintaane ibsitee. Malli cunqaa'aan mala barataa hirmaachisuufi si'aayinaan barachuu uuma. Akkasumas, malli cunqaa'aan mala barattoota giddu galeeffate bu'uura kan taasifatu waan ta'eef kallattii kanaan walitti dhufeenya kan qabu yemmuu ta'u, bakka qorannoo, kaayyoo qorannoo, xiyyeeffannoo qorannoofi gosa qorannootiin garaagarummaa qabu. Kanaafuu, qorannoon kun immoo xiyyeeffannoon isaa barsiisonni Afaan Oromoo dandeettiiwwan afaanii yemmuu barsiisan hammam mala cunqaa'aa akka hojiirra oolchan xiinxaluudha.

Kanaafuu, qorannoon kun qorannoo isa biraa irraa sadarkaa xiyyeeffannootiinis galteesaatiinis adda. Kana bu'uureffachuun qorannoon kun gaffilee gadii kanneeniif deebii kan kenne ta'a.

1. Barsiisonni manneen barnootaa Nophaafi Biloo Qaaroo dandeettiiwwan afaanii yemmuu barsiisan hammam malleen cunqaa'aatti fayyadamu?
2. Barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa kanneen keessatti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf tartiiba barannoo mala cunqaa'aa hammam hojjiirra oolchu?
3. Malleen cunqaa'aatiin Afaan Oromoo barsiisuuf gaheen barsiisootaafi barattootaa haala kamiin qindaahee hojiirra oola?
4. Malleen cunqaa'aa hojiirra oolchuu keessatti rakkoowwan barsiisotaafi baratttoota mudatan maalfa'i?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Malleen afaan barsiisuu cunqaa'aatti barsiisonni Afaan Oromoo Mana Barumsaa Nophaa fi Biloo Qaaroo Sadarkaa 2ffaa hammam akka itti fayyadamaa jiran xiinxaluu.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

1. Barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Nophaafi Biloo Qaaroo hammam mala cunqaa'aatti fayyadamanii akka barsiisanu addaan baasuu.

2. Barsiisonni Afaan Oromoo daree barnoota keessatti tartiiba barannoo isaan hojii irraa oolchan tarreessuu.
3. Mala cunqaa'aan barsiisuu keessatti gahee barsiisaafi barataa adda baasuu.
4. Mala cunqaa'aatti fayyadamanii barsiisuuf wantoota gufuu ta'an tarreessuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu adeemsifamu bu'aa agarsiisu qaba.Qaamoleen qorannoo kanarraa fayyadamoo ta'anis addaan ba'anii beekamuu qabu. Bu'uura kanaan faayidaan qorannoo kanaa:

- Barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa Nophaafi Biloo Qaaroo, haala hojiirra oolmaa malleen cunqaa'aa irratti beekumsaafi odeeffannoo dabalataa gonfachuun barattoonni bu'aa gaarii akka argatan taasisa.
- Namoota kana booda mata duree kanaafi kanaan walfakkaatan irratti qorannoo geggeessanuuf akka ka'umsaatti fayyada.

Walumaagalatti, qorannoon kun: barattoonni, barsiisonniifi namoonni qorannoo dhimma kanarratti geggeessuu barbaadaniif akka hojii ka'umsaafi madda odeeffannoo ta'uun tajaajiluu danda'a.Qorannoon kun erga mirkanaa'ee booda manneen kitaabaa naannoo kanatti argaman keessatti kan argamu ta'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan inni irratti xiyyeeffatu malleen afaan barsiisuu cunqaa'aa daree barnoota Afaan Oromoo keessatti barsiisonni hammamiifi haala kamiin malleen cunqaa'aatti akka dhimma ba'an xiinxaluudha. Kunis, Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Biloo Nophaatti Mana Barumsaa Nophaafi Biloo Qaaroo Sadarkaa 2^{ffaa}tti, barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} barsiisan qofa irratti. Akkasumas, dandeettiiwwan afaanii gurguddoo irratti kan xiyyeeffatedha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yemmuu geggeeffame rakkooleen gara garaa mudataniiru. Kunis, barruuleen sirriitti mata duree kanaan wal fakkaatu argachuun cimaa ture. Karaa biraa ammo, wayitiin barnootaa Afaan Oromootiif kenname torbanitti lama qofa.Kun immoo barsiisaan afaan kanaaf ramadamu muraasa taasiseera.Kanaaf barsiisota baay'ee daawwachuuf hindandaa'amne.Haata'u malee, barruulee adda addaa sakatta'eera. Barruulee afaan biraa adda addaa mata duree kanaan

walfakkaatan illee gara mata duree kanaatti fiduun hojjechuu danda'eera. Baay'ina barsiisotaa ilaalchisee barsiisotuma argamaniin daawwannaa irra deddeebiin taasisuun ragaan barbaachisaa ta'e walitti qabamuuf yaalameera. Akkaataa qabiyyee kitaabaa waliin dandeettiiwwan afaanii hunda irra deddeebiin dawwachuuf qabiyyeen irra deddeebiidhaan dandeettiidhuma walfakkatu qofa waan irra deddeebi'uuf qorannoo kanaaf gufuu guddaa ture. Akkasumas, kallattiin mata-duree kanaan kan walfakkaatu qorannoon Afaan Oromootiin gaggeeffame dhabamuun rakkoo ture. Garuu, qorannoo Afaan Ingiliziitiin gaggeeffame sakatta'uu yaaleera.

1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shaniin qindaa'e. Boqonnaan tokko mata-duree qorannoo qabatee seenduubeedhaa hanga hanqina qorannootti hammateera. Boqonnaan lama barruulee mata-duree kana ibsanuufi maalummaa mala cunqaa'aa keessatti kan sakkatta'ameedha. Akkuma kanas barruulee qorannoo kanaa walfakkaatanii fi yaadxinni qorannoo keessatti ibsameera. Boqonnaan sadii malleen qorannoofi adeemsa qorannoo, meeshaalee qorannoo hammateera. Boqonnaa afur keessatti qaaccessaa ragaalee funaanamanii kan qabate yoo ta'u, cuunfaa, goolabaafi yaadni furmaataa boqonnaa shan keessaatti xumurameera.

BOQONNNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

2.1 Seensa

Boqonnaan kun yaadrimeefi daangaa dhiyaannaa cunqaa'aa dhiyeessa. Jalqaba ibsa gara garaa yaadrimee isaa ilaalchisee, itti aansuun immoo amaloota cunqaa'aan ittiin ibsamutu dhiyaate. Akkasumas, barannoon (lesson) cunqaa'aa bu'uura taasifate walduraa duuba kamiin akka dhiyaatu ibsameera. Itti fufuudhaan dhiyaannan cunqaa'aa keessatti gaheeleen barsiisotaa, barattootaafi meeshaaleen barnootaa dhiyaataniiru. Xumura boqonnaa kanaa irratti ciminaafi hanqinni mala cunqaa'aa erga dhiyaatee booda, yaadxinni qorannoon kun irratti bu'uure gabaabinaan ibsameera.

2.2. Duubee Dhiyaannaa Cunqaa'aa

Dhiyaannaan cunqaa'aa kan eegale, tokko tokkoon malleen afaan barsiisuu seenaa keessatti dhufaa darbaa turan ciminaafi hanqina isaanii waan qabaniifi malli haala qabatamaa daree barnootaa jijjiiramaa (dynamic) ta'e waliin deemuu danda'u dhabamuu isaatiini. Akka Brown (2002) falmutti, hir'inoota malleen gara garaa qabaniif cunqaa'aan furmaata.Sababni isaas, dhiyaannaan cunqaa'aan barsiisonni yoomessa jijjiiramaa (dynamic context) daree isaanii keessatti yeroo mara isaan mudatuuf waanta'u filachuuf carraa waan kennuufi. Gilliland, James-fi Bawman (1994) gama isaaniitiin, dhiyaannaan cunqaa'aa akka filatamuuf ka'umsa kan ta'e, hir'ina mala tokko qofaatiin barsiisuutiin mudatan waan jiraniifi. Akka isaan jedhanitti, malli tokkichi yeroo hojiirra oolu, bu'uurri yaadiddama isaa baay'ee dhiphaa waan ta'uuf, shaakalli barattootaaf qophaahu murtaahaa, daangahaafi akka fedhanitti kan jijjiiranii, yookaan madqsanii barsiisuun eeyyamamuu miti.

Cunqaa'ummaan immoo yoomessaa xixiqqoof iddoo kenna. Barachuun hawwataafi kalaqa qabeessa. Kanaafuu, dhiyaannaan cunqaa'aa barattoota, baadiyyaa-magaala, hiyyeessa-sooressaafi kanneen birootiin osoo hinqoodiin barsiisonni yoomessa addaa barattoonni keessa jiraniin akka qajeelfaman carraa kenna.

Bu'uura kanaan, dhiyaannaan cunqaa'aa kan eegale, mala tokko qofaa irratti bu'uuramee afaan barsiifamaa turus, kaayyoo isaa sirnaan milkeessuun waan hanqateefi. Tokko tokkoon barannoo

guyyaa haala addaa waan qabuuf mala dursamee murtaa'een (prescription) afaan barsiisuuf yaaluun milkaahina yaadame hinfidan jechuudha. Kanaafuu, dhiyaannaa cunqaa'aa gargaaramuun kallattii hedduutiin daree keessattiifi yoomessoota aadaafi hawaasummaa waliin walqabatuuf deebii qaba.

2.3 Hiikaafi Ibsa Dhiyaannaa Cunqaa'aa

Kumar (2003, f. 1) cunqaa'aa yeroo ibsu, "the eclectic method is a combination of different methods of teaching and learning approaches" jedha. Gao (2011) immoo cunqaa'aan waan sirna qabaatee hojiirra ooluu qabuuf, barsiisota hedduu dhamaasuu danda'a. Sababiin isaas, murteen waa'ee barnoota dareefi gochaaleen hundi yaadiddamoota afaan barsiisuu hundaafi peedaagoojii dhimmoota walqabatan beekuu barbaada. Yoomessi afaan barachuufi barsiisuu, fedhii barattootaa, meeshaalee dabalataa barnoota afaanii deeggaran, haalatti afaan baratamuufi, walumaagalatti, maalummaa barsiisuu hubatanii hojiirra oolchuun salphaa miti. Itti dabaluudhaan, Gao (2011, f. 1) yoo ibsu, dhiyaannaan cunqaa'aan "not a concrete single method, but a method which combines listening, speaking, reading and writing and includes some practice in the classroom" jedha.

Bu'uuruma kanaan, malli afaan barsiisuu kun yeroo ammaa filatamaa kan ta'e, jijjiirraa seerlugaa, dhagdubbii, walquunnamsiisaafi kanneen biroo mara bakka tokkotti qindeessee ittiin barannoo dhiyeessuu dandeessisa. Kunis, ciminoota malleen hundi qaban akka carraatti gargaaramuutiini. Akka dhiyaannaa cunqaa'aatti malli afaan barsiisuu barri itti darbeera jedhamu hinjiru.Wali (2009, f. 40) jechootuma ofiitiin akka armaan gadiitti yaada kana cimsa:

> …one of the premises of eclecticism is that teaching should serve learners not methods. Thus, teachers should feel free in choosing techniques and procedures inside the classroom. There is no ideal approach in language learning. Each one has its merits and demerits. There is no royalty to certain methods. Teachers should know that they have the right to choose the best methods and techniques in any method according to learners' needs and learning situation. Teachers can adopt a flexible method and technique so as to achieve their goals. They may choose whatever works best at a particular time in a particular situation.

Akkuma waraabbiin armaan olii kun dhiyeessu, malli afaan barsiisuu kamuu barattoota dandeettii afaanii barbaadame gonfachiisuu irratti kan xiyyeeffachuu qabu ta'uu isaati. Barsiisonni kan dhimmuu qaban barattoota ofii gargaaruu irratti malee, mala tokko sirnaan hojiirra oolchuuf ta'uu hinqabu. Galmi barnoota afaanii qabiyyee dhiyaate barattoonni sirnaan akka kaayyoo barannootti gonfachuu isaanii mirkaneessuudha. Barattoonni akkaataa barachuu gara garaa qabu; barsiisonnis muuxannoo, fedhii, dandeettii adda addaa qabu. Kanaafuu, dhimmi mala barsiisuu waan akka waliigalaatti murtaahe bifa walfakkaatuun hojjiirra oolfamu miti.Haala jiru waliin walsimsiisuudhaan barsiisonni akka barbaachisaa isaatti mala osoo hinta'iin, barattoota ofii irratti xiyyeeffatanii barsiisuudha.

Akkuma beekamu, malleen barachuu-barsiisuu afaanii keessaatti dhufaafi darbaa turan, maalummaa afaan barsiisuufi barachuu irrattiifi haalatti barsiisonni barsiisuu qaban irratti qajeelfama ifaa qabu. Gaheen barsiisotaa tartiiba afaan barsiisuu mala ta'eef lafa taa'e sana hojiitti hiikuudha jechuudha. Kun immoo yoomessa daree barnoota keessatti sirnaan hojiirra oolchuuf ammam yaalamellee fedhii barattoota hundaa guutee, kaayyoo barnoota afaanii milkeessuu hindanda'u. Kanaafuu, malli cunqaa'aa barnoota afaanii haala qabatamaa keessa jiraniin madaqsanii barsiisuuf akka mijatuuf akka mala ammayyatti tajaajiluu eegale.

Bu'uuruma kanaan, Weidemann (2001) cunqaa'aan akka dhiyaannaa afaan barsiisuutti akka eegalu kan taasisan keessa tokko ammayyaahaafi wayitaawaa (fissionability) ta'uun cinaatti, saayinsii mala barachuufi barsiisuu (pedagogy) birattis fudhatama guddaa qabaachuu isaatiini jedha. Haaluma yaada kana deeggaruun, Kumaravadivelu (2006) malleen afaan barsiisuu keessaa filatamee nama hundaaf ta'a jedhamee dhiyaatu irratti hirkachuun gaarii akka hintaane akeekkachiisa. Sababiin isaas, malli afaan barsiisuu tokko qobaa ofii rakkoowwan afaan barsiisuu keessatti mudataniif fala isa dhumaa kan qabu hinjiru. Kanaafuu, hayyuun kun dhiyaannaa mala boodaa (post methodic) jedhamu akka falaatti akeeka. Kunis, jecha biraatiin ta'e malee, dhiyaannaa cunqaa'aadha.

Akka muuxannoon afaan barsiisuu biyyoota gara garaa agarsiisutti yeroo ammaa kana malli afaan barsiisuu barsiisonni itti boonan yoo jiraate cunqaa'aadha. Akkuma Weidemann (2001, f. 2) ibsu "today many good teachers use it proudly as a tag to describe their teaching wearing it

almost like a badge of honor." Kanaafuu, barsiisonnillee itti gammadanidha. Kunis, karaa danda'ame maraan fedhii barattoota isaanii guutuuf carraa waan isaaniif kennuufi.

Dhiyaannaan cunqaa'aa barattootaafis, barsiisotaafis filatamaa kanneen taasisan keessaa tokko wanti barattoonni barataniifi dalagaaleen shaakala daree keessaa kan barattoonniifi barsiisonni naannoo ofii keessatti qabatamaan beekan waliin waliitti hidhachuu isaati. Kumar (2013, f. 2) yaada kana "the purpose of advocating eclectic methods is to connect life experiences to the ideas presented in learning of the language. The types of learning activities teachers select are often directly related to their experiences in the real world" jechuun jabeessa.

Haata'u malee, dhiyaannaan cunqaa'aa barsiisotaafi barattoota biratti hawwataa ta'uudhaaf, barsiisonni hubannoo gadi fagoo qabaachuu qabu. Barsiisonni malleen, daayessawwan, teeknikootaafi dhimmoota afaan barsiisuu mara irratti hubannoo gahaa qabaachuu qabu.Haala kana keessatti akka barbaachisaa isaatti filannoo hedduu jiran keessaa filatanii, dandeettiiwwaniifi beekumsa xiinqooqaa waliin qindeessanii barattootaaf dhiyeessuu danda'u. Tarii, barsiisonni dhiyaannaa cunqaa'aatiin barsiisuudhaaf maalummaa cunqaa'aafi malleen afaan barsiisuu gara garaa hinbeekne, akka kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahutti barsiisuudhaaf nirakkatu. Yaada kana Weidemann (2001, f. 8) akka armaan gadiitti dhiyeessiti:

> If one can employ a number of methods deliberately to achieve language teaching and learning goals, such an approach may yield a professionally stimulating experience. But if, on the other hand, one uses an eclectic argument merely for the sake of avoiding commitment and playing it safe, never coming to an understanding of the roots of the techniques that one adopts, the only consequence it may have is to dilute the effect of the new.

Waan kana ta'eef, dhiyaannaa cunqaa'aatiin afaan barsiisuun barsiisota afaan irraa hubannaa guddaa barbaada. Hubannaa qofaa osoo hinta'iin, yoomessoota afaan barsiisuu gara garaa keessatti akkamiin hojiirra akka oolu beekuun irraa eegama. Milkaahinaan, hojiirra oolchuun barsiisota dhiyaannaa kanaan leenjii gahaa qaban barbaada. Kanaafuu, qorannoon kun kaayyoo isaa keessaa hubannoo barsiisotaafi haalatti isaan hojiirra oolchaa jiran ilaaluuf karoorfate.

2.4 Amaloota Dhiyaannaa Cunqaa'aa

Akkuma duraan ibsuuf yaalame, dhiyaannaan cunqaa'aa rincicaa (rigid) miti.Kanaafuu, amaloonni dhiyaannaa cunqaa'aa kanneen qorannoo kana keessatti eeraman qofaa tahuu dhiisuu danda'u. Akka amaloota bu'uuraatti kanneen ilaalamuu danda'an keessaa muraasa Ali (1981, f. 7) piriinsipilii ittiin dhiyaannaan cunqaa'aa beekamudha jedhee kan tarreesse jira. Isaanis:

- Barsiisonni kaayyoo barannoo milkeeffachuuf, carraa teeknikoota barsiisuu adda addaa fayyadamuuf carraa qabu.
- Barsiisonni haala dhiyeessa barnootaafi malleen barattoota isaaniif mijatu filatanii fayyadamuuf carraan jiru banaadha.
- Barattoonni teeknikoota barsiisuufi meeshaalee deeggarsa barnootaa gara garaa yeroo mara waan arganiif, barnoota isaaniitti si'aayoofi gammadoo tahuudhaan irra caalaa waan baratan akka hubatan gargaara.
- Haalatti kitaaba barattootaa keessatti dhiyaate irraa kan ka'e wanti barsiisuuf yookaan barachuf cimu yoo jiraate fala kennuuf mijataadha.
- Gochaalee, dhiyeessaafi barnoota afaanii irratti tattaafii taasifamuuf dadhabbii hir'isa; yeroo qusata.
- Dhiyaannaa cunqaa'aan dhuunfaatti beekumsaafi muuxannoo jiruun haala qabatamaa daree ofii ilaaluun waan qophaa'uuf, amala adda-addumaa (subjectivity) qaba.

Amaloota malleen cunqaa'aa armaan olitti dhiyaatan irraa akkuma hubatamu,akka cuunfaatti amaloota sadii adda baasuun nidanda'ama.Isaanis, 1^{ffaa}cunqaa'aan gahee afaan dhalootaa, afaan alaa yookaan afaan lammaffaa barachuu keessatti, akkasumas, afaan alaafi afaan lammaffaanis afaan tokkoffaa barachuu keessattiakka waldeeggaranidha. Barsiisonni carraa kanaan barattoota daree keessa jiraniif akkuma afaan tokkoffaafi lammaffaa isaaniitiin isaan hubatan deeggarsa addaa gareefi dhuunfaatiin taasisuu danda'u. 2^{ffaa} tarsiimoo afaan tokkoon barsiisuu (interlingual strategies)fi bakka barbaachisaa isatti afaan biraa (afaan lammaffaa, yookaan afaan alaa) waliin bira qabanii (cross-lingual strategies) hubannoo uumu gargaaramuuf carraa kenna. 3^{ffaa},haalli hojiirra oolmaa isaa akkuma barsiisota isaa (subjective) ta'uudha.

Walumaagalatti, yaadonni afaan barachuufi barsiisuu ilaalchisee akka addunyaatti dhiyaatan, akkuma jiranitti osoo hinta'iin, madaqfamanii dhiyaachuu qabu. Kumaravadivelu (2006, f. 1998)

yaada kana yeroo cimsu, "global principles [are] for general guidance but their implications need to be worked out for local everyday practice". Kanaafuu, dhiyaannaan cunqaa'aa yaadiddamoota, malleen, piriinsipiloota, tarsiimoofi haalli dhiyaanna barannoo dandeettiiwwan afaanii ilaalchisee hubannoo yaada waliigalaa barsiisotaaf baay'ee barbaachisaadha. Haata'u malee, hojiirra oolmaan isaa immoo yoomessaafi haala addaa mana barumsaafi barattootaa addatti kan ilaale ta'uu qaba. Kanaafi Kumar (2013, f. 2) "the purpose of advocating eclectic method is to connect life experience to the ideas presented in learning of the language. The types of learning activity teachers select are often directly related to their experiences in the real world".

Gao (2013, f. 3) dhiyaannaa cunqaa'aa akka dhiyeessa malleen boodaa (post method) yoo ibsu, xiyyeeffannoo sadii eera. 1) Kitaabni akka barattoota waliigalaatti kan qophaa'u tahus, haalli dhiyeessa daree keessaa naannoo sanatti hubannoo afaan, looga, aad-hawaasaa, dhimmoota siyaasaa kan sirriitti xiyyeeffate ta'uu qaba. 2) Barsiisonni yaadiddamoota jiran akkataa isaaniif mijateen kaayyoo barannoo isaanii milkeessuuf hojiirra kan oolchaan ta'uu qabu. 3) Dammaqiinsa hawaasummaafi siyaasaaf iddoo kennee, eenyummaa barattootaa ijaaruufi jijjiirama hawaasaaf akkaataa gumaachuu danda'u irratti xiyyeeffatamuu qaba. Waan kana ta'eef, amala cunqaa'aa keessaa bu'uurri tokko, dhimmoota sirna barnootaa akka addunyaafi biyyaatti hundagaleessa ta'an akka ta'utti mijeessuuf carraaquudha.Yaaduma kan yoo cimsu Larsen-Freeman (2000, f. v):

> […..]How a method is implemented in the classroom is going to be affected not only by who the teacher is, but also by who the students are, their and the teachers' expectations, of appropriate social roles, the institutional constraints and demand, and factors connected to the wider socio-cultural context in which instruction takes place jedha.

Gama biraatiin, akka amala cunqaa'aatti kan ilaalamu tokko, adeemsa barachuu keessatti dogoggorri barattoonni uuman akka adeemsa barachuutti ilaalama malee, akka balleessaatti hinbalaaleffatamu; hinadabsiisu. Dogoggorris adeemsa keessatti akka sirreeffamuuf agarsiifama malee battalumatti hinhimamu.Yeroo sirreessuun barbaachisetti immoo amma danda'ametti barattootumti akka deebii sirrii, yookaan deebii fooyya'aa akka dhiyeessan carraa kennuudha. Li

(2012, f. 170) “the responsibility of error correction can be assumed by the students rather than the teacher so that they will learn from mistakes” yaada jedhuun mirkaneessa.

Barattoonnis dogoggora hiriyyoonni isaanii uuman beekanii sirreessuu danda’u. Akka isaan hirmaatanii sirreessan afeeruun immoo gadi fageenyaan yaaduu akka cimsatan, daree baratan keessatti akka hubannoofi gumaacha ofiitti gammadan gargaara. Kanaafuu, barattoonni wanti hiriyyoonni isaanii deebisan sirrii ta’uufi dhiisuu irrattis yaada akka kennan gaafatamuu danda’u. Deebii isaaniifis sababa akka dhiyeessan gaafatamuu qabu. Karaa biraatiin, barsiisonni gahee haala mijeessuu ofii akka bahatan taasisa. Adeemsa kanaan, barsiisota irraa osoo hinta’iin, hiriyyoota ofii irraa waan haaraa yoo hubatan irra caalaa kaka’umsa gaariifi gammachuutiin baratu. Malli cunqaa’aas gahee akkasii taphachuutiin beekama.

2.5. Ilaalcha Afaanii Dhiyaannaa Cunqa’aa keessatti

Mala cunqa’aa keessatti afaan akka waa hundaatti ilaalama.Akka Larsen Freeman (1992)tti, qaama afaanii,kanneen akka sagaleessuu,seerlugaafi hiikni jechoota adda addaa yoo bahan hiika hinqabanu.Kanaafuu,hiikni kan ibsamu yoo afaan akka waa hundaatti fayyadeedha.Kanaaf, jecha afaan barsiisuun karaa walfakkaataa hordofa. Kumar (2013) yaada kana deeggaruun, tokkummaa sagaleessuu, seerlugaafi hiika jechootaa qofa qofaatti barsiisuu dhiisuun ilaalcha afaan waa hunda isa jedhuufi afaan aadaa isaattii adda ba’uu hindanda’u.

Haala dhiyeenya mala cunqaa’aa jalatti qabxiileen gadifageenyaan ibsamu afaan itti fayyadamaafi unkaan ilaalama. Kana jechuun afaan unkaafi quunnamtii waliin tibbaa tokkicha ta’uutu yaadama. Mellow (2002, f. 6) akka jedhutti walitti makuun beekamtiin nikennamaaf. Sababni isaa, afaan quunnamtiifi uunka haammata waan ta’eefi sababa ijaaramni saffisaan wayita itti fayyadamni afaani uumamu, uumamuu waan dandaa’aniif. Qabxiin utubaa giddu galeessa itti fayyadamaafi uunka walitti hidhuudha. Akka Nunan (2001, f.193) jedhutti, barsiisonni afaan barsiisuudhaaf karaa uunkaafi quunnamtiin walarguun walitti dhufeenya isaanii uumuu qabu. Kumaravadivelu (2006, f.117) akka jedhutti, ilaalchi quunnamtiin bu’a qabeessi bakka qabaachuudhaaf namni seerlugaanis unkaanis sirrii ta’uu qaba.

Yaaduma kana yoo cimsu, “in order to operate successfully within a speech community, a person has to be not just grammatically correct but communicatively appropriate also, that is, a person has to learn what to say, how to say it, when to say it and to whom to say it, “ jedha. Akka yaada

kanaatti, hawaasa afaanicha haasa'u keessatti fiixaan ba'iinsaan hojjechuuf namni seerlugaan qajeelaa ta'uu baatuyyuu quunnamtiitti qajeelaa ta'uu qaba. Kunis, namni kan inni barachuu qabu maaltu jedhama, akkamitti jedhamaafi eenyuun jedhama isa jedhu akka ta'edha.

Itti dabalees, barsiisonni wayita afaan barsiisanu kan jajjabeeffamu, barattoonni akka isaan afaan mul'istuu gara garaatiin hubachuu danda'an gargaaramuu akka qaban akkasumas, afaan akka sirnaatti, afaan akka quunnamtiittiifi afaan akka dubbii hawaasaatti hubachuu qabu. Kumaravadivelu (2006, f.2002) akka jedhutti, daree keessatti yeroo shaakalaa waliin marii barsiisonni barattootaaf itti fayyadama sirna afaanii, afaan akka haasawaafi akka ilaalchaatti hubachiisuuf haala mijeessuu qabu.

Kun kan inni walitti qabsiisu gara lachuunuu afaan barnootaanis akka qorannoo afaaniittis afaan sirnaawaa ta'uu isaatiin ilaalamuun sirrii ta'uu irra darbee muuxannoon hawaasaa bakka hiikni quunnamtii galma ga'iinsa afaanii ta'edha. Duraan seerluga barsiisuun afaan unkaafi quunnamtii akka ta'e sammuutti qabachiisuufi irra caalaa barbaachisummaa isaa dhugaafi bekumsa waliin garaa garummaa jaraa walitti makuun barnoota tokko keessatti jajuun caasaa baratamu yookiin barsiifamu bal'isuudhaafi. Kanaafuu, afaan unka qofaas muuxannoo hawaasaa qofaas osoo hintaane lammanuu haammata. Afaan wantoota lamaan unkaafi quunnamtiiti.

Akka Hymes (1972, f.279) jedhutti, wayita seerri seerlugaa hojii dhabuu dandaa'anutti seerri itti fayyadama afaanii ni jiraata. Kana jechuun, seerlugi barbaachisaa miti jechuu miti; namni tokko qabiyyee dubbiifi haala quunnamtii qabatee haasaan sun fiixaan ba'iinsaan dubbatamuufi dhiisuu isaa hubachuu danda'a. Akkuma kanas,kan seerluga sirriitti qindaa'een, quunnamtii hiikaa sirrii ta'eefi dogoggora kan hinqabne fedhus nijira. Itti dabalees, Ridge (2000) akka jedhutti, beekumsa afaanii qabaachuuniifi itti fayyadamni afaanii tokko miti; garuu yeroo barsiifamanu waltumsu. Kanaafuu, barattoonni wayita barsiifamanu beekumsa afaanii qofa barsiifamuu hinqabanu (fakkeenya, seera seerluga). Garuu, afaan akkamitti fulcha (context)gara garaa keessatti fayyada kan jedhu barsiifamuu qabu.

Nunan (2001:192) akka jedhutti, akka barsiisaatti barattoota kan gargaarruuf quunnamtii bu'a qabeessaa kan walgitiinsaan unkaafi itti fayyadama afaanii qajeelinaan fiixaan ba'e arguudha. Gochaalee walitti dhufeenya unkaafi dubbii gidduu jiru bakka inni mudatutti laachuudha. Quunnamtii dhugaa irra caalaa daree keessatti ta'u keessatti, yeroo hunda haalli dubbiifi

seerlugni waan walitti hidhataniif seerlugi qajeelaan wabii haala dubbiifi sababa quunnamtiif uumamuu danda'a. Barattootaaf filannoon seerlugaa haala dubbii keessatti akka ibsanuuf hinkennamne, akkamitti ifa, maaliif filmaatni unkaa hiika quunnamtii gara garaa ibsuudhaaf akka jiraate ilaaluudhaaf itti cimuu danda'a.

Walumaagalatti, mala cunqaa'aa keessatti afaan waa maraan ilaalama. Seerlugni sagaleessuuniifi dubbiin addaan bahuu hindandeenyeefi bakka unkiifi quunnamtiin afaan ibsuudhaaf walitti makamanudha. Kanaaf, afaan sirna darbees muuxannoo hawaasaati.

2.6. Mala Cunqaa'aa Keessatti Dhiyaannaa Barnootaa

Afaan barsiisuudhaaf haala dhiyaannaa qajeelaa kaa'uun rakkisaadha.Tokkoon tokkoon barsiisaa dhiyeessa akkaataa filannoo gochaaleefi meeshaalee barnootaa irratti hundaa'ee dhufa. Filannoon kunis ga'umsa barattootaafi fedhii barsiisotaa irratti hundaa'a. Malli cunqaa'aan yaada ukkaamsa akkamittan barsiisa jedhu balleessee, dhiyeessa mataa isaa/isheetiin qophooftee akka dhuftu affeera.

Akka Kumar(2013) jedhutti, yaadiddama kana barnoota ibsuuf hima tokko yookiin lamaan kaa'uun ni ulfaata. Sababni isaa, tokkoon tokkoon barsiisaa foormaatii dhuunfaa isaa/ishee fi gochaalee qabu.Wayita boqonnaan tokko yaada ajaja laachuu hinqabne, qajeelcha akkamitti bal'inaan dubbatamaa irratti yoo laate, dhiyaannaan barnootaa yeroo inni fayyadamu mala cunqaa'aa fakkaata ta'a.

Gao (2011) akka jedhutti, barnoonni sadarkaa galtee qabaachuu qaba; bakka barsiisaan galtee laatuufi sadarkaa shaakallii bakka barnoonni barataa giddu galeessa godhateefi barattoonni shaakala taasisuuf itti jajjabeeffamanudha. Itti dabalees, sadarkaan inni dhumaa, sadarkaa 'production' kan barataa giddugaleeffate shaakala hojjechuu barattootaa kan ilaallatu yookiin shaakala barnooticha irratti bu'uureffate akka ta'e ibsa. Yaadni Gaon jechuu fedhe, erga barnoonni cunqaa'aan shaakala daree keessaafi shaakala barreeffamaa keessatti kan barattootaa giddugaleeffate, itti dabalee barsiisonni gochaa barattootaaf galtee muraasa kennuu qaba.

Sadarkaa galtee keessatti, haalli dhiyeenyaa barsiisota giddu galeeffata. Bakki kun bakka barsiisonni mata duree itti ibsuufi barattoonni xiyyeeffannoo barnootichaa kan itti gargaarudha. Kun sababa qaba. Sababni isaa, yeroo malichi barattoota giddu galeeffata jedhamu, barsiisonni

homaa hinhojjetan jechuu miti. Itti dabalas, barsiisonni gochaa barnoota ibsu, karaa mata dureen ittiin ibsamu ajaja kenna. Kun karaa baay'eedhaan raawwachuu danda'a. Barsiisonni gaaffiifi deebii fayyadamuu danda'u yookiin osoo barattoota shaakala quunnamtiitti hinhirmaachisin salphaa dhumatti ibsuu ni danda'a yookiin nidandeessi. Barsiisonni gaaffiifi deebii fayyadamuu yookaan mata duree irratti bu'uureffachuu dhiisuufi seenduubee barattoonni mata duree kana irratti qabanu irratti bu'uureffachuu dhiisuu filannoo taasifatu. Maalumaafuu, tarii kanniin barattoota qajeelfama baramaa filatu, kanniin immoo gaaffiifi deebii filatu; erga barattoonni fedhii adda addaa qabanu daree tokko keessa jiraatanii barsiisonni lachanuu fayyadamanii akka gaariitti hojjechuu ni danda'u.

Sadarkaan shaakallii yookiin gabbisuu kan barattootaa giddugaleeffate ta'a. Kana jechuun, barsiisonni barattoonni akka shaakalan taasisuudhaaf gochaalee quunnamtii waliin dhufu. Hirmaannaan barattootaas kan jajjabeeffamu ta'ee, shaakala daree keessaa kan akka hojii garee, cimdii, shoora taphachuufi hojii dareetti hirmaachuu danda'u. Akka Li(2012)tti, barattoonni shoora taphachuutti, gochaalee rakkoo furuu, falmiifi marii gareetti hirmaachuun shaakalu. Sadarkaa kanatti gaheen barsiisotaa barattoonni ciminaan hirmaatanii akka shaakalanuuf haala mijeessuufi qajeelchuudhaan gargaaru. Sadarkaan inni dhumaas kan barataa giddu galeeffatedha. Bakki kun bakka barattoonni keessattuu shaakala dhuunfaa hojjetanii hammam barnooticha akka hubatan barsiisonni itti sakatta'anidha. Sadarkaan kun sadarkaa baay'ee barbaachisaafi dabalatas, sadarkaa itti madaalamanudha. Haaluma walfakkaatuun gaheen barsiisaa gochaa barnooticha irratti xiyyeeffatu laachuu yoo ta'u, barattoonni ammo nihojjetu.

Otoo sadarkaaleen bu'uura ta'an sadii dhiyeessa barnootaa mala cunqaa'aa jiranuu, qajeeltoowwan barsiisuu kan biroo argamuu danda'u. Fakkeenyaaf, Mellow (2002:f.1) dhiyaannaa mala cunqaa'aatiif kan inni jedhu daree keessatti sirriitti ittiin hojjechuudhaaf, gochaalee barnootaa keessaa kan ta'uu qabanu: 1ffaa,qindoomina walitti aansuun tursuudhaan itti fayyadama yookiin unka walfakkaataa irratti xiyyeeffachuu, 2ffaa tartiibessuu barnootaatti barattoonni gochaalee odeeffannoo xiyyeeffannaa barbaadanu keessatti hirmaachuu danda'u.

Itti dabaluudhaan, Li(2012,f.169) yoo ibsu, daree keessa gochaalee wal makaa keessattuu ajajni seera qabeessaafi shaakalli quunnamtii nijiraatu. Qabiyyeeniifi unki akaakuuwwan kana lamaanii faayidaa qabeessa ta'uu qaba. Kanaaf, dhiyeessa barnootaa keessa sadarkaan yoo jiraate iyyuu,

filannoon gochaalee hedduu dhuunfaadhaan barsiisicha irratti akka xiyyeeffatu ifaadha.Wali (2009,f.36) gama isaatiin, mala cunqaa'aa hojiirra oolchuuf karaan sirrii ta'e, barsiisaan akkaataa barachuu barattootaa irratti hundaa'ee shaakala hedduu yookiin gara garaa qopheessuu isa gaafata. Barsiisonni mala daree keessatti kaayyoo murteeffameef hojjechuu kan danda'uufi akaakuu barattoota sanaatiif hiika qabeessa kan ta'e qopheessuu akka qaban dubbata.

Sadarkaa shaakalaafi dandeettii horachuu keessatti barnoonni kan barataa giddu galeeffate ta'uu ilaalchisee barsiisonni itti dabalaan kan sammuutti qabachuu qaban, dhiyeessi cunqaa'aan barataa giddu galeessa godhachuun amala isaati. Barataa giddu galeeffachuu jechuun: fedhii, umurii, safuu, aadaa, hawwiifi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun mata dureen qophaa'uu, jechuudha.

Sababni kun ta'uuf akka Kumar (2013, f.3) yaada isaa ibsetti, barsiisonni fedhii barattootaatiif xiyyeeffannoo hinkennan taanaan shaakalli barsiisuu martinuu hojii dhabeessa ta'a. Kanaaf, fedhiifi hawwii barattootaa yaada keessa galchuun fiixaan ba'iinsa mala cunqaa'aa daree sanaaf barbaachisaadha. Erga barattoonni gara garaa fedhii gara garaa tarsiimoo barachuu keessatti qabaatanii, barsiisonni gochaalee qofa qofaatti qophaa'an giddu galeessummaadhaan barattoonni karaa hojii garee, cimdiifi hojii dareetiin raawwatamuu akka danda'an hubannoo qabaachuu qabu.

Itti dabaluundhaan, Li (2012,f.170)akka jedhutti, barattoonni gara garaa akkaataa barachuu adda addaafi fedhii adda addaa qabu. Kaan ajaja baramaa fedhu, kaan ammoo gochaalee quunnamtii fedhu. Barsiisaan garaagarummaa kana kabajee xiyyeeffannoo itti hinkennu yoo ta'e barattoonni of dhoksuufi miira milkaa'uu dhabuutiin guutamu. Shaakalli gara garaa fedhii barattootaa hundaaf qophaa'uu qaba; akkuma kanas,garee dandeettii wal makaa qabaniif mijataa ta'uu qaba. Shaakalli yookiin gochi qeenxee ta'e barattoota onnachiisuu hindanda'u. Gochaalee gara gara ta'an qofaatu xiyyeeffanna barattootaa qabuu danda'a.

Walumaagalatti, karaa sirna barnootaatiin irra deddeebii ta'uu kan danda'u, sadarkaa sadiitu jira. Sadarkaa galteetti barnoonni kan barsiisaa giddu galeessa godhatan ta'uu, sadarkaa shaakalaatti kan barataa giddu galeessa godhateefi sadarkaa waa uumuutti kan barataa giddugaleeffate ta'a. Kana hojjechuu keessatti barsiisaan gochaalee daree keessaa hedduu laachuu, akkaataafi fedhii barattootaa hubachuun hojjechiisuu qaba.

2.7. Mala Cunqaa'aa Keessatti Gahee Barsiisotaa

Osoo gahee barsiisaa keessa hinseenin, barsiisaa/tuun mala cunqaa'aa hojiirra oolchuudhaaf amala addaa kan qabu/du ta'uu akka qabu beekuun barbaachisaadha. Akka yaada Wali (2009)tti, barsiisonni dorgomaa, kan yaadan, humna qabeessaafi jijjiiramaa ta'uu qabu jedha. Kun ammo, gochaalee gara garaa fiduun barnoota bal'aafi hawwataa taasisee tursa. Barsiisonni barnootaaf of qopheessuu qabu. Fiixaan ba'iinsa barnootaa keessatti qophiin barnootaa isa ijoodha. Kana jechuun, barsiisonni karoora barnootaa malootaafi tarsiimoo barsiisuutiin qindeessun fudhatanii daree dhufu. Kun ammoo barsiisonni akka isaan toora qabeessa, amanamoofi sirnaawaa ta'anuuf isaan gargaara.

Akkuma asiin dura tuquun yaalame, barsiisonni gorsaa, haala mijeessaa barachuuti. Barsiisonni meeshaalee sochoosuufi daree hoogganuudha. Li (2012) akka jedhutti, barsiisonni adeemsa baruu keessatti qindeessaafi geggessaadha. Yeroo barumsaa barsiisonni haala mijeessaa barumsaati. Inni mataan isaa akka leecalloo ta'uun leecalloo barnootaas niqindeessu. Itti dabalees, barsiisonni hojii irra oolmaa barnootichaa shaakala barreeffamaa laachuun sakatta'u. Dhuma irratti qabiyyeefi kaayyoo barnootichaa irratti hundaa'uun duubdeebi laatu.

Ittidabaluun, akka Wali (2009) jedhutti, barsiisonni barnoonni hanqina tokko malee sirriitti akka darbuuf qophii gaarii gochuu qabu. Dabalatas, gahee barnoota qajeelchuu taphachuufi barattoota waliin qooda fudhataa ta'anii adeemsa baruu barsiisuu keessatti taphachuu qabu. Mata dureeniifi shaakalli daree keessaa aadaafi hawaasummaa barattootaa waliin walsimachuu isaa hubachuu qabu. Kana jechuun barsiisaan qorataafi beekumsa waa'ee hawaasaa qabaachuu isaati. Rodgers (2001, f.25) akka jedhutti, malli cunqaa'aan akka mala dhuunfaa ta'eefi barsiisonni qabxiilee armaan gadii hubachuu akka qaban lafa kaa'a.

A. Barattoota hunda barnoota keessatti hirmaachisuu.
B. Xiyyeeffaannoo barnootaa barsiisaaaf osoo hintaanee barattootaaf taasisuu.
C. Carraa ol'aanaa hirmaannaa barattootaaf dhiyeessuu.
D. Itti gaafatamummaa barataa dagaagsuu.
E. Dogoggora barataatiif obsaa ta'uu.
F. Ofitti amanamummaa barataa dagaagsuu.
G. Tarsiimoo barachuu barsiisuu.

H. Shakala barataafi barataa hedduumminaan fayyadamuu.

I. Walitti dhufeenya barattootaa guddisuu.

J. Dogoggoraaf sirna walfaana shaakalchiisuu.

K. Hawwiifi fedha barattootaa bakkaan ga'uu.

Haata'u malee, beektonni gara garaa ga'ee barsiisotaa adda addatti ibsu, hundi isaanii barsiisonni gochaalee barattoonnii raawwatan hundaaf haala mijeessaa, gorsaa ta'ee barattoota adeemsa barachuu keessatti gargaaraa ta'uu isaa irratti waliigalu.

2.8. Gahee Barattootaa Dhiyaannaa Cunqaa'aa Keessatti

Mala cunqaa'aa jalatti, gaheen barattootaa yeroo barnootaatti hirmaannaa ho'aa taasisuudha. Barattoonni dhuunfaan hojjechuu, cimdiin hojjechuu, gareen hojjechuufi daree guutuun waliin hojjetu. Adeemsa beekumsa uumuu keessaatti barattoonni dadhabaa fudhatu osoo hintaane hirmaannaa cimaa taasisuun gahee isaanii ba'u. Barattoonni giddu galaafi xiyyeeffanna barnootaa kan barsiisaan/tuun fedhii jaraa guutuuf dhimmudha. Li (2012, f.170) gahee barattootaa akka armaan gadiitti walitti qabuun kaa'a: barattoonni giddugala dareeti, gahee dachaa qabu, akka dhuunfaatti hirmaattota saffisoo, waliigaltootaafi madaalaa adeemsaa barachuuti. Fedhiifi hawwiin isaaanii barnootichaaf dhiibbaa taasisa. Akka gareetti madda galteefi gartuu deeggaraa adeemsa barnootichaati.

Daree keessatti barattoonni gamtaadhaan hojjetu. Bu'aan jaraa galtee warra kaaniiti. Rakkoo hiikuu keessatti guutummaatti barsiisaa irratti hirkachuu irraa walii isaanii gargaaruu. Ofitti amanamummaa jajjabeessuuf rakkoo furuu keessatti marii garee fayyadamuun nidanda'ama. Kana jechuun, barattoonni daree keessatti kaka'umsa argatu.

Gabaabumatti, barattoonni hirmaattota si'atoo daree kanneen qophii barnootaa keessatti dhiibbaa taasisanuudha. Galmii barnootaa dandeettiifi fedhii barattootaa giddu galeessa godhata. Yeroo barnootaa dandeettii walfakkaataa hiratu. Sababni isaa, barsiisonni barattoota tajaajilu malee malleen tajaajiluu miti. Kanaafuu, irra deddeebiidhaan murtoon barsiisotaan taasifamu sammuu barattootaa keessatti uumamuu dandaa'a. Kana jechuun, barattoonni dadhabaa tajaajilamu jechuu miti. Faallaa kanaan barattoonni gochaa keessatti hirmaannaa saffisaa taasisuudha. Kanaaf, malli cunqaa'aan fedhii barsiisotaa qofaa osoo hintaane barattootaas nidabalata.

2.9. Gahee Meeshaalee Barnootaa

Meeshaaleen barnootaa barattootaaf mijataaafi onnachiisaa ta'uun barabaachisaadha. Kana jechuun, barsiisaan akkaataa qabxii barnootichaatti of eeggannoodhaan meeeshaalee barnootaa filachuu qaba. Weidman (2001) akka jedhutti, barsiisonni afaanii milkaa'oo ta'an yeroo isaanii meeshaalee barnootaa barattootaaf fudhatamaa ta'uu danda'u filachuu irratti yeroo dheeraa dabarsu. Kun immoo barnoota isaanii lubbuu itti horaaf. Mala cunqaa'aa keessatti barsiisonni meeshaalee itti fayyadaman to'achuu danda'an kamiinu nifayyadamu. Meeshaalee kanneen akka raadiyoo, koompitara, gaazexaa, barruulee, fakkii, maappii, fiilmii, kitaaba barnootaa fayyadamuu danda'u. Meeshaaleen argaafi afaanii lachuu nifayyadu. Iedem (2003) akka ibsetti, televizgiinii, fiilmiifi koompitarri quunnamtii keessatti meeshaalee faaayida qabeessadha. Akka Jewitt (2005) jedhutti, jaarraa 21ffaa keessa gaaddidduu sagaleefi sochii karaa barbaachisaafi haaraa ta'ee mana barumsaa seeneera.

Akka Duncan (2001, f.252) jedhutti, daree keessatti hiikni kan uumamu walitti dhufeenya sirba, sagalee haasaa, dhiibbaa sagalee afaaniifi fakkiini. Kan jechuun, barsiisonni meeshaalee barnootaa ilaalchisee haasaa qofaatti murtaa'uu hinqabanu. Kanarraa akkaataa galma barnootaatiif filatamaa ta'een burqaa garagaraa babal'isanii argachuu qabu. Barsiisonni leenji'oon meeshaalee kamiinuu jijjiiruufi haaromsanii akka kaayyoo barnootichaatti harkatti itti fayyadamuu danda'uu qabu. Akka Bock (2014, f.45) hubachiisutti, hiikoon yoomiyyuu uumamuu deebi'ees ni uumama. Akka isheen jettuutti, quunnamtiiniifi hiika uumuun adeemsa waa uumuu kan hirmaattonni irra deddeebiin mul'isanuufi irra deddeebiin quunnamtii hiika qabu bakka haalli murtaa'eetti itti fayyadamuudha.

Kanaaf, barsiisonni mala cunqaa'aa kanneen waa uumuu danda'aniif waa mul'isuuf waan qabatamaafi meeshaa haaraa mata duree irratti hundaa'uun fayyadamuu qabu. Kana jechuun, kitaabileen barnoota biroo fakkiiwwan kan adeemsa wayii agarsiisan jiraachuu danda'u. Barsiisaan fakkii kana fayyadamuun seerluga barsiisuu nidanda'a.

2.10. Cimina Dhiyaannaa Cunqaa'aa

Malli cunqaa'aan bu'aa hedduu akka qabu hayyoonni irratti waliigalu. Kan barsiisota afaanii filannoo bal'aafi dandeettii afaanii gabbisuuf saaqedha. Brown (2002) akka jedhutti, bu'aan mala cunqaa'aa barsiisaadhaaf bilisummaa wanta barsiisanuuf waan fedhan filachuu laata. Akka Kumar (2013)tti, bu'aawwan armaan gadii tarraa'aniiru.

A. Haala aadaa barruu afaanii hubachuudhaaf salphaadha.
B. Dandeettiiwwan afaanii hunda waliin maka.
C. Barsiisaan cimina malleen gara garaa kaasee dadhabina isaanii hanbisee sirriitti akka barsiisa gargaara.
D. Sababa haalli haqummaa daree keessa jiruuf barachuun salphaadha.

Akka yaada kanaatti, malli cunqaa'aan mala waa hunda iddoo tokkotti barsiisudha. Malli kun yaaxxina baruuf barsiisuutiif kan ofeeggatu osoo hintaane, baruufi barsiisuu muuxannoo jireenya mul'ataa barattootaa waliin walitti makuun barsiisaan yeroo bilisummaa guddaan gammadaa, itti fayyadama maaltu haala baratamu keessatti hojjeta jechuun; itti dabalas, afaan walitti qabaatti ibsa.Akkuma olitti ibsame dandeettiiwwan afaanii walkeessa makuun ibsa.

Bu'aan kanneen biroo hedduun nijiru. Fakkeenyaaf, kan barataa giddu galeeffatedha. Haala miireffataa, wayitawaa, onnachiisaa, hirmaachisaa, shaakalaafi gocha daree hedduu qaba. Barattoonni waan isaanirraa eegamu beeku. Dabalatas, erga fedhii barattootaa akkaataa amala isaaniitti deebisee kaayyoo walsimataafi bu'aa saffisaa uuma (Kumar, 2013).

2.11. Dadhabina Dhiyaannaa Cunqaa'aa

Malli cunqaa'aan akka mala filatamaatti ilaalameera. Akkuma kanas, dadhabina baay'eedhaan hidhata qaba. Ciminaan ilaalamuu kan qabu malli kunis akkuma malleen biroo ciminaafi dadhabina irratti hundaa'a. Salphaadhumatti kun kan agarsiisu barsiisuun walxaxaa akka ta'eedha. Brown (1994, f.74) akka jedhutti, "theoretical eclectism is likely to fall in to arbitrariness," jedha.

Weidmann (2001) gama isaatiin dadhabina armaan gadii tarreessera.

a. Barsiisonni muuxannoo ogummaa isaanii akka irraanfatan taasisa. Kana jechuun, akka isaan barsiisuu isaanii irratti calaqqee hinlaanne human buusa.

b. Mala kana amaleeffachuun akka barsiisaatti balaa mandhee malleeniitiin itti dhufu keessatti kufa.
c. Malleen adda addaa walitti makuun summii barsiisuu bakka tokkotti walitti qabuu ta'a.
d. Barsiisonni wayitii mala kana beeksifamanu jarjarsuudhaan mala aadaatiin walitti makuuf jecha sababa teekniikoonni hundi altokkicha taa'aniif ni irraanfatu.
e. Yoo teekniikni haaraan qofti fayyade, kan biroo waliin immoo yeroo walitti makamu bu'aan isaa gadi bu'aa ta'a.

Dadhabinni mala cunqaa'aa beekamoonis ni jiru. Haata'u malee, malichi cimina irra caalmaan qaba. Dadhabinni armaan olitti eeraman kan mul'atanu barsiisonni sirriitti yoo hin leenjinedha.Weidmann (2001,f.6) yeroo ibsu,waliigalteen, mala cunqaa'aa mormu kan mul'atu hammeenyummaa inni piriinsiipilii dhabuu isaa irraa wanti biraa hinjiru. Kunis, sababni isaa malli cunqaa'aan barsiisonni kunneen barataa isaanii, qabiyyee barnootaa, mala baruufi barsiisuun, walumaa galatti maal akka ta'eefi maaliif teekniikniifi malli filatamee akka walmake hubachuu jara barbaachisa.

Walumaagalatti, boqonnaan kun kan inni irratti bu'uureffate, maalummaa mala cunqaa'aa, amala isaa, dhiyeenya barnootaa, gahee barataafi barsiisaa, meeshaalee, akkuma kanas, ciminaafi dadhabina isaa irratti.

2.12. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkaatanii

Qorannoon jalqaba irratti sakattaa‘ame qorannoo Tigisti Kormee (2016) yoo ta'u, qorannoon kun karaa alkallattin malee karaa kallattiin kan walfakkaatu miti. Sababni isaas, qorannoon ishee sakatta'a hojii irra oolmaa mala baruuf barsiisuu barataa giddu galeessa godhate irratti barsiisota Magaalaa Gindhiir Barsiisota kutaa 9ffaa afur irratti. Akka qorannoo kanaatti malli barataa giddu galeessa godhate kun mala ammayyaafi hirmaachisaa ta'uu kan ibsame yemmuu ta'u, argannoon argame barsiisonni mana barumsaa eeramee mala kana sababa gara garaa irraa kan ka'e hojiirra oolchaa akka hin jirredha. Mala baruu barsiisuu irratti xiyyeeffachuun isaa hamma tokko walfakkeessa.

Hangan sakatta'etti qorannoon Afaan Oromootiin mata duree kana irratti taasifame hinjiru. Mata duree kanaan kan walitti dhufanu Afaan Ingiliziitiin kan taasifaman Chinta Praveen (2013) Mataduree “the eclectic method theory and its application to the teaching of speaking

English”kan jedhudha. Akka qorannoo kanaatti malli cunqaa’aan mala waliin makaa malleen adda addaa waan ta’eef dandeettiiwwan afaanii hunda barsiisuuf akka fayyadu hima.

David Sani (2017),Universiity Zambiyaa,mata duree “A Critical Reflection on Eclecticism in the Teaching of English Grammar at Selected Zambian Secondary Schools” gosa qorannoo makaa fayyadamuun kan geggeeffame yemmuu ta’u, xiyyeeffannoon isaa mala cunqaa’aan seerluga barsiisuu yemmuu ta’u, qorannoon kun immoo xiinxala malleen cunqaa’aatiin fayyadamuun Afaan Oromoo barsiisuu kan jedhu waan ta’eef galteenis bakkaanis adda.
Walumaagalatti, Afaan Oromootiin mata duree kana irratti qorannoon taasifame hangan sakattaa’etti hinargamne.

2.13. Yaadxina Qorannichaa

2.13.1 Bifa-heddummaa (Multimodality)

Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa afaan barsiisuu akka dhimma dalagaa daree barnootaa keessaatti waan ilaaluuf, bifa-heddummaan akaakuuwwan afaan barsiisuufi meeshaalee barnootaafi meeshaalee deeggarsa barnootaa barsiisonni dhimma itti ba’an xiinxaluuf yaadxina kanan gargaarame.Bu’uura kanaan, bifa heddummaan akka galtee afaan barsiisuutti ilaalama.

Akka Mambwe (2004, f. 45) jedhutti, “the term multimodality or MDA has been used to describe approaches that seek to explain communication and representation as being more than language which addresses a wide range of communication forces that people engage in during interaction, for example, gaze, posture, sound, and their relatedness.” Haaluma kanaan, barnoota afaanii keessatti, dhiyaannaan cunqaa’aa barumsa kennamu qabatamaafi hiika qabeessa taasisuudhaaf kanneen gargaaran mara fayyadamuu waan ta’eef, ragaalee kana ilaallatan xiinxaluuf yaadxinni kun mijataa ta’a. Gama barattoota afaan barataniitiin yoo ilaalamu, Siegel (2006) akka ibsutti, barattoonni yeroo hedduu jireenya isaanii keessatti bifa-heddee (multimodal) akka ta’an yeroo agarsiisu, jireenya isaanii hedduu keessatti odeessaa, sochii qaamaa itti dabalaa, barreessaa, fakkii kaasaa, boca gargaaramaa, akka diraamaatti gochaaleetiin agarsiisaa akka hiika ta’e irra gahan mirkaneessa. Kanumaan walqabatee, barnooti afaanii dubbachuufi barreessuutiin kitaaba barattootaa gargaaramanii kan raawwatudha. Bifa-heddummaan immoo kanneen irratti wantoota hiika ta’e kennuu danda’an (semiosis) mara ida’ee kan dhiyeessudha.

Yaaduma kana yeroo cimsu, Kress (1999, f. 68) “to realize that written language is being displaced from its hitherto unchallenged central position” jechuun dubbachuu (ibsuu)fi barreessuu qofan afaan barsiisuu bakka bu’uuraa qabateeru irra gara moggaatti dhufuu isaa agarsiisa. Kana jechuun diraamaa, teeknooloojii gara-garaa, halluu, muuziqaa, akkaataa walquunnamtiiwwan mit-jechaa (nonverbal communication) adda addaa kaayyoo barannoo irratti Strivers and Sidnell’s (2005, f. 2) “a multimodal interaction in which participants encounter a steady stream of meaningful facial expressions, gestures, body postures, head movements, words, grammatical constructions” hubannoo keessa akka galuu qabu gorsu. Kanas barsiisonnis yeroo dhiyeessaniifi ibsan, barattoonnis dhuunfaa, gareefi cimdiitiin yeroo hirmaatan kanneenuma hojiirra oolchu.

Kanaafuu, bifaheddummaan daree barnoota afaanii keessatti bu’uura kan qabuufi barattootaafis carraa gaarii kan uumuudha. Qorannoo kana keessattis kan hojiirra oolu haala barachuu barattootaa bu’uura godhateen barsiisaan waan barbaachisaa yeroo barbaachisutti akka hojiirra oolchu xiinxaluu waan dandeessuufi. Kun taa’uuf immoo wantoonni guutamuu qaban nijiru.Yeroo barannoof qophaa’an barsiisonni akkamitti seemiyoosisii adda addaa daree keessatti akka gargaarama karoora ofii keessatti ifaa taasisuu qabu. Kanaafuu, yaadxinni bifa-heddummaa malleen afaan baruu barsiisuu durii kaasee hanga har’aatti jiran keessatti gahee barsiisotaa-barattootaafi meeshaalee barnoota akkasumas, meeshaleen deeggarsa barnoota akkamiin haala barbaadame keessatti akka hojiirra oolu kan ittiin ilaalamudha. Dhiyaannaa cunqaa’aa waliin kan walitti hidhamuu danda’us kanaafi.

Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti gosa qorannoo akkamtaatu dhimma itti bahame. Saxaxni qorannoo kanaas ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive) dha. Sababni isaa, qorannoo kana galmaan ga'uuf meeshaaleen ragaan ittiin funaanaman af-gaaffii banaafi daawwannaa dareedha.Gosti qorannoo kanaa dhimma tokko gadi fageenyaan xiinxaluuf waan gargaaruuf mala kanattin gargaarame.Odeeffannoon af-gaaffiifi daawwannaan argaman qaaccessi isaanii jechaan ibsamani.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun kan inni ilaallatu inni guddaan malleen afaan barsiisuu cunqaa'aan hammam daree keeessatti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf hojiirra oolaa akka jiran xiinxaluudha.Irraawwatamtoonni qorannoo kanaas,barsiisota Afaan Oromoo Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Biloo Nophaa Mana barumsaa Nophaa sadarkaa 2ffaafi Biloo Qaaroo sad.2ffaati.Sababni barsiisonni filatamaniif,Afaan Oromoo barsiisaa kan jiraniifi malleen gara garaa daree keessatti hojiirra kan oolchan yookiin dhimma kan itti ba'an isaan waan ta'eefi.

3.3. Madda Ragaa

Kaayyoon qorannoo kanaa barsiisonni Afaan Oromoo Mana barumsaa Nophaa sad.2^{ffaa} fi Biloo Qaaroo sad.2^{ffaa} dandeettiiwwan afaanii malleen afaan barsiisuu cunqaa'aatti fayyadamanii hammam barsiisu kan jedhu xiinxaluu waan ta'eef, maddi ragaa qorannoo kanaa adda durummadhaan barsiisota Afaan Oromoo Aanaa Biloo Nophaa Mana barumsaa Nophaa sad.2^{ffaa}fi Biloo Qaaroo barsiisanudha.Kanaaf,qorannoo kanaaf barsiisonni Afaan Oromoo akka madda ragaa tokkoffaatti tajaajilani.

3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoon geggeeffamu tokko kaayyoo isaa irraa ka'ee eenyufaa osoo filatamanii odeeffannoo barbaadamu argachuun dandaa'ama? Gaaffii jedhuu hubannoo keessa galchuun iddattoon filatama.Odeeffannoo barbaachisu qixaan argachuuf namoota kallattiin mata dureen qorannichaa ilaallatu filachuun barbaachisaadha. Waa'ee iddattoo adda baasanii filachuu Sarantakos (2005, f,

164) yoo ibsu, “The researcher purposely choose subjects who, in their opinion, are relevant to the project, in such case the important criteria of choice is the knowlege and expertise of the respondants, and hence their suitability for the study,” jechuun addeseera.

Yaada armaan olii kana irraa ka’uun odeeffannoo qorannoo kanaaf ta’u funaannachuuf barsiisota Afaan Oromoo bakka qorannoon kun itti geggeeffamu barsiisanu akaakuu iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyoo fayyadame. Sababni iddatteessu miti carraa kana filadheef, qorannoo kana keessatti barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa qorannoon kun irratti geggeeffame afur qofa waan ta’aniif, baay’inni isaaniis muraasa waan ta’eef, akka jiranitti hunda isaaniin hirmaachise. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf gosa qorannoo qulqulleeffataan fayyadame. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoon daawwannaafi af-gaaffiin walitti qabaman mala miti lakkoofsaan yookiin jechaan hiikuun waan barbaachisuufidha. Kunis kan ta’eef, ragaalee gadi fageenyaan xiinxaluuf barbaadameeti. Walumaagalatti, barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa lamman qorannoon irratti geggeeffame af-gaaffiiitiin hirmaataniiru; irra caalaa immoo ragaan daawwannaadhaan walitti qabame.

3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Qorannoon kun ‘Xiinxala malleen cunqaa’aatiin fayyadamuun Afaan Oromoo barsiisuu manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} Nophaafi Biloo Qaaroo irratti kan bu’uureffatedha. Qorannoo kana geggeessuuf, mata duree kana waliin kan walsimatu, malleen odeeffannoon ittiin funaanaman filamaniru. Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman kunis rakkoo dhiyaateef odeeffannoo qabatamaafi dhugaa ta’e argachuuf waan fayyadanuuf,gaheen isaan qaban guddaadha. Kanaafuu, qorannoon kun daree barnoota Afaan Oromoo keessatti dandeettiiwwan afaanii yemmuu barsiifaman malleen cunqaa’aan hammam hojiirra akka oolaa jiru xiinxaluu waan ta’eef, af-gaaffii banaafi daawwannaa dareetti dhimma baate.

3.5.1. Daawwannaa Daree

Qorannoo kanaaf, adda durummaan meeshaan odeeffannoon ittiin funaaname daawwannaa dareeti. Kunis kan ta’eef, kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf odeeffannoo namoota odeeffannoon irraa funaaname wajjin ta’uun yookiin daree keessatti argamuun wanta raawwatamaniifi dubbataman dhiyeenyatti ilaalaafi dhagahaa mala ittiin odeeffannoon guuramedha.

Haala kanaan, wayitii barnoota Afaan Oromoo daree keessatti argamuun: akkaataa itti fayyadama malleen afaan barsiisuu cunqaa'aa ilaaluu,barsiisonni Afaan Oromoo dandeettiiwwan afaanii yemmuu barsiisan hammam mala kanatti akka fayyadaman, tartiiba barannoo akkamii hojiirra akka oolchaniifi gaheen barsiisaafi barataa haala kamiin qindaahee hojiirra akka oolaa jiru adda baasuuf odeeffannoo gahaafi qabatamaa ta'e meeshaa ittiin funaanamedha.Kanas,guca mirkaneeffannaa daawwannaa (https://www.professorjackrichards.com)'observation for class room practis' jedhu irraaqopheeffachuun daawwannaa daree barsiisota afur tokkoon tokkoon isaanii marsaa ja'a ja'aaf, waliigala marsaa digdamii-afuriif adeemsiifameera.

3.5.2. Af- gaaffii

Af-gaaffiin, odeeffannoo ifaafi gadi fageenyaa argachuuf kan nu dandeessisu, meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamudha.Yeroo af-gaaffiin gaafatamu qoratichi/ttuun deebii argatu/ttu irratti dabalataan, sochii qaamaa nama af-gaafficha deebisuufi jijjiirama miiraa isaarraa waa hubachuun waan dandaa'amuuf, qorannoof odeeffannoo ta'u funaanuuf nama gargaara (Yaalew 1998).

Akkasumas, waantota hubatamuuf rakkisoo ta'aniifi ifa hintaane irra deebi'ee gaafachuun qulqulleeffachuu kan na dandeessisu waan ta'eef. Kanaaf, kaayyoo qorannoo afuraffaa mala cunqaa'aa hojii irra oolchuuf wantoota gufuu ta'aniifi furmaata isaa isa jedhuuf odeeffannoo argachuuf tooftaa kanattin fayyadame.

> *In-depth interviews are useful for learning about the perspectives of individuals, as opposed to, for example, group norms of a community, for which focus groups are more appropriate. They are an effective qualitative method for getting people to talk about their personal feelings, opinions, and experiences. They are also an opportunity for us to gain insight into how people inter-pret and order the world. We can accomplish this by being attentive to the causal explanations participants provide for what they have experienced and believe and by actively probing them about the connections and relationships they see between particular events, phenomena, and beliefs (Punch, 1998).*

Kanaaf, daawwannaan odeeffannoo argadhe gabbisuuf dabalataan, barsiisota Afaan Oromoo afuriif af-gaaffii dhiyaatera. Gaaffileen banaa ta'an shan tokkoon tokkoon barsiisota kanaaf kan dhiyaate yemmuu ta'u, barsiisaa/tuu tokko daqiiqaa 7-9 itti fudhate. Afgaaffii kanatti dhimma bahuudhaan kaayyoon galma gahuuf karoorfaman:manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Nophaafi Biloo Qaaroo keessatti barsiisonni Afaan Oromoo dandeettiwwan afaanii yemmuu barsiisan hammam malleen cunqaa'aatti fayyadamanii akka barsiisan addaan baasuu, malleen cunqaa'aa hojiirra oolchuu keessatti rakkoowwan isaan mudataniif furmaata eeruu kan jedhan ta'u. Bu'uura kanaan odeeffannoon walitti qabaman jechaan qaacceffamanii jiru.

3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti gaaffilee qorannoo dhiyaataniif deebii argachuuf tartiiba armaan gadiitu raawwatame. Kaayyoon ijoon qorannoo kanaa barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Nophaafi Biloo Qaaroo dandeettiiwwan afaanii yemmuu barsiisan hammam malleen cunqaa'aatti akka fayyadaman xiinxaludha.Kanaafuu, manneen barnoota lamman keessatti barsiisonni Afaan Oromoo barsiisanu afuran wayitii ja'a ja'aaf daawwatamaniiru.

Dabalataanis,af-gaaffiin dhiyaateera. Qorannoo kana keessatti, odeeffannoon odeef-kennitoota irraa meeshaalee adda addaatiin funaanaman xiinxalamaniiru.Odeeffannoon mala akkamtaan xiinxalamani. Ragaaleen daawwannaadhaan funaanaman kan barsiisota afurii mata duree walfakkaataniin ibsaan xiinxalamani. Akkasumas, af-gaaffiidhaan ragaaleen walitti guuraman immoo mata duree kan biraatiin iddoo tokkotti yaada walfakkaatu walitti fiduun xiinxalli qorannoo kanaa adeemsifamee jira.

3.7. Naamusa Qorannoo

Qorannoon namootaan walqabatanii geggeeffaman kamiyyuu dhimma namusa qorannootiif xiyyeeffannoo kennuun qorannoo taasifamuuf waan guutamuu qabu guutuun hojii qorannoo geggeessuun barbaachisaa akka ta'e ragaaleen tokko tokko ni'eeru. Kanaaf, qorattuun yeroo qorannoo kana hojjechuuf meeshaalee adda addaatti fayyadamtee ragaa walitti qabatte naamusa qorannoo tokkoof ta'u guuttattee ragaa walitti qabatte.

Wantoota naamusa qorannoon walqabatan keessaa mirgaafi garaagarummaa namoota gidduu jiruuf kabaja laachuu, itti gaafatamummaa hawaasni nama irraa barbaadu bahuu, walquunnamtii gaarii taasisuu, iccitii eeguu, fedhii irratti hundaa'uun ragaa funaanuufi kkf dha. Kanaaf, qorattuun kunis naamusa qorattuu tokko irraa eegamu guuttachuun hojii kana raawwatteetti. Cresswell, (1998) beektota adda addaa wabeeffachuun akka ibsetti qorannoo akkamtaa keessatti dhimma naamusa qorannoo xiyyeeffannoo akka argachuu qabu ibsa.

> *Most authors who discuss qualitative research design address the importance of ethical considerations (Locke.et.al., 1982; Marshall & rossman, 1989; Merriam, 1988; Spradiey, 1980). First and foremost, the researcher has an obligation to respect the rights, needs, values, and desi res of the informant (s) (Cress Well 1998 pp 213).*

Akka yaada kana irraa hubachuun dandaa'amutti qorannoo tokko keessatti qorattoonni mala qorannoo qulqulleeffataatti fayyadamuun hojii qorannoo isaanii geggeessan dhimma naamusa qorannoof xiyyeeffannoo guddaa kennanii hojii isaanii keessatti hammachiisuu qabu. Kanaaf, qorataan/ttuun mirga fedhii dhuunfaafi hawwii odeef-kennitootaa isaa/ishee kabajuu akka qabu/du ibsa. Bu'uuruma kanaan qorattuun qorannoo kanaas dhimma kana hubannoo keessa galchuun hojii ishee raawwatteetti.

Boqonnaa Afur: Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

4.1. Mala Cunqaa'aatti Fayyadamanii Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu

4.1.1. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dhaggeeffachuu Barsiisuu

Daawwannaa irra deddeebiin taasifame keessaatti dandeettiin dhaggeeffachuu akka qabiyyeetti karooraan deeggaramee barsiifame baay'inaan hinmul'atu. Barsiisonni manneen barnootaa lamman keessatti afaan kana barsiisanu hanga daawwannaan taasifame kana keessatti dandeettiin dhageeffachuu dhiyaate: kitaaba dubbisuun dhageeffachiisuu; barattoonni ammoo isa dhaggeeffatan gaaffii barsiisaan gaafatu deebisu.

Barsiisaan mala cunqaa'aa fayyadamu akkaataa barattootaatiifi akka isaa mijatetti meeshaalee barnootaa filatee daree dhufa. Sababiin isaa qophiin kitaaba barataa mijataa ta'u dhiisuu nimala, fedhiin barattootaa akkaataa qophii isaatiin walsimuu dhiisuu nimala. Kanaafuu, meeshaa qabiyyee kanaaf ta'u filatanii qophaa'uun amala barsiisaa mala cunqaa'aati.

Meeshaalee kanneen akka raadiyoo, koompitara, gaazexaa, barruulee, fakkii, maappii, fiilmii, kitaaba barnootaa fayyadamuu danda'a. Meeshaaleen argaafi afaanii lachuu nifayyadu. Iedem (2003) akka ibsetti, televizgiinii, fiilmiifi koompitarri quunnamtii keessatti meeshaalee faaayida qabeessadha. Akka Jewitt (2005) jedhutti jaarraa 21ffaa keessa gaaddidduu sagaleefi sochii karaa barbaachisaafi haaraa ta'ee mana barumsaa seeneera.

Haata'u malee, af-gaaffiin barsiisota kanaaf taasifame akka mul'isetti mala cunqaa'aa fayyadamuu irratti hubannoo akka hinqabne ibsu. Fakkeenyaaf, barsiisaan B1 akkana jechuun yaada isaanii kennani, "Mala cuunqaa'aa kana irratti hagas mara hubannoo hinqabu. Kana qofa osoo hintaane keessattuu dandeettii dhaggeeffachuu fudhannee yoo ilaalle, kitaaba barattootaa kutaa 9ffaafi 10ffaa irratti akka qabiyyeetti bakka lama qofa jira. Kan biraa wayitiin barnoota Afaan Oromootiif laatamee jiru torbeetti lama. Kan biraa qopheessanii fidanii barataa shaakalsiisuuf immoo wayitiin ramadameefi bal'inni qabiyyee walin simu waan ta'eef kitaabaan ala meeshaalee adda addaa qopheessinee ittiin barsiisuuf qabiyyee kitaabaa fixuun dirqama waan ta'eef nurakkisa," jechuun ibsaniiru. Yaada kanarraa kan hubatamu barsiisonni kun hubannoo dhabuu mala kanaafi baay'ina wayitii akka sababaatti dhiyeessuun mala kana akka hojiirra oolchaa hinjirredha.

4.1.2. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dubbachuu Barsiisuu

Kitaabni barataa Afaan Oromoo dandeettii dubbachuu barsiisuuf shakaloonni qophaa'an kan akka waliin dubbii, of ibsu nijiru. Jiraatanus malleen dubbachuu barsiisuuf fayyadan daree keessatti barsiisonni mul'isan tokkollee hinjirani. Akka Johonson (1996) jedhutti, dubbiin makaadha (combinatorial skill) kan altokkotti waa hedduu itti raawwataniidha, jedha. Dandeettiifi beekumsa barachuun kan wal fakkatu miti. Yaada kana ilaalchisee daawwanna taasifamee irraa tartiibumaa guyyaa guyyaa daawwatamaniitiin yoo ilaalamanu barsiisonni gochaalee walfakkaatu raawwatu. Kan isaan bu'uureffatanu karoora guyyaa baafatan qofa xumuruudha. Guyyaa mata-dureen waliin dubbiif ta'u kitaaba barataa irratti argamu tooftaa tokkotti fayyadamu. Innis garee ijaaruudhaan barattoonni waliin akka haasa'an taasisuun yaada waliigala kennanii wayitii xumuru. Kana keessatti immoo hirmaannaan walfakkaataan hinmul'atu. Malli kun barsiisota daawwataman kana hunda biratti mul'ata.

Barattoonni gochaalee laatame akkaataa kitaabni jedhuun raawwwatu. Akka Johonson (1996) jedhutti barattoonni afaanitti fayyadamuun ni ibsuu, waliin maryatanii afaaniin dhiyessuu,mata-duree kennameef irratti falmii taasisu jedha. Wantoonni kun ergaa raawwatanii booda daree guutuuf darabeen waliif deebii kennu. Malli cunqaa'aan akkasitti hojiirra oola garuu barsiisonni dhimma itti fayyadama mala kanaa xiinxaluuf daawwataman martisaanii dandeettii dubbachuu barsiisuuf hubannoo mala kanaan barsiisuu waan qabanu miti. Kunis kan mul'atu barsiisonni akkaataa kitaaba barataatti yookaan ofii qopheessanii mala cunqeessuudhaan fayyadamanu hinjiranu.

Malli barsiisuu dandeettii kanaa mala ibsaa qofaadhaan geggeeffama. Fakkeenyaaf, mata-duree falmii irratti kan barsiisonni barsiisanu maalummaa falmiifi akkaataa falmiin itti geggeeffamudha. Akka hayyoonnii ibsanitti falmiin barattootaaf karaa isaan ittiin dandeettii dubbachuu gabbifatanu waan ta'eef barattoonni gareedhaan, cimdiidhaan ta'uun waliin falmu.As irraa wanti hubatamu itti fayyadamni mala cunqaa'aa akka hinjirreedha.

4.1.3. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu

Dandeettiin dubbisuu tooftaalee hedduu kan qabu yoo ta'u, barattoonni dandeettii kana akka horatanuuf malleen adda addaa fayyadamuun murteessaadha. Haalli dubbisaa kitaaba barataa mijataa ta'us malli barsiisuu garuu mala cunqaa'aafi barataa giddugaleeffate miti. Dubbisa mala cunqaa'aadhaan barsiisuudhaaf qajeelfama tooftaa hedduutu jiru. Vocca (2006) akka jedhutti bakka sadiitti qoodamu. Isaanis: dhiyaannaa jalaa-gara olii, dhiyaannaan kun barsiisonni daree keessatti garee xixiqqaa fayyadamanii gochaalee dubbisuu kan isaan itti raawwataniidha. Dhiyaannaan kun barattoonni kan isaan dubbisuu baratanu dubbisuudhaani, jedha. Yaada kana ilaalchisee barsiisota daawwataman kanneen keessaa tooftaa kana kan fayyadaman hinjiran.

Daawwannaa taasifame kana irraa wanti hubatame barsiisoonni mata-duree dubbisaa barreessuun "Si'a tokko ariitiin dubbisaa, isaan booda gaaffilee dubbisa keessaa bahan hojjennaa," jedhu. Barattoonnis kaan isaanii nidubbisu, kaan ammoo callisanii taa'u. Daqiiqaa murasa booda barsiisaan/tuun gaaffilee dubbisa keessaa bahaniif deebii laanna jechuun barattoota beeksisa/ti. Warreen duraan dubbisan hanga dandaa'an deebisuu yaalu, garrii caalaan callisanii dhaggeeffatu.

Dhiyaannaa kana hordofuuf yaalii gochuun hajiraatuyyuu malee, mala dhiyaannaan kun hordofu of keessatti hinhammachiifne. Vocca (2006) akka jedhutti, dhiyaannaan kun mala cunqaa'aa ta'ee dhiyaannaa godaa-gara olii (bottom-up approach) hordofa. Sababni isaa barattoonni dandeettii waatoora qabsiisuu, barreeffama hingulaalamnee xiinxaluu, tarsiimoofi carraa waa barreessuu barsiisa.

Dhiyaannaan inni biraan dhiyaannaa muuxannoo afaanii (language experience) ti. Dhiyaannaan kun maloota hedduu walitti maka. Kan inni bu'uura godhatu afaan quunnamtiif fayyaduu qaba yaada jedhudha.

Akka tooftaa kanaatti gaheen barsiisaa kitaaba barnootaatiin alaa leeccalloo qopheeffatee dhufuu qaba. Akka Vocca (2006)tti fakkeenyaaf dubbisni oduu durii fakkeenya dhiyaanna kana isaa guddadha.

Haata'u male, barsiisonni daawwataman kunneen kitaaba barataatiin alatti homaa hinfayyadaman. Oduun durii kitaaba barataa irra jiraatus mala cunqaa'aadhaan fayyadamanii barsiisuun waan hinjirreef oduu durii ka'aati himaa jechuun wayitii isaanii xumuru.

Akka yaada Voccatti, gaheen barattootaa afaan dhuunfaa isaanii fayyadamanii barnoota baratu, jedha. Haata'u malee, barattoonni kan isaan shaakalaa jiranu dubbachuudha malee dubbisuu miti. Dhiyaannaan kun akka hayyuun kun jedhutti walitti fufiinsa kan qabuufi barattoonni gochaalee dhuunfaafii gareen sheekkoo dubbisuu, fedhii leeccalloo hedduu fayyadamuu, gochaalee barreessuu uumuu, dubbisa hololoofi walaloo akka gabbifatan isaan taasisa. Barattoonii mana barumsaa daawwannaan kun itti taasifame kan isaan raawwatan kanaan kan wal fakkaatu miti. Oduun durii kan kitaaba irraa ilaaluun kan biroo ammoo akka hojii manaatti barbaadanii akka fidan taasifamu. Vocca (2006) akka jedhutti mala cunqaa'aadhaan barsiisuuf mala kana lammaan walitti makuun barsiisuun fayidaa qabeessa akka ta'e yemmuu dubbatu, ragaan daawwannaa irraa argame garuu barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa kanaa haala kana hordofanii dandeettii kana barsiisaa akka hinjirre hubatameera.

4.1.4. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Barreessuu Barsiisuu

Barsiisaan mala cunqaa'aa fayyadamu barataa isaa seen-duubee isaanii beekuu qaba (Kumaravandivelu,2003). Akka yaada kanaatti barsiisaan fedhii barattoota isaa beekee mala baruu barsiisuu mijataa ta'e filachuuf akka isa fayyaduudha. Barsiisonni qorannoon kun irratti geggeeffame mala kana fayyadamuu irratti hubannoo akka hinqabne daawwannaafi af-gaaffii taasifame irraa hubachuun dandaa'ameera. Barsiisonni harki caalaan isaanii dandeetti barreessuu kana hinbarsiisanu. Sababni isaa kitaaba barnootaa kutaa 9fi 10 keessa mata-dureen dandeettii kana barsiisuuf affeeru muraasa akka ta'e dubbatu. Akka hayyoonni jedhanitti, barsiisaan mala cunqaa'aa fayyadamu yeroo dheeraa leecalloo barnootaa qopheessuu irratti yeroo isaa fixa. Haata'u malee, barsiisonni kunneen mala kana ittiin barsiisuudhaaf hubannoo yookiin ammoo muuxannoo waan hinqabneef waan eerame kana hinraawwanne. (Af-gaaffii irraati).

Barsiisonni daawwataman isuma kitaaba irraa qofatti hundaa'u. Malli itti fayyadamanus irra caalaan akkaataa barreessuu barsiisuudha. Fakkeenyaaf, barsiisaan B1 mata-duree 'seenaa jireenyaa barreessuu'jedhu irratti daawwataman, maalummaa seenaa jireenyaa ibsuu irraa ka'anii

qabiyyee isaa erga ibsanii booda barattoonni seenaa jireenyaa isaanii barreessanii akka dhufan ajajanii, yaadannoo gabaabaa kennanii barnoota guyyichaa xumurani.

Barsiistuun B2'n mata-duree'asoosama gabaabaa barreessuu' jedhu irratti daawwatamanis, haaluma barsiisaa jalqabaan walfakkaatuun jalqaba maalummaa asoosamaa irratti barattoota maryachiisani,itti aansanii caacculee asoosamaa irratti ibsaafi yaadannoo kennuun barattoonni asoosama gabaabaa barreessanii dareef akka dhiyeessan ajajanii xumurani.

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo qophii isaa keessatti dandeettii barreessuu kana irratti qabiyyee ga'aa ta'e qabatee kan qophaa'e miti. Kana irraa kan ka'e barsiisonni dandeettii kana barsiisuudhaaf akka waan hinjirreetti ilaalu. Barsiisaan mala cunqaa'aatti fayyadamu ammoo meeshaalee barbaachisoo ta'aan ofii filatee daree seena, jedha (Weidman, 2001).

Meeshaaleen barnootaa barattootaaf mijataaafi onnachiisaa ta'uun barbaachisaadha. Kana jechuun, barsiisaan akkaataa qabxii barnootichaatti of eeggannoodhaan meeeshaalee barnootaa filachuu qaba. Weidman (2001) akka jedhutti, barsiisaan afaanii milkaa'oo ta'an yeroo isaanii meeshaalee barnootaa barattootaaf fudhatamaa ta'uu danda'u filachuu irratti yeroo dheeraa dabarsu. Kun immoo barnoota isaanii lubbuu itti horaaf. Mala cunqaa'aa keessatti barsiisaan meeshaalee itti fayyadamu to'achuu danda'u kamiinu nifayyadama.

Akkan daawwadhetti, barsiisonni kunleecalloo mataa isaanii qopheessuun haala mijataa uumuu, mala baruu barsiisuu barattoota hunda hirmaachisu fayyadamuun hinmul'atu;wanti mul'atu barataan waan barsiisaan dubbatuufi barreessu barreessuudha. Dhuma irratti, akka hojii manaatti mata-duree filatanii kennuuf. Kaan isaanii ammo ofii filatanii akka barreessanii dhufanu taasisu. Kun iyyuu kan raawwate guyyoota muraasa. Malli kun barsiisota daawwataman hunda biratti walfakaataadha.

4.2. Tartiiba Barannoo Mala Cunqaa'aa Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Hojiirra Oolan

4.2.1. Tartiiba Barannoo Dandeettii Dubbisuu

Mala cunqaa'aa keessatti tartiiba sadiitu hojiirra oola. Dhiyeessa galtee (input), yeroo shaakalaafi dandeettii horannaa (prodactive stage) (Gao 2011). Dhiheessa keessatti barsiisonni barnoota darbe yaadachisuufi mata-duree ibsuudhaan eegalu. As keessatti Steele akka jedhutti,

sammuu dadammaksuudha (brain storming). Yeroo kana yaadonni barataa keessatti ni'uumamu. Kun immoo barattoonni si'aayinaan akka baratanuufi hirmaannaa ho'aa akka taasisanu gargaara.

Gao (2011) akka jedhutti, barnoonni sadarkaa galtee qabaachuu qaba; bakka barsiisaan galtee laatuufi sadarkaa shaakallii bakka barnoonni barataa giddu galeessa godhateefi barattoonni shaakala taasisuuf itti jajjabeeffamanudha. Itti dabalees, sadarkaan inni dhumaa, sadarkaa'production' kan barataa giddu galeeffate shaakala hojjechuu barattootaa kan ilaallatu yookiin shaakala barnooticha irratti bu'uureffate akka ta'e ibsa.Yaadni Gaon jechuu fedhe,erga barnoonni cunqaa'aan shaakala daree keessaafi shaakala barreeffamaa keessatti kan barataa giddu galeeffate,itti dabalee barsiisaan gochaa barattootaaf galtee muraasa kennuu qaba.

Haata'u malee, barsiisonni kan isaan wayita daawwannaan kun taasifame raawwatan mata-duree dubbisaa himuun barattoonni gareedhaan dubbisan. Itti aansuun, jechoota haaraan yoo jiraate jechuun gaafatanii barattoonni yeroo gaafatanu ammo ofumaa deebii isaa laatan. Barsiisaan guyyaa biraa daawwatame ammo. Guyyaa duraanii manatti dubbisanii akka dhufanuuf ajajee waan tureef gilgaalota dubbisa kessaa ba'e hojjechuudhaan wayitii isaa fixee ba'e. Barsiisaankun guyyaa biraa ammoo gilgaala kennee osoo sororuu wayitii isaa raawwate. Kanaaf tartiibni mala cunqaa'aadhaan barsiisuuf fayyadu tokkollee kan hojii irra oolee hinjiru.

Sadarkaa shaakalaafii dandeettii horannaa keessatti barsisonni waan baratoonni shaakalan irratti yaaddeebii laachuun dandeetti jarrii horatan madaalu. Sadarkaa shaakalaafi dandeettii horachuu keessatti barnoonni kan barataa giddu galeeffate ta'uu ilaalchisee barsiisonni itti dabalaan kan sammuutti qabachuu qaban, dhiyeessi cunqaa'aan barataa giddu galeessa godhachuun amala isaati. Barataa giddu galeeffachuu jechuun: fedhii, umurii, safuu, aadaa, hawwiifi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun mata dureen qophaa'uu, jechuudha.Sababni kun ta'uuf akka Kumar (2013, f.3) yaada isaa ibsetti, barsiisonni fedhii barattootaatiif xiyyeeffannoo hinkennan taanaan shaakalli barsiisuu martinuu hojii dhabeessa ta'a.

Kanaaf, fedhiifi hawwii barattootaa yaada keessa galchuun fiixaan ba'iinsa mala cunqaa'aa daree sanaaf barbaachisaadha.Erga barattoonni gara garaa fedhii gara garaa tarsiimoo barachuu keessatti qabaatanii, barsiisonni gochaalee qofa qofaatti qophaa'an giddu galeessummaadhaan barattoonni karaa hojii garee, cimdiifi hojii dareetiin raawwatamuu akka danda'an hubannoo qabaachuu qabu.

Dimshaashumatti, barsiisonni akkaataa bartee itti ta'een kan hojiirra oolchanu, mata-duree ibsuu, barataa gareedhaan qooduu, mata duree ibsame akka dubbisan taasisuu, dhuma irratti gaaffiiwwan dubbisa kessaa bahan hojjetanii akka dhufaniif hojii manaa laachuudha. Tartiibni kun karoora guyyaa qophaawu irratti barraa'ee dhufa waan ta'eef barsiisonni hundinuu kanuma hordofuun barsiisu.

Akka af-gaaffii barsiisota kanaaf taasifamerraa hubatametti, barsiisonni gaafataman hundinuu waa'ee mala cunqaa'aa odeeffannoo homaa akka hinqabnee dubbataniiru. Keessaattuu barreessuu barsiisuun barnoota Afaan Oromoo keessaa waan bade fakkaata. Qophiin kitaaba Afaan Oromoo bu'uuruma irraa dandeettii barreessuu barsiisuudhaaf qabiyyee ga'aa akka inni hinqabne af-gaaffii taasifameefi wayita daawwannaa qabiyyee barsiisonni itti qophaa'anii dhufanu irraa hubachuun dandaa'ameera. Haata'u malee, barsiisonni leecalloo mataa isaanii qopheeffatanii dhufuun barattoota isaanii deggaruun mala ammayyawaa jaarraa kanaa akka ta'e hayyonni gara garaa dubbatu.

Li (2012) akka jedhutti, barsiisaan adeemsa baruu keessatti qindeessaafi geggessaadha. Yeroo barumsaa barsiisaan haala mijeessaa barumsaati. Inni mataan isaa akka leecalloo ta'uun leecalloo barnootaas niqindeessa. Adeemsi kun immoo barattoota daawwataman kana biratti hinmul'atu. Leecalloo dandeettii dubbisuuf ta'u qopheeffachuu mannaa, kitaabni iyyuu xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu dubbatu. Akka mala cunqaa'aatti immoo qabiyyeen rakkoo yoo qabaate iyyuu barsiisaan haala mijeessee fayyadamuu danda'uu qaba.

4.2.2. Tartiiba Barannoo Dandeettii Dubbachuu

Barsiisonni dandeettii dubbachuu yeroo barsiisanu tartiibuma dandeettii biroo barsiisanu hordofu. Tartiiba dhiyeessa barnootaa ilaalchisee Jun (2000) akkas jechuun ibsa, duraan dursanii onnachiisuun piriinsiipilii isa bu'uuraati jedha. Keessattuu dubbiidhaaf fiixaan ba'iinsa dareetiif hammam barattoonni akka kaka'aniifi onnatan jalqabuma irraa hubachuuf fayyada. Barsiisoonni dandeettii dubbachuu kana irratti si'a afur daawwataman kan isaan barsiisanu kitaaba irratti hundaa'uun mata-duree dubbiif qophaa'e kan akka durdurii himuu, hibboofi mammaaksa akka ofii isaaniitii itti qophaa'anii daree keessatti dubbatan taasisu.

Muraasni isaanii ammoo dandeettiin dubbachuu akkamiin akka horatamuu ofumaa barsiisu. Kaan isaanii ammoo sheekkoo gaggaabaaboo barattoota duratti dubbatu. Adeemsa mala

cunqaa'aatiin barsiisuu keessatti barsiisaan dandeettii qabu hunda fayyadamuun barattoonni barnootaa inni laatu gadi fageeenyaan hordofanii hirmaannaa cimaa akka taasisanuuf mala adda addaa fayyadama.

Akka Wali (2009) jedhutti, barsiisonni barnoonni hanqina tokko malee sirriitti akka darbuuf qophii gaarii gochuu qabu. Dabalatas, gahee barnoota qajeelchu taphachuufi barattoota waliin qooda fudhataa ta'ee adeemsa baruu barsiisuu keessatti taphachuu qabu. Mata dureeniifi shaakalli daree keessaa aadaafi hawaasummaa barattootaa waliin walsimachuu isaa hubachuu qabu.

4.2.3. Tartiiba Barannoo Dandeettii Dhaggeeffachuu

Barsiisaan of eeggannoodhaan tarsiimoo barsiisuu irratti hundaa'ee barsiisuu barattoota gara dammaqanii dhaggeeffachuutti fida. Osoo dhaggeeffachuu hinbarsiisin dura rakkoo dhageetti barattootaa sakatta'a (Chohen,1990). Kana irratti QufiJiang(1998) wantoota saddeettu sakattaa'amu qaba jedhu. Isaanis: onnachiistuu, beekumsa,kennaa dhalootaa (talent), ilaalcha, sansaka, umuriifi tarsiimoo barachuuti. Kanumaan walfaana sadarkaan barattootaa,hawwiifi fedhiin, akkataan dhaggeeffachuu, seenduubee,dandeettiifi tilmaama isaanii beekuudha.

Mark(2005) akka jedhutti, malli cunqaa'aan tooftaa quunnaamtii afaaniif dandeettii afaanii walitti maku dhalli namaa akkamitti barachuu akkan danda'uufi hojii sammuu akka ta'e qorannoon ibsa.

Mark (2005) tartiiba armaan gadii tarreesseera.

Dhaggeeffannaa tokkoffaa

- Yaada waliigala akka hubatanu, gaaffii eenyu, yoom, eessatti, maal, akkamitti jedhu of gaafatu. Akka isaan hiika waliigalaauumanuuf qajeelcha.

Dhaggeeffannaa lammaffaa

- Yaadannoo qabatu
- Gochaaleen garagaraa akkaataa sadarkaafi dandeettii isaaniitti gareedhaan kennamaaf. FKN: jechoota bu'uura ta'aniif hiika barbaaduu,yaadannoo gadi fageenyaan qabachuu, yaadolee ijoo walitti qabani xumuruu, barattoota waliin walitti agarsiisuun deebii deebisuu raawwatu. Akkkasittii dhaggeeffachuun gochaa walquunnamtii daree keessaa ta'a.

Keessa deddeebi'anii dhaggeeffachuu keeessatti hiikoo barbaachisaafi cimina isaanii mariyachuudhaan fooyyeffatu. Adeemsa hunda keessatti yaadannoo qabachuun amansiisaadha. Lynch (2004) akka jedhutti, barreessuufi dhaggeeffachuu walitti makuun cimaa miti. Afaan tokkoffaa keessatti toftaan yaadannoo qabachuu gabaabaadha garuu bu'a qabeessummaan isaa hedduudha.

- ✓ Afaaniifi qabiyyee irratti xiyyeeffata.
- ✓ Barattoonni dalagaa afaanii addaan baasuutu irraa eegama.
- ✓ Garee jechootaa baru
- ✓ Dabalataan meeshaaleen qabatamoo ta'an kanneen akka raadiyoo, teeppii, fakkii, chaartiifi kkf dhaggeeffannaadhaaf itti fayyadamuun nijajjabeeffama (Lynch,2004).

Akka yaadxina qorannoo kanaatti xiyyeeffannaan isaa afaan barsiisuu akka dhimma dalagaa daree barnootaa keessaatti ilaala.Afaan barsiisuufi meeshaalee barnootaafi meeshaalee deeggarsa barnootaa barsiisonni dhimma itti ba'an xiinxaluuf gargaara.

Kun kana ta'ee osoo jiruu, barsiisonni AfaanOromoo manneen barnootaa qorannoo kun irratti geggeeffame barsiisanu tartiiba kanaan dandeettii kana hinbarsiisanu. Dandeettiin kun kan akkuma olitti eerame xiyyeeffanno kanbarbaadu yoo ta'u malleen gara garaa fayyadamuu dhiisuun barattoota miidha. Sababni isaa, barsiisonnii kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} barsiisanu karoora waggaafii kan guyyaa wal-simuu isaa waliin mariyachuun qopheeffatu. Kun immoo mala ammayyawaa jaarraa kanaa miti. Keessattuu mala cunqaa'aa fayyadamuun fedhii barataa daree keessa jiruu beekuudhaan, meeshaalee deggersaa qopheessuun daree seenuu gaafata. Haata'u malee, keessattuu barnoonni Afaan Oromoo akka barsiisonni kun af-gaaffii godhameefiin ibsanitti, gochaalee adda addaa kana tartiibaan raawwachuudhaaf wayitiin barnoota kanaaf kenneme murasa waan ta'eef gaggabaabsinee qabiyyee kitaabaa xumuruuf barsiifna jedhu.

Dhaggeeffachuu kan barsiisanu gochaa yeroo dhaggeeffachuu qofaa gargaaramu. Kun maaliif akka ta'e yeroo gaafataman,"kitaabichi iyyuu dandeettii kana irratti waan xiyyeeffate hinfakkaatu, yoo argiteetta ta'e shaakalli dandeettii kanaaf qophaa'e muraasa qabiyyeen kaan immoo bal'ina qabu; kanaaf, warreen kaan irrattin xiyyeeffachuu barbaada,"jedhan. (Yaada B2.af-gaaffii irraa fudhatame). Barsiisonni kaanis yaada kana kan qaban yemmuu ta'u, tartiiba sadarkaa galtee, sadarkaa shaakalaafi sadarkaa hubannoo uumu fayyadamanii barsiisuu irratti hanqina kan qaban ta'uu daawwannaa taasifame irraa hubachuun kan dandaa'ameefi, kana

hojiirra oolchuuf immoo baay'inni barataa tokkoon tokkoon daree barnootaa keessa jiru rakkoo akka qabu lafa kaa'u.

Tartiibni gochaalee eeraman kunBrown, akka jedhutti mala cunqaa'aadhaan fayyadamuu keessatti barattoota hirmaachisuudhaaf bu'a qabeessa akka ta'e yaada hayyuu kana irraa hubachuun nidandaa'ama. Kanaafuu, barsiisonni qorannoo kanaaf daawwataman dandeettii mala kana fayyadamuudhabuu isaanii wantoota raawwatamuu qabanu mara raawwachuu dhiisuun isaan nimul'isa.

4.2.4. Tartiiba Barannoo Dandeettii Barreessuu Barsiisuu

Akkuma daawwannaa irraa hubachuun dandaa'ametti tartiibni barsiisonni dandeettii kana barsiisuuf fayyadamanu mata-duree ibsuu, barreessuu barsiisuudha. Kun kan raawwatu mata dureen barreessuu affeeru yoo argame qofaadha. Kan itti aanuu waan barsiisaan kennu yookiin waan kitaaba irra jiru akka ajaja isaatti barreessanii dhufuudha.

Akka Gao (2011) tti dhiyeessi barnoota sadarkaa sadii qaba.Barnoonni sadarkaa galtee qabaachuu qaba; bakka barsiisaan galtee laatuufi sadarkaa shaakallii bakka barnoonni barataa giddu galeessa godhateefi barattoonni shaakala taasisuuf itti jajjabeeffamanudha. Itti dabalees, sadarkaan inni dhumaa, sadarkaa 'production' kan barataa giddu galeeffate shaakala hojjechuu barattootaa kan ilaallatu yookiin shaakala barnooticha irratti bu'uureffate akka ta'e dha.

Ragaa daawwannaa barsiisota kanaarraa wanti hubatamu, barsiisonni daawwataman harki caalaan isaanii dandeettii barreessuu barsiisuuf tartiiba barannoo kanaa hojiirra hinoolchanu. Harki caalaan isaanii maalummaa barreessuu, faayida isaa, tartiiba isaafi kan kana fakkaatan bifa gaaffiifi deeebiitiin gaafachaa ibsa bal'aafi yaadannoo kennuun xumuru. Kun immoo tartiiba barannoo mala cunqaa'aa hojiirra oolchuu miti.

4.3. Malleen Cunqaa'aatti Fayyadamanii Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti Gahee Barattootaa, Barsiisotaafi Meeshaalee Barnootaa.

Akkuma gabateen cheekliistii dabalee A hammatee jiruun daawwatamee qacceffame mul'isutti malleen barsiisonni Afaan Oromoo dandeettiiwwan Afaan Oromoo barsiisuuf itti fayyadamanu harki caalu mala barsiisaadhaan hammatamuudha. Keessattuu dandeettiiwwan gurguddoo barsiisuu ilaalchisee malli barsiisonni fayyadamanu mala cunqaa'aadha jechuun hindandaa'amu.

4.3.1. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu

4.3.1.1. Gahee Barsiisotaa

Barsiisaan mala cunqaa'aa fayyadamu barsiisaa qacaleefi hubataa ta'uu akka qabu beektonni dubbatu. Akka Wali (2009) tti barsiisaan mala cunqaa'aa ofii isaatii kan of jijjiruu danda'u, hubataa barataa isaa, guuttataa leeccalloo kan ta'ee ta'uu qaba.

Bakka qorannoon kun ittigeggeeffame barsiisonni daawwataman gochaan isaan raawwatanuu yaada beektotaa kana kan ofkeessaa qabu miti. Fakkeenyaaf, daawwannaa gaafa (1/6/2011, 12/6/2011, 2/7/2011 fi 7/7/2011)barsiisaa B1fi B2 taasifame: B1'n mata duree 'dhukkuboota walquunnamtii saalaatiin daddarban' kan jedhu ibsuun eegale.Shaakala dubbisa duraa irratti akka cimdiin mariyatan erga taasisee booda, dubbisa dhiyaate callisaan akka dubbisan ajajee daqiiqaa muraasa booda gaaffilee hubannoo dubbisaa madaala barattoota waliin hojjechuun hojii manaa kennee barnoota guyyaa xumure. Kana keessatti barsiisaan kun barattoonni xiyyeeffannoofi fedhiin akka hordofan taasisuu irratti, barattoota garee keessatti walqixa hirmaachisuu irratti, leecalloo mataa ofii qopheeffatanii dareetti argamuu irratti, barattoonni gaaffii ofii isaaniitii deebisanii waliif akka sirreessan carraa kennuu irratti akkasumas, yeroo dubbisa dubbisanuufi shaakala hojjetan tokkoon tokkoon barataa bira gahanii hordofuu irratti hanqinna guddaatu mul'ata.

Akka Li (2012)tti, gaheen barsiisaa daree barnootaa keessatti, barsiisaan/tuun adeemsa baruu barsiisuu keessatti qindeessaafi haala mijeessaa akka ta'e, akka leecalloo ta'uun leecalloo barnootichaa kan qindeessuufi hojiirra oolmaa barnootichaa shaakala barreeffamaa laachuun sakatta'uun; dhuma irratti, qabiyyeefi kaayyoo barnootichaa irratti hundaa'uun duubdeebii laachuudha. Haalli kun immoo barsiisota daawwataman biratti hinraawwatamne. Daree barnootaa keessatti gahee guddaa kan taphatu barsiisaadha. Kana immoo qabiyyeen kitaaba sanaa bal'aa waan ta'eef wayitiin ramadame immoo muraasa waan ta'eef kitaabicha xumuruuf jecha gahee caalmaa ofii fudhatanii ibsatti akka gargaaraman af-gaaffii dhiyaate irraa hubachuun dandaa'ameera.

Barsiistuun B2 daawwataman immoo, jalqaba mata-duree ibsani. Itti aansuun, shaakala dubbisa duraa irratti gareen akka mariyatan erga taasisanii booda dubbisa dhiyaate ofii dubbisanii gaaffilee hubannoo dubbisaa madaalan hojii daree akka hojjetan taasisani.Barsiistuun B3fi B4

gaafa (22/7/2011, 10/8/2011, 5/8/2011 fi 26/8/2011) daawwatamanis haaluma walfakkaatuun mata duree akka qabiyyeetti dhiyaate ibsani. Dubbisa barsiisuudhaaf barattoota fedhii isaaniitiin dubbisicha dubbisanu gaafachuun akka dubbisan taasisan.Isa booda ammoo gilgaalota dubbisa keessaa bahan guyyaa tokko tokko gareedhaan gaaf kaan ammoo dhuunfaadhaan kennu.Dabalataanis, dubbisa kitaaba irratti kenname yeroo itti barattoonni manatti dubbisanii shaakala dubbisa boodaa hojjetanii dhufan ajajamanis nimul'ata.

Barsiisonni haaluma wal fakkaatuun sa'aatii isaan eeguun daree galu. Gochaan isaaniis waluma fakkaata. Kun immoo af-gaaffii barsiisotaaf godhame irraa akka hubachuun dandaa'ametti karoorri barnoota guyyaa akkaataa manni barumsaa qopheesseen baha waan ta'eef seera sana hordofuun qophoofna jechuun ibsan. Kun immoo barattoonni waan qophaa'ee dhufe akkuma barsiisaan ajajetti raawwachuu malee fedhiin isaanii bakki itti eegamu hinjiru. Akka beektonni Gilliland, James fi Bawman (1994) jedhanitti immoo, tokkoon tokkoon barannoo guyyaa haala addaa waan qabuuf mala dursamee murtaa'een afaan barsiisuuf yaaluun milkaa'ina yaadame hinfidan, jedhu.

Walumaagalatti, kitaabni Afaan Oromoo dubbisa haqabaatuyyuu malee barsiisaan malleen adda addaa fayyadamu wantoota barattoota bashannansiisaa barsiisuu danda'u qopheessee yoo dhufee/tte gochaalee adda addaa irratti hirmaachuuf barattoonni nikaka'u turan. Haata'u malee, barsiisonni hubannoo mala cunqaa'aa waan hinqabneef waanuma kitaaba irra jiru dubbisiisuun darbu.

4.3.1.2. Gahee Barattootaa

Barattoonni manneen barnootaa qorannoon kun itti geggeeffame baratanu akkuma gahee barsiisaa keessatti ibsame dandeetti dubbisuu wayita baratanu barsiisaan mata-duree dubbisaa kitaaba barataa irraa beeksisaa. Barattoonni dhaggeeffachuun darabee darabee barsiisaan laatuun dubbisicha dubbisu. Kaka'umsi isaan barnootichaaf qabanu irraa hinmul'atu. Itti aansanii akkatuma barsiisaan jedheen gilgaalota hojjetu. Gareen qoodamanis kaan dhimma dhuunfaa isaanii raawwatu, garee keessatti gaheefi hirmaannaa walfakkaataa hinqabanu. Itti gaafatamummaan hinirmaatanu. Kanneen hojjechuuf fedhanu ammoo osoo jaraan jeeqamanuu wayitiin raawwata. Haata'u malee, akka hayyoonni jedhanitti mala cunqaa'aadhaan barachuu

keessatti baratoonni ga'ee ol'aanaa qabu. Barattoonni giddugalaafi xiyyeeffanna barnootaa kan barsiisaan fedhii jaraa guutuuf dhimmudha.

Li (2012, f.170) gahee barataa akka armaan gadiitti walitti qabuun kaa'a: barattoonni giddugala dareeti, gahee dachaa qabu, akka dhuunfaatti hirmaattota saffisoo, waliigaltootaafi madaalaa adeemsaa barachuuti.Fedhiifi hawwiin isaaanii barnootichaaf dhiibbaa taasisa. Akka gareetti madda galteefi gartuu deeggaraa adeemsa barnootichaati. Kanaaf, barattoonni manneen barnootaa kanaa dandeettii dubbisuu keessatti gahee isaan irraa eegamu bahaa akka hinjirre daawwannaa taasifame irraa hubachuun dandaa'ameera.

4.3.2. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dhaggeeffachuu Barsiisuu

4.3.2.1. Gahee Barsiisotaa

Ragaan daawwannaa akka mul'isutti, dandeettii dhaggeeffachuun qabiyyee ofdanda'een karoorfamee barsiifame muraasa ta'us, hamma daawwatame keessatti gahee olaanaa kan fudhatan barsiisota. Kunis, jalqaba mata-duree barnoota guyyichaa ibsu, itti aansee shaakala dhaggeeffachuun duraa irratti dhuunfaan yookiin cimdiin akka maryatan barattoota ajaju.Sana booda gaaffii dhiyaate sana deebii isaa barattoota gaafachuun akka deebisan taasisu, yoo barattoonni wallaalan deebii ofii kennuun bira darbu.Gaaffilee yeroo dhaggeeffachuuf kenname kitaaba irraa akka ilaalaniif erga ajajanii booda,dubbisa qajeelcha barsiisaa irratti dhiyaate marsaa sadiif eerga dubbisanii booda gaaffilee dhiyaate akka deebisan carraa kennuuf.

Akka mala cunqaa'aatti barsiisonni haala mijeessaafi qindeessaa barnootichaa ta'uu ituu qabanu, barsiisonni kungahee olaanaa ofii taphatanii ba'u. Barsiisota daawwataman kanneen keessaa kaayyoo barnoota guyyaa barattootaaf ibsuun hinmul'atu. Gochaalee adda addaa irratti barattoota hirmaachisuu, mala baruu barsiisuu barattoota hunda hirmaachisu fayyadamuu, leecalloo mataa ofii qopheeffachuu, barattoonni hojii kenname irratti kaka'umsaafi hirmaannaa walqixa qabaachuu isaanii hordofuu irratti hanqina guddaatu mul'ata.Hojii gareefi cimdii kennamu keessatti barattoota muraasatu hirmaata, barsiisaan/tuun miseensa garee hundaa ta'uu ituu qabuu/du hanga daqiiqaan kenname xumuramutti bakka tokko dhaabbachuun barattoota ilaala/ti.

Kanarraa ka'uun barsiisonni manneen barnootaa kanaa gahee isaan mala cunqaa'aan dandeettii dhaggeeffachuu barsiisuu keessatti qaban hanqina kan qabu ta'uu hubachuun nidandaa'ama.Af-gaaffii dhiyaateenis yaada yeroo kennan, haala jedhameen dandeettii kana barsiisuuf baay'inni barattoota daree tokko keessa jiranu 65-70 waan ta'eef shaakala adda addaa kennuufi tokkoon tokkoon barattootaa bira gahanii maal akka hojjetaa jiraniifi haala kamirra akka jiran beekuun yeroon dheeraa kan fudhatu ta'uu dubbatu (yaada af-gaaffii irraa fudhatame).

Demirel (2004) akka jedhutti, barsiisaan barattoota isaa gargaaruuf sagalee waraabuun dhiyeessa. Kanneen akka sirbootaa, dhukkisaa dareetti fiduun dhaggeeffachiisa. Barsiisonni wantoota barattoota hirmaachisanu dareetti fiduun barattoonni dandeettii rakkoo furuu akka shaakalanuuf isaan gargaara. Keessattu kanneen akka raadiyoo, teeppii fayyadamanii dhaggeeffachuu barsiisuun barattoonni waan dhaggeeffatanu yaadannoo qabachuu isaanii yaada waljijjiruudhaan duubdeebii laatu.

Kunkan inni mul'isu barsiisaan meeshaalee deeggarsa barnootaa ofii ittiyaadee qopheeffachuu akka qabudha. Kanaaf, itti fayyadamni mala cunqaa'aa barsiisaafis ta'e barattootaaf mijataa akka ta'e sakatta'a barruu keessatti ibsame.

4.3.2.2. Gahee Barattootaa

Dandeettiin dhaggeeffachuu akkuma armaan olitti eerame kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa sagaliifi kudhanii keessatti qabiyyee hedduu hinqabu. Haata'u malee, qorannoo kana keessatti akkuma ibsame malli cunqaa'aan rakkoo kanaaf furmaata akka ta'e eerameera. Kun immoo yoo barsiisaa/tuun barsiisaa mala cunqaa'aa ta'e/tedha. Manneen barnootaa lamman daawwataman kana keessatti barattoonni dandeettii kana akka dandeettiitti yeroo baratanu hinmul'atanu. Akka daawwannaan taasifame mul'isetti barattoonni nitaa'uu, barsiisaan nidubbisa. Si'a sadii dubbisuu. Barattoonni isa dhaggeeffatan waa'ee maalii akka ta'e gaafatamu. Kan deeebii deebisu barattoota muraasa. Isaan booda barsiisaan waa'ee isa dubbisanii ibsa laachuun fixu.

Barattoonni sagaleefii jechoota dhangala'an hunda xiyyeeffannoon dhaggeeffatu, wanta dubbataan jedhu yeroo laatanii dhaggeeffachuun yoo hinhubanne ta'e akka irra deebi'anuuf

gaaffii gaafatu. Wayita kana yaadannoo qabatu. Jechootaan, gaaleedhaan, kanneen barbaachisoo ta'an ammoo hima guutuudhaan barreeffatu. Meeshaalee barsiisaan dhaggeeffannaadhaaf daree fidee dhaggeeffatanii gareedhaan, cimdiin ta'uun, akkuma kanas dhuunfaadhaan deebisanii dubbatu (Biritish Journal of Education Vol.3).

Yaadni kun barsiisota mala cunqaa'aa fayyadamanii barsiisanuuf kan kaa'ameedha. Haata'u malee, bakka daawwannaan kun itti geggeeffametti barsiisonni AfaanOromoo dandeettii kana akka inni barattootaaf dhimma baasuutti, akka dandeettii afaaniitti daree keessatti barnoota biroofis dhaggeeffachuun bu'aa guddaa akka inni qabu onnachiisanii barsiisuu irratti hanqina qabu. Kun immoo barattoonni dandeettii biroo barachuuf illee dandeettii dhaggeeffachuu guddaa taasisa waan ta'eef kan xiyyeeffannoo barbaaduudha.

4.3.3. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Dubbachuu Barsiisuu

4.3.3.1. Gahee Barsiisotaa

Dubbii keessatti shoorri barsiisotaa manaajaraa daree, saganteessaa, qindeessaafi onnachiisaadha (Richardfi Lackhart, 1994). Akka hayyoota kanaatti barsiisonni shoora lama qabu jedhu. Tokkoffaan, haala mijeessaa walquunnamtii hirmaattota hundaa daree keessaafi shaakala adda addaa gidduu hirmaattotaatti dhiyeessa.

Lammaffaan, adeemsa baruufi barsiisuu kana keessatti akka hirmaataa ofdanda'aa ta'ee qooda fudhata. Barsiisonni gaaffilee walsimataa qopheessuun barattoonni akka deebii laatanuuf jajjabeessu.

Barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa Nophaafi Biloo Qaaroo basiisanu wayitii dandeettii kana barsiisanu daawwataman gochaalee kanniin raawwatu. Akka seenaniin barnoota darbe yaadachiisu. Itti aansuun mata duree qabatanii dhiyaata kan kitaaba barataa irra jiru ibsu. Gochi kun kan barsiisota daawwataman biratti walfakkaataa waan ta'eef bakka tokkotti ibsame.

Dandeettii dubbachuu irratti barsiisonni barattootaaf akka isaan dubbachuu shaakalanuuf carraa laatan tokkoyyuu hindaawwatamne.Darbee darbee barsiisaan gaaffii yoo gaafatu barattoonni muraasni harka baasanii haasa'uu, mareen garee yeroo kennamu dubbachuu irraa kan hafe shaakalli dubbii taasifame barsiisota daawwataman biratti hinmul'atu.

Daree keessatti kan mul'atu barsiisaa/tuun ibsa laachuu yoo ta'u, barattoonni immoo dhaggeeffatanii gocha barsiisonni kennan akkaataa jedhametti hojjechuudha. Barsiisaan/tuun mala cunqaa'aatti fayyadamee/tee dandeettii kana barsiisuu/tu hinmul'atu/ttu.

Dhimma kana ilaalchise barsiisonni af-gaaffii keessatti akkas jechuun dubbatu, "Kaayyoon barnoota guyyaa kan qophaa'u akkataa waajjirri qopheesseefi akkaataa qabiyyee kitaabaatti. Kanaaf, dandeettiin kamtuu kan barsiifamu akkatuma qabiyyee kitaabaatti," (yaada af-gaaffii irraa argame).

Yaadni kun kan inni calaqqisiisu ittifayyadamni mala cunqaa'aa kun hojirra akka hinoolinidha. Barsiisaan/tuun barattoonni cimdiidhaan waliin dubbii akka taasisanuuf qajeelfama laatu. Haata'u malee, hordoffiiniifi jajjabeessuun hinjiru. Kaan isaanii ammoo dubbachuun maal akka ta'eefi akkamitti dubbiin akka taasifamu barsiisu. Sababni barsiisonni kaasanu kun barsiisaa mala cunqaa'aa fayyadamuuf furmaata ta'a ture. Sababni isaa, barsiisaan/tuun daree keessatti qabiyyeen fedhii barattootaatiin ala ta'ee nirakkisa yoo ta'e wayituma sana mala mijataa barattoota hirmaachisuu danda'u itti makee barsiisuu danda'a.

4.3.3.2. Gahee Barattootaa.

Mala cunqaa'aatiin barsiisuu keessatti wanti hundi kan barataa giddugaleeffateedha. Walii isaanii osoo wal hinciicatin waliin dubbii taasisu. Wantoota waliif taasisanu aja'ibsifatu. Hundi isaanii tokko ta'uun walirraa baratu. Kaayyoon inni guddaan barattoonni waliin dubbii taasiisuun dubbachuu akka shaakalanufiwanti cimaan jara muudata yoo ta'e barsiisaa gaafachuu irraa walii isaanii waliin ta'uun rakkicha furu.

Dandeettiin dubbachuu Afaan Oromoo barattoota kanaaf afaan dhalootaati. Haata'u malee, dubbiin daree keessatti baratamuufi haasaan haasa'amu tokko miti. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo akkuma qabiyyee dubbii isaa keessatti hammachiisee jiru dandeettiin dubbachuu, kanneen akka falmii, dubbii waltajjii, barreeffama yookiin sheekkoo dubbisanii yaada ofiin dubbachuufii kanneen kana fakkaatan of keessaa qaba.

Haata'u malee, kana mara fayyadamuuf barsiisaan malleen gara garaa fayyadamuun irraa eegama. Garuu, barsiisonni qarannoon kun biratti taasifame wantoota tarreeffaman kana akkaataa barataa hirmaachisuun hinraawwatanu. Barattoonni mata-duree dhiyaateef irratti waan

itti himame raawwatanii dhimma mataa isaanii waliin haasa'u. kun immoo barattoonni sun akka gargaaramaa hinjirre mul'isa.

Siegel (2006) akka ibsutti, barattoonni yeroo hedduu jireenya isaanii keessatti bifa-heddee (multimodal) akka ta'an yeroo agarsiisu, jireenya isaanii hedduu keessatti odeessaa, sochii qaamaa itti dabalaa, barreessaa, fakkii kaasaa,boca gargaaramaa, akka diraamaatti gochaaleetiin agarsiisaa akka hiika ta'e irra gahan mirkaneessa. Kanumaan walqabatee, barnoonni afaanii dubbachuufi barreessuutiin kitaaba barattootaa gargaaramanii kan raawwatudha. Bifa-heddummaan immoo kanneen irratti wantoota hiika ta'e kennuu danda'an (semiosis) mara ida'ee kan dhiyeessudha.

Johonson (1996, f.155) dubbiin dandeetti altokkicha waahedduu raawwatanuudha jedha.



Compooneents of second language speaking competence (Goh&Burns 2012:53)

Barsiisonni dandeetti dubbachuu barattootaa gabbisuuf maloota adda addaa fayyadamuun moodela kana gochaalee adda addaatiin barattoonni hubannoofi beekumsa, dandeettiifi tarsiimoo walquunnamtii kamiifuu fayyadu dhiyeessuu qabu. Barattoonni akkaataa sagaleessuu, haaldureewwan bu'a qabeessa ta'an qopheessee barattoonni sodaaf qaaniidhaan waan rakkachuu dandaa'aniif deeggarsa cimaa gochuufi qabu (Gohn&Burns, 2012, f.53).

4.3.4. Mala Cunqaa'aatiin Dandeettii Barreessuu Barsiisuu

4.3.4.1. Gahee Barsiisotaa

Akka Harmar(2007) tti barsiisaan to'ataa, kakaasaa, leecalloo, madaalaa, qindeessaa, hirmaataafi geggeessaadha. Gochaalee barattoota hirmaachisuu danda'uu raawwata.

Fakkii irratti hundaa'uun barreessuu: fakkii yaada maddisiisuuf mijataa ta'e dhiyeessa fakkeenya laachuun akka isaan salphaatti barreessanuuf ibsa.Dubbisa qopheesseedubbisuun barattoota barreessisa.Mata-dure laata: barattoonni osoo hima hinijaarin dhimma barreeffamicha laata. Barreeffama gareedhaan walitti fiduu: tooftaa barsiisaan barattoota garee baay'ee yookiin cimdiidhaan qoqqooduudha. Akka jarri barreeffama isaaanii waliin mariyataniif ajaja. Bakka duwwaa guutuu: dubbisa keessaa gaaffilee ba'an ta'ee bakka duwwaaa jechoota, gaalee guutuudhaan kan shaakalamuudha. Himoota wal jala darbaa: tooftaa barattoonni toora jechootaafi duraa duuba himeenii akka seerluga afaanichaatti sirreessanii barreessuu dandaa'aniif.

Mala cunqaa'aatti fayyadamanii dandeettii barreessuu barsiisuu keessaattidaawwannaa daree barsiisotaa Afaan Oromoo manneen barnootaa qorannoon kun itti geggeeffame barsiisanu hubannoon malleen barreessuu barsiisuu kun muraasa. Irra caalaa kan jarri fayyadamanu bakka duwwaa guutudha. Barsiisaan akka to'ataatti barattoota hunda bira ga'uu qaba. As irratti sababnii jarri dhiyeesanu barattoonni daree keessatti baay'eedha waan ta'eef hunda bira ga'uun hindandaa'amu jedhu.

Gochaalee adda addaa barattoota nilaatu. Garuu, itti fayyadamni mala gara garaa hinjiru. Irra caalaan dandeettii kana barreeffama akka hojii manaatti laachuudha. Adeemsi kun barsiisota daawwataman biratti walfakkaataadha. Af-gaaffii taasifameefiin dhimma mala cunqaa'aa jedhu hubannoo isaa akka hinqabnee dubbatu. Haata'u malee, maluma adda addaa barattoota gargaaruuf akka itti hinfayyadamne karooraan to'atamna waan ta'eef qabiyyee xumuruun qajeelfama. Kanaafuu, kitaabni barataa hanga dhumutti barsiisuun kan dandaa'amu irra caalaa mala ibsaatiin jechuun ibsan.

Kun immoo dhimma karooraan wal qabatu ilaalchisee barsiisaan B1," xalayaa hiriyaa manatti barreessaa kottaa," jedhee hojii manaa kenne. Wayitii biraatti barsiistuun daree biraa barsiistus isuma kana barattoota isheetiif kennite.

Barsiisaan akka leecallooti yemmuu jedhu barsiisaan akka meeshaalee barnootaatti fayyada jechuudha. Kitaabni madda isa ijoo yoo ta'eyyuu, barsiisaan leecalloo isa irra caalaadha. Haata'u malee, barsisonni daawwataman kunneen tokkoon isaanii kitaaba barataatiin ala meeshaa deeggarsaa biraa hinfayyadamanu.

4.3.4.2. Gahee Barattootaa

Daree keessatti barattoonni gamtaadhaan hojjetu.Bu'aan jaraa galtee warra kaaniiti. Rakkoo hiikuu keessatti guutummaatti barsiisaa irratti hirkachuu irraa walii isaanii gargaaruu. Ofitti amanamummaa jajjabeessuuf rakkoo furuu keessatti marii garee fayyadamuun nidanda'ama. Kana jechuun, barattoonni daree keessatti kaka'umsa argatu.

Barattoonni hirmaattota si'atoo daree kanneen qophii barnootaa keessatti dhiibbaa taasisanuudha. Galmii barnootaa dandeettiifi fedhii barattootaa giddu galeessa godhata. Yeroo barnootaa dandeettii walfakkaataa hiratu. Sababni isaa, barsiisonni barattoota tajaajilu malee malleen tajaajiluu miti. Kanaafuu, irra deddeebiidhaan murtoon barsiisaadhaan taasifamu sammuu barataa keessatti uumamuu dandaa'a. Kana jechuun, barataan dadhabaa tajaajilamu jechuu miti. Faallaa kanaan barattoonni gochaa keessatti hirmaannaa saffisaa taasisuudha Li (2012).

Barattoonni sirreeffamni daree keessa gareedhaan taa'u waan jiruuf gareedhaan taa'u. Garuu, barsiisaan/tuun mala cunqaa'aa kanatti fayyadamee bakka isaan taa'anitti to'atee barsiisuu hinjiru. Barsiisonni onnachiisuudhaan barnoota hineegalanu. Kunimmoo barattoonni barnootichaaf akka isaan dhimma dhabanu taasisa. To'annoon barsiisaa daree keessatti laafaa waan ta'eef dareen barnootaa keessii mijataa miti. Dhimma kana irratti barsiisonni daree to'achuun rakkoo kan nutti ta'e jedhu, "Barattoonni dhimmamaa miti, garee keessatti hinhirmaatanu, kanaaf baay'ina isaanii duukaa yaadni kun immoo akka hinto'anneef mogolee nubuuse,"jedhu.

4.3.4.3. Gahee Meeshaalee Barnootaa

Meeshaaleen barnootaa barattootaaf mijataaafi onnachiisaa ta'uun barabaachisaadha. Kana jechuun, barsiisaan akkaataa qabxii barnootichaatti of eeggannoodhaan meeeshaalee barnootaa filachuu qaba. Weidman (2001) akka jedhutti, barsiisaan afaanii milkaa'oo ta'an yeroo isaanii

meeshaalee barnootaa barattootaaf fudhatamaa ta'uu danda'u filachuu irratti yeroo dheeraa dabarsu.

Dandeettiiwwan afaanii afuran armaan olitti akkaataa itti fayyadama mala cunqaa'aa barsiisonni daree keessatti hojiirraa oolchaa jiranu xiinxalameera. Haaluma kanaan akkaataa beektonni jedhan kanaan Afaan Oromoo barsiifama akka hinjirre daawwannaafi af-gaaffii taasifame irraa hubatameera. Barsiisaan mala cunqaa'aa fayyadamu akka hayyoonni jedhanitti ofii isaatiyyu akka meeshaa barnootaatti fayyada. Haata'u malee, barsiisonni Afaan Oromoo daawwataman kunneen kitaaba barataatiin ala meeshaan isaan fayyadamanu hinjiru.Dabalatas, barsiisonni shaakala adda addaa barattoota hirmaachisu hinkennanu, daree barnootaa keessattis gahee olaanaa kan taphatu barsiisota, irra caalaa barsiisonni mala ibsaatti gargaaramu. Kana jechuun mala barsiisaa giddu galeeffatetu hojiirra oolaa jira. Kana jechuun faallaa malli cunqaa'aan hordofudha. Sababni isaanii ammoo yeroo gaafatamanu, kitaabni barataa qophiin isaa meeshaalee qopheessuuf kan nama kakaasu miti jedhu. Yaadni kun kan madde hubannoo dhabuu mala cunqaa'aatiin fayyadamuuti. Sababni isaa hojiin jarri raawwatan hojii wal fakkaataa namootaa dareen ala jiranuun to'atamu waan ta'eef gaaffii gaafataman keessatti hundi isaaniyyuu yaada kana kaasu.

4.4. Malli Cunqaa'aan Hojiirra Akka Hinoollee Wantoota Gufuu Ta'an

Mala baruuf barsiisuu cunqaa'aan hojiirra akka hinoolleef wantoota gufuu ta'an ilaalchisee, afgaaffii barsiisota Afaan Oromoo mana barumsa Nophaafi Biloo Qaaroo sad.2^{ffaa} kutaa 9^{ffaa}fi 10^{ffaa} afuriif taasifame armaan gaditti xiinxalameera. Yaadni barsiisota kanaas B_1, B_2, B_3, B_4, jechuun bakka buufameera.

4.4.1 Hubannoon Walqabatee

Duraan dursee malli cunqaa'aan maal akka ta'eefi waa'ee mala kanaa hammam hubannoo akka qabanu adda baasuuf gaaffii gaafatameef:

Tartiibumaa gaafatamaniin yeroo ibsanu, mala baruufi barsiisuu adda addaa akka jiru beekna garuu inni mala cunqaa'aa jedhu kun haaraa akka isaanitti ta'e ibsu. Dhimma kana irratti leenjiin kennames akka hinjirre dubbatu. Itti aansuudhaan, itti fayyadamni mala kanaa akka mana barumsaa jaraatti ittiin hojjetamaa akka hinjirre himaniiru. Malli kun mala haaraa osoo hintaane maluma duraan jiru altokkicha akkaataa inni fedhii barattootaa galmaan ga'uu danda'utti itti

fayyadamuudha, kanaafuu, rakkoon isaa maali isa jedhuuf, mala itti fayyadamanu kan guyyaa karoora irratti baafatanii waan dhufaniif mala bira daree keessatti itti makuun akka isaan rakkisu yaada isaani ibsan.

Kana irraa wanti hubatamu barsiisonni hubannoo mala kanaa osoo qabaatanii akka mala haaraa ta'eetti hindubbatanu. Dandeettii mala kana fayyadamuu akka isaan dhabanu kan taasise hubannoo dhabuu akka ta'e yaada jara kana irraa hubachuun nidandaa'ama.Wayitii daawwannaas kan hubatame barsiisota hunda birattiyyuu barsiisonni habarsiisan malee akkaataan itti fayyadama mala baruufi barsiisuu kan barataa giddu galeeffate miti.

Akka Weidemann (2001,f.8) jettutti, dhiyaannaan cunqaa'aa barsiisotaafi barattoota biratti hawwataa ta'uudhaaf, barsiisonni afaanii hubannoo gadi fagoo qabaachuu qabu. Hubannoo qofa osoo hinta'in, yoomessoota afaan barsiisuu gara garaa keessatti akkamiin hojiirra akka oolu beekuun irraa eegama, milkaa'inaan hojiirra oolchuun barsiisota dhiyaannaa kanaan leenjii gahaa qaban barbaada, jetti. Kanaaf, akka barsiisota kanaatti mala cunqaa'aa hojiirra oolchuuf hubannoon barsiisotaa rakkoo bu'uuraa akka ta'e bira gahameera.

Dabalataan, akka Wali (2009) jedhutti, barsiisaan barnoonni hanqina tokko malee sirriitti akka darbuuf qophii gaarii gochuu qaba. Dabalatas, gahee barnoota qajeelchuu taphachuufi barattoota waliin qooda fudhataa ta'ee adeemsa baruu barsiisuu keessatti taphachuu qaba. Mata dureeniifi shaakalli daree keessaa aadaafi hawaasummaa barattootaa waliin walsimachuu isaa hubachuu qaba.

4.4.2. Qabiyyeen Walqabatee

Qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa irra jiru mijatummaa isaa ilaalchisee barsiisonni gaafataman yaada armaan gadii kennaniiru. Fakkeenyaaf,

Barsiistuun B3 akkas jedhu.

> *Qabiyyeeniifi gilgaalli kitaaba barataa irra jiru mala kana hojiirra oolchuuf mijataa miti jechuu hindanda'u. Sababni isaa, shaakala adda addaa barattoonni akka shaakalaniif ni dhiyeessa. Kanas, dhuunfaan, cimdiifi gareen akka hojjetan ni ajaja. Garuu, hanqina inni qaba jedhee ani ilaale qabiyyeen dhiyaatee jiru bal'ina qabaachuu isaati. Kana jechuun, baay'ina wayitii kennamee jiruun walinsimu.*

(madda:af-gaaffii gaafa Caamsaa, 28/2011 gaggeeffame irraa)

Haaluma walfakkaatuun B4 Yaaduma kana irratti akkas jechuun yaada isaanii itti fufan:

> *Ani gama kootiin qabiyyeen kitaaba kana keessa jiru mala kana hojiirra oolchuu irratti mijataa miti jedhee afaan guutee haasa'uu hindanda'u. Sababni isaa, qabiyyeen dhiyaatan dubbisaa jalqabee hanga seerlugaatti kan jiru harki caalaan isaanii barataan jalqaba ofii shaakalee hiryaa isaa waliin illee yaada waljijjiiree hubannoo akka argatu kan taasisan jiru; garuu, darbee darbee hubannoo barattootaati gadi kan ta'e ni mul'atu.Fakkeenyaaf,kitaaba kutaa 9ffaa fuula 86 gilgaala 6 irratti fakkiiniifi shaakalli kenname kan barattoonni kutaa gara gadii hojjetan malee barattoota kanaaf hinta'u ,baay'ee gadi bu'aadha. Akkasumas, dandeettiiwwan afaanii gurguddoo irratti walqixa hinxiyyeeffanne. Keessattuu dandeettii dhaggeeffachuufi barreessuu irratti shaakalli dhiyaate baay'ee muraasadha jedhu.*
>
> *(madda: af-gaaffii gaafa Caamsaa,28/2011gaggeeffame).*

Akka yaada barsiisota kanaatti kitaabni barnootaa Afaan oromoo kutaa 9ffaafi 10ffaa qophiin isaa malleen baruu barsiisuu ammayyaawaa ta'a hojiirra oolchuu irratti hanqina qabaachuu ibsu. Kunis kan hubatamu gilgaalonni dhiyaatan dandeettiiwwan hunda hirmaachisoo ta'uu dhabuufi qabiyyeen sadarkaa kanaaf madaalu dhiyaachuu dhabuun mala kana fayyadamuudhaaf rakkoo ta'uu isaati. Kana malees,bal'inni qabiyyeefi wayitiin ramadame wal simuu dhabuun mala kanaaf gufuu guddaa ta'uu hubatameera. Keessattuu malli kun mala ammayyawaa bara kanaa yoo ta'u qophiin kitaabaafi hubannoon barsiisonni itti fayyadama mala kanaaf qabanu amansisaa akka hintaane yaada isaanii kana irraa hubachuun nidandaa'ama.

Weidman (2001) akka jedhutti, barsiisaan afaanii milkaa'oo ta'an yeroo isaanii meeshaalee barnootaa barattootaaf fudhatamaa ta'uu danda'u filachuu irratti yeroo dheeraa dabarsu. Kun immoo barnoota isaanii lubbuu itti horaaf. Mala cunqaa'aa keessatti barsiisaan meeshaalee itti fayyadamu to'achuu danda'u kamiinu nifayyadama.

Akka yaada kanaatti barsiisonni dhimma meeshaalee barnootaatiin walqabatuuf sababa dhiyeessuu akka hinqabneedha. Sababni isaa meeshaalee barnootaa barattoota isaaniitiif

qabiyyee barsiisanu waliin wal simatu qopheeffachuun akka irraa eegamu agarsiisa.Haata'u malee, halli daree barnootaa keessatti mul'ataa jiru kanaan kan walqabatu akka hintaane daawwannaa irraa hubatameera.

Akkasumas, barattootaaf shaakala adda addaa kennuu keessatti rakkoowwan quunnaman jiraachuu dubbatu. Fakkeenyaaf:

Barsiisaan B1 itti fufuun:

> *Barattootni baay'een, hojii garee yommuu hojjetan rakkooleen quunnaman jiru. Sababni isaa immoo, barattootni garee ijaarame keessatti hirmaachuuf fedhii kan hinqabne nimul'atu, yaada burqisiisanii hirmaachuuf kan qaana'an jiru, kan biraan immoo, bu'aa marii garee otoo hin hubatiin, akka yeroo gubuutti kan lakkaa'anifi mataduree mariif kenname dhiisanii oduu kan biraa kan odeessan jiru waan ta'eef yeroo baay'ee gocha akkasii kennuun yeroo hingubu.(yaada af-gaaffii gaafa 27/9/2011 irraa fudhatame).*

Gochaan gareen raawwatamu barattoonni yaada isaanii akka fayyadamanuf si'eessa. Itti dabalas akka jarri aadanuufi qulqullinaan dubbatanuuf isaan mudda. Walii isaanii dhaggeeffachuun hubannoo isaaniitiif of eeggannoo akka taasisanu gargaara.gochaaleenyaaduudhaan gareedhaan hojjetamanu dandeettiwwan afaanii walitti hidhuun akka baraniif daran gargaara.(Rivers, 1983). Shaakala garee keessatti barattoonni yaada haaraa uumanii mala dubbiitiin yaadicha gabbisuuf isaan dandeessisa. Wayita akkasii yaada barataa biro dhaggeeffachuun dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu gabbifatu.

Yaadni hayyootaa kun marii gareetiin barsiisuuf malleen adda addaa fayyadamuun akka dandaa'amu hubachuun nidandaaa'ama. Hata'u malee yaadni barsiisaa kun itti fayyadama mala baruufi barsiisuu adda addaa fayyadamuu dhabuu irraan kan ka'e barattoonni fedhii dhabuu isaanii akka kaasanu agarsiisa.

Barsiistuun B2 yaaduma walfakkaatuun akkas jedhu,

> *Shaakala gara garaa kana kennuuf teessoon barataafi baay'inni barataa mijataa miti .Kana qofa osoo hin taane, qabiyyeen kitaabicha keessa jiru bal'aa waan ta'eef qabiyyicha xumuruuf jecha ibsaan bira darbuun filadha (yaada af-gaaffii gaafa 27/9/2011 irraa fudhatame).*

Malli cunqaa'aan rakkoo daree keessatti mudata jechuun barsiisaan eeran kanaaf furmaata. Hata'u male hanqina itti fayyadama mala kanaa irraan kan ka'e barnoonni si'ata ta'uun isaa hafee suuta jedhaa akka ta'e hubatama. Mala si'aayinaan barachuu keessatti malli cunqaa'aan shoora ol'aanaa taphata. Micael Canalefi Suwain (1980) akka jedhanutti barnoonni si'ataan tooftaa quunnamtii (communicative approach) ti.Tooftaa kana keessatti mata dureen waan wal qabatu barsiisa. Barattoonni ammoo muuxxannoo walii isaanii wal jijjiiruun dandeettiiwwan afaanii gabbifatu.

Akka yaada af gaaffii kana irraa hubatamutti mala cunqaa'aatti fayyadamuu dhabuun barnoota si'ataa taasisuu dhabuu isaatiin barattoonni dandeettii barbaadamu akka argachaa hinjirrree hubatama.

Barsiistuun B3 gama isaaniitiin:

> *Barattoota cimdiin yookiin geengoo keessaniin maryadhaa hojjedhaa yemmuu jedhaman geggeessaa geengoo yookiin barataa tokko qofatu hirmaata. Kun immoo barataa hunda hirmaachisuu hinta'u (af-gaaffii gaafa 28/09/2011 gaggeeffame irraa).*

Malli cunqaa'aan mala dandeettii barataafi haala barataa daree barnootaa keessatti hordofuun itti fayyadamuuudha. Akka Brown (2002) tti rakkoowwan daree keessaatti mul'atan hiikuuf barsiisaan daree keessatti barataadhaan wal sima kan jedhu filatee dhiyaachuu mala ittiin danda'udha.

Barattoonni gareen qoodamanii yookaan cimdiin hojechuu kan dandaa'anu mala barsiisaan fayyadamuu irratti hundaa'a. Malli barsiisonni fayyadamanu mala hirmaachisaa miti taanaan barattoonni hirmaachuudhaaf fedhii dhabu.

Barsiistuun B4 yaaduma walfakkaatu dhiyeessani.

> *Akkasumas, hojiin garee yeroo kennamuuf, barattootni muraasni qofa kan hojjetaniifi kanneen biroo callisanii kan taahan ta'uu, kun immoo, rakkoolee marii garee, marii cimdiifi k.k.f irratti isaan qunnaman ta'uu ibsaniiru (af-gaaffii gaafa 28/09/2011 gaggeeffame irraa)*

Brown (1994:365) akka jedhutti dandeettiwwan afaanii barsiisuu keessatti mala cunqaa'aatti barsiisaan fayyadamu barattoota gareedhaan qooduun tooftaa isa filatamaadha. Keessaattuu dandeettii dubbisuu barsiisuuf tooftaa cimaaddha. Gochaalee barsiisoonni kennanuf deebii

argachuuf walliin morkiin garee gidduutti taasifamu cimaa ta'a. As keessatti barattoonni yaada wal jijjiiruun gochaa dubbisaa hojjechuuf ni onnatu.

Mala baruuf barsiisuu cunqaa'aa, hojiirra oolmaa isaarratti barsiisaafi barataan gaheen isaan qaban olaanaadha.Haata'u malee, yaada kanarraa wanti hubatamu gaheen barsiisaa yeroo inni itti caalee jirutu mul'ata. Gao (2013, f. 3) dhiyaannaa cunqaa'aa akka dhiyeessa malleen boodaa (post method) yoo ibsu, xiyyeeffannoo sadii eera. 1) Kitaabni barattootaa akka waliigalaatti kanqophaa'u tahus, haalli dhiyeessa daree keessaa naannoo sanatti hubannoo afaan, looga, aad-hawaasaa, dhimmoota siyaasaa kan sirriitti xiyyeeffate ta'uu qaba. 2) Barsiisonni yaadiddamoota jiran akkataa isaaniif mijateen kaayyoo barannoo isaanii milkeessuuf hojiirra kan oolchaan ta'uu qabu.3) Dammaqiinsa hawaasummaafi siyaasaaf iddoo kennee, eenyummaa barattootaa ijaaruufi jijjiirama hawaasaaf akkaataa gumaachuu danda'u irratti xiyyeeffatamuu qaba.Waan kana ta'eef, amala cunqaa'aa keessaa bu'uurri tokko, dhimmoota sirna barnootaa akka addunyaafi biyyaatti hundagaleessa ta'an akka ta'utti mijeessuuf carraaquudha.

4.4.3. Haala Yeroon Walqabatee

Haala yeroo yemmuu jennu, wayitii barnootichaaf kennameefi qabiyyeen kitaaba barnootaa walsimuu ilaala. Akka odeeffannoon bifa af-gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate irraa funaaname agarsiisutti mala cunqaa'aa hojiirra oolchuuf yeroon barnootichaaf kenname gahaa akka hintaane kan agarsiisudha. Fakkeenyaaf, odef-kennitoota keessaa B1akkana jechuun kennaniiru.

> *...sababni isaa tokkoffaa, ministeerri barnootaa, qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaafi 10ffaa irratti, kan ji'a Fulbaanaatti goolabamuuf, wayitii kudha afur kennee jira. Manni barumsa immoo, torbanitti wayitii lama waan kenneef, ji'atti wayitii saddeet qofaa ramadeera. Haala ramaddii wayitii qajeelchi nutti agarsiisuun yoo deemne immoo, yoo xiqqaate boqonnaan saddeet otoo hin baratamiin hafa. Kun immoo, haalli qabiyyee qoratamee wayiitii isaaf malu wajjiin dhiyaachuu dhabuun, mala kana hojiirra oolchuuf gufuu ta'eera. Lammaffaan, barsiisaan barnoota waggaa xumuruuf, karoora ni baasa. Karoora isaan deemuuf immoo, bal'inaan wayiticha ofiisaa haguuguu qaba. Yemmuu kana immoo, hirmaannaan barattootaa ni hir'isa.Kanaaf, mala hirmaachisaa kan hojiirra ooluuf carraa dhaba.*
>
> *(Madda:Af-gaaffii gaafa Caamsaa,27/2011gaggeeffame).*

Haaluma walfakkaatuun barsiisota af-gaaffiin dhiyaateef keessaa tokko kan ta'an B3 akkas jechuun deebii kennaniiru.

> *Gilgaalota jiran malleen barsiisuu garagaraattii fayyadamnee akka hinbarsiifne, akkasumas, fedhii barataa eegnee akka hinhojjenne, yerootu nu daangessa. Barattoota haalaan qindeessanii hojjechiisuuf, sa'aatii gahaan qabiyyee kitaabaan walgitu hinramadamne. Kana dura Afaan Oromoo torbanitti wayitii sadii(3)'n barsiifama ture, yeroo ammaa kana immoo jechuun semisteera 2ffaa bara 2010tii kaasee wayitii lama qofaan barsiifamaa jira. Kitaabni garuu isuma duraati. Kanaaf, akka kootti malleen adda addaa wayitii tokko keessatti fayyadamuuf yeroon kennameefi qabiyyeen kenname walinsimu waan ta'eef, qabiyyee kitaaba irra jiru fixuuf jecha gilgaalota harka caalaa ofumaan hojjedha.*
>
> *(Madda:Af-gaaffii gaafa Caamsaa,28/2011).*

Barsiisonni B2fi B4's yaaduma walfakkaatu dubbatani.

Walumaagalatti, yaada kanaan olitti ka'an kana yeroo walitti qabnee xiinxallu, haala yeroon walqabatee yaada barsiisotaa kana irraa wanti hubatamu, malli baruu barsiisuu kun akka hojiirra hinoolle gufuu kan itti tahan keessaa inni guddaan, yeroo ta'uu isaati. Kitaabni barataa, qajeelchi barsiisaafi yeroon barnootichaaf kenname, kan walii wajjiin hindeemnedha. Malli baruuf barsiisuufi qabiyyeen barnootaa walsimachuu dhabuun, hojiirra oolmaa mala kanaa daangessa. Hanqinni yeroo kun immoo, akka barsiisaan mala hirmaachisaa kanarra, mala barsiisaa giddugaleessa godhate hojiirra akka oolchu taasiseera.

Yaada kana gabbisuun, Shank (1999) yoo ibsu, yeroon barsiisuuf kennamu hanqina yoo qabaate, mala ittiin barsiisuu barbaadnu, filatanii fayyadamuun rakkisaa ta'a jedha. Barsiisuuf, yeroon gahaan yoo jiraate, malli hirmaachisaan hojiirra ooluu danda'a. Malleen ittin hojiirraa oolu garaagara fayyadamuu danda'a. Hanqinni yeroo yoo jiraate garuu, barsiisaan mala barsiisaa giddugaleessa godhatetti fayyadamuuf dirqama jedha.

4.4.4. Baay'ina Barataan Walqabatee

Akkadaawwannaa taasifameefi af-gaaffii barsiisotaa irraa hubachuun dandaa'ametti, mala cunqaa'aa kana hojiirra oolchuu irratti gufuu guddaa kan ta'e baay'ina barataa daree takko

keessa jiruuti. Kunis, tokkoon tokkoon daree barnootaa keessa yoo xiqqaate barattoota 65-70 ta'antu argama.Kun immoo shaakala adda addaa kennanii tokkoon tokkoon barataa hordofanii shaakalsiisuu irratti rakkoo akka ta'e dubbatu. Kanaafuu,yaada kanarraa wanti hubatamu baay'inni barataa illee akka manneen barnootaa kanaatti mala cunqaa'aaf gufuu ta'uu hubatameera.

Walumaagalatti, ragaan daawwannaafi af-gaaffii irraa argame akka mul'isutti, mala cunqaa'aa hojiirra oolchuuf wantoonni gufuu ta'an: hubannoo barsiisotaa, qabiyyeen wayitii kennameen walsimuu dhabuu, hanqina yeroofi baay'inni barataa humnaa ol ta'uun akka qorannoo kanaatti adda baheera.

4.4.5. Gufuu Kan Ta'aniif Furmaata Eeruu

Malli baruuf barsiisuu hirmaachisaa ta'e kun hojiirraa akka hinoolle wantoonni gufuu itti ta'an baay'een akka jiran, afgaaffiifi daawwannaa irraa hubachuun danda'ameera.

Haata'u malee, afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate irraa wantoota gufuu ta'an kana dhabamsiisuun akka dandaa'amu dubbatu.

Fakkeenyaaf, odeef-kennitoota keessaa 'B1' akkas jechuun yaada kennan.

> *Barsiisaan kungufuuwwan kan taa'an dhabamsiisuun ni dandaa'ama jechuun deebisan. Akkamitti isa jedhuuf, sababni dhiyeessaan, tokkoffaan, warroonni sirna barnootaa qopheessaniifi warri siilabasii qopheessan, malli kun hojiirra akka oolu yoo barbaadan, sagantaan barumsa barsiisamuuf kennamuufi qabiyyeen kitaaba barnootaa, akkasumas, baay'ina barattoota daree keessaa yoo wal simedha. Akkumakanas leenjii gaggabaabaa dhimma kana ilaalchisee barsiisotaaf laatame barsiisaniis waan isarraa eegamu raawwachuun gufuu kana dhabamsiisuu danda'a.*
>
> *(Madda:Af-gaaffii gaafa Caamsaa,27/2011gaggeeffame).*

Barsiistuun B2 itti dabaluun:

> *Qaamni itti dhiyoon manneen barnootaa hoogganu, manneen barnootaa hundaaf otoo gargaarsa isaan barbaachisu godhee, rakkoo kana dhabamsiisuun ni danda'ama. Kana jechuun, fakkeenyaaf, barataan dhuunfaatti kitaaba akka argatuuf raabsaan kitaabaa sirriitti hojiirra ooluu qaba. Dareen barnootaa baay'inaan otoo*

ijaaramee, barattoonni walitti cinqamanii hintaa'aan. Kanaaf, malli kun hojiirra akka ooluu yoo barbaadame qaamni kun sirriitti itti yaaduu qaba.

(Madda:Af-gaaffii gaafa Caamsaa,27/2011 gaggeeffame).

Haaluma walfakkaatuun barsiisota af-gaaffiin dhiyaateef keessaa tokko kan ta'an B3 akkas jechuun deebii kennaniiru.

Hanga tokko salphisuun ni danda'a. Tokkoffaa, fakkeenyaaf, barsiisaan barnoota idileen ala (make up) waamuun, kutaa laaboraatorii fayyadamee hanga tokko shaakalsiisuu danda'a. Maaliif yoo jette, kutaan kun hojii garee adda addaaf teessoo miijataa qaba. Barsiisonnis, yeroo gahaa argatu, waan hojjechuu barbaaddan hojjetu. Qabiyyeenis yeroo jedhame keessatti xumuramuu danda'a.

(Madda:Af-gaaffii gaafa Caamsaa,28/2011 gaggeeffame).

Barsiistuun B4 yaada isaanii itti fufuun:

Mala baruuf barsiisuu cunqaa'aa kana guutummaa guutuutti fayyadamuun ulfaataa ta'ullee, saayinsii isaallee tahu hanga tokko hubachaa yoo deeman, gara fuulduraatti carraa miijataa mala kana itti fayyadaman yoo argatan, hojiirra oolmaan isaa hinrakkisu. Kanaaf, hunda dura barsiisonni dhimma mala cunqaa'aa kana irratti hubannoo qabaachuu qabu. Akkasumas, barsiisonni haala yeroo wajjin kan deemaniifi wayitawaa ta'uu qabu. Lammaffaa, barattootni barumsaaf fedhii qabaachuu qabu. Akkuma barattoonni tokko tokko barachuuf fedhii qabaatanii dhufan, kanneen yeroo dabarsuuf dhufanis jiraachuu malu. Kana keessatti, qaamni afur waliin socho'uun dirqama.

Isaanis: mootummaan barsiisaaf waan barbaachisu guutuun hojii isaaf fedhii akka qabaatu gochuu, barsiisaan barattoota gorsuun fedhii barnootaa keessa isaaniitti horsiisuun, dirqama barumsaa isarraa eegamu gochuu, barataan bu'aa barnootaatti amanee kaayyoo isaa bakkaan gahuuf, barnoota isaatti cimuu, waajjirri barnootaa meeshaalee barnootaa barbaachisoo tahan dhiyeessuufi maatiin barattootaa ijoollee isaanii sirriitti hordofuun gorsuu. Qaamonni Kun hunduu harka walqabatanii kan socho'an yoo ta'e, hojiirra oolmaan isaa salphachuu danda'a.

(Madda:Af-gaaffii gaafa Caamsaa,28/2011 gaggeeffame).

Dimshaashumatti, yaada afgaaffii barsiisota kanaarraa wanti hubatamuu, malli cunqaa'aan akka inni hojiirra hinoollee wantoota gufuu ta'an dhabamsiisuun akka dandaa'amuudha. Haalota rakkisoo baay'ee keessa darbuufii yeroo dheeraa haafudhatu iyyuu malee, qaamoleen dhimmi kun isaan ilaallatu hundi itti gaafatamuummaafi xiyyeeffannoodhaan yoo hojjetan dhiibbaa itti fayyadama malleen cunqaa'aa dhabamsiisuun akka danda'amudha. Dabalataanis, dhiimmi hubannoo uumuu adda durummaan kan irratti hojjetamu yoo ta'e, barsiisonni barnoota idileen alaa yoo qabaatan, yeroon kennameefi qabiyyeen kan walsimuu yoo ta'e, baay'inni barattoota daree tokko keessa jiranu haala qajeelfamaan yoo ta'efi barattoonniifi barsiisonni fedhii guutuu kan qabaaniifi haala yeroo wajjin kan deeman yoo ta'e gufuu mala cunqaa'aa dhabamsiisuun akka dandaa'amu hubachuun dandaa'ameera.

Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Goolaba fi Yaada Furmaataa

5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Biloo Nophaa manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa lama irratti geggeeffame. Mata-dureen isaa, malleen cunqaa'aatiin fayyadamuun Afaan Oromoo barsiisuu xiinxaluu yoo ta'u, barsiisonni Afaan Oromoo afur manneen barnootaa kanatti barsiisanuu qooda fudhataniiru. Kayyoon qorannoo kanaa barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa Nophaa sad.2ffaafi Biloo Qaaroo sad.2ffaa hammam mala cunqaa'aatti fayyadamanii barsiisaa akka jiran xiinxaluudha.

Qorannoon kun gosa qorannoo qulqulleeffataatti dhimma ba'e. Kaayyoo kana milkeessuuf malli ragaan ittiin funaaname inni ijoon daawwannaa daree ture. Daawwaannaatti dabalee mala kana hojii irra oolchuu keessatti wantoota gufuu ta'anu hubachuuf af-gaaffii banaan barsiisota daawwatamaniif taasifameera. Daawwannaan barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 barsiisanu afuriif tokkoon tokkoon isaanii si'a ja'a ja'a daawwannaan tasifaameera. Ragaan daawwannaadhaan argame akkaataa gaaffii qorannoofi kaayyoo gooree qorannichaatti tartiibaan qacceffamaniiru. Kan af-gaaffiidhaan argaman ammoo sagalee warabduudhaan waraabamee jechaan qaacceffameera.

Ragaaleen funaanaman akka mil'isanutti barsiisonni itti fayyadama mala cunqaa'aa kana hubannoo hiqabanu. Brown(1994:365) akka jedhutti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf mala filatamaadha.

Madda odeeffannoo irraa akka hubatamtti daree keessatti barsiisonni mala adda addaa waliin makanii barsiisanu hin jiranu. Maddi itti fayyadamuu dhabuu isaanii ammo hubannoo dhabuu akka ta'e af-gaaffii taasifameef irraa hubatameera. Tartiibni barsiisonni dandeettii afaanii barsiisuf fayyadamanis kan mala heddduu hammate miti.

Yaada tartiiba jedhu kana ilaalchisee Gao (2011) akka jedhutti, barnoonni sadarkaa galtee qabaachuu qaba; bakka barsiisaan galtee laatuufi sadarkaa shaakallii bakka barnoonni barataa giddu galeessa godhateefi barattoonni shaakala taasisuuf itti jajjabeeffamanudha. Itti dabalees, sadarkaan inni dhumaa, sadarkaa'production' kan barataa giddugaleeffate shaakala hojjechuu barattootaa kan ilaallatu yookiin shaakala barnooticha irratti bu'uureffate akka ta'e ibsa.Yaadni

Gaon jechuu fedhe, erga barnoonni cunqaa'aan shaakala daree keessaafi shaakala barreeffamaa keessatti kanbarataa giddugaleeffate,itti dabalee barsiisaan gochaa barattootaaf galtee muraasa kennuu qaba.

5.2. Goolaba

Akkaataa kaayyoofi gaaffii qorannoo irratti hundaa'uun ragaaleen funaanaman qaacceffamaniin argannoon armaan gadii dhiyaataniiru.

- Barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa qorannoon kun itti gaggeeffamee biratti malli cunqaa'aan akka mala afaan barsiisuutti gonkuma hubatamee hin jiru.
- Mala cunqaa'aadhaan barsiisuu keessatti beektonni tartiiba barsiisuu sadarkaa sadiitti qoodu. Haata'u male, barsiisonni qorannoon kun irratti taasifame mala ittiin jalaqabaniifi galtee (input stage) eegalaniin xumuru. Kana jechuun shaakalliifi hubannoon (productin stage) hin jiru.
- Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gaheen barataafi barsiisaa adeemsa mala cunqaa'aatiin barsiisuun kan wal fakkaatu miti. Kunis barsiisonni kan xiyyeeffatanu ibsa laachuu yoo ta'u barattoonni ammoo dhaggeeffachuufi yaadannoo qabachuudha. Gahee olaanaa kan taphatu barsiisaadha.
- Akka manneen barnootaa kanaatti mala cunqaa'aadhaan barsiisuuf wantoota gufuu ta'an:
    - ✓ Wayitiin barnoota Afaan Oromootiif ramadame akkaataa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaan kan walinsimne ta'uu.
    - ✓ Barsiisonni manneen barnootaa kanaa mala cunqaa'aa irratti hubannoo kan hinqabne ta'uu.
    - ✓ Barsiisonni mana barumsichaa, meeshaalee deeggarsa barnootaa ofii qopheessanii dareetti itti fayyadamuu dhabuu.
    - ✓ Baay'inni barattootaa daree keessaa tooftaa garagaraa faayyadamanii barsiisuuf rakkoo ta'uu.

5.3. Yaada Furmaataa

Argannoowwaan olitti ibsaman yoo ilaalle barnoota Afaan Oromoo keessatti dhiyaannaa mala cunqaa'aa hojiirra oolmaa isaa haala gaarii irra akka hinjirre himuun ni danda'ama. Haata'u malee, dhiyaannaan mala cunqaa'aa kun barnoota afaaniif barbaachisummaan isaa guddaa waan ta'eef, haala amma irra jirurraa fooyya'ee sadarkaa gaarii ta'e tokko akka qabaatu itti amanama. Kaanafuu, kanatti aansuun rakkoolee kanaaf furmaata gaarii ta'u jedhamanii kan itti amanaman haala gadiin kaa'amaniiru.

- Dhiyaannaa mala baruuf barsiisuu cunqaa'aa keessatti, gaheen guddaan barattootaaf bakka itti kennamudha. Barnoota isaanii keessatti, adda durummaan kaka'umsa uumuun mala cunqaa'aatti fayyadamuuniifi dandeettiiwwan yeroo hirmaatanis, itti gaafatamummaa fudhatu. Kanaafuu, barsiisaan barattootni waan barataniifi shaakalan akka filatan, akkasumas, dandeettiiwwan afaanii karaa itti guddifachuu danda'an, haalli miijahuufii qaba.
- Kitaabni barnoota Afaan Oromootiifi wayitiin barnootaa qoodameef wal akka simuuf qaamni kitaaba qopheessuufi ramaddii wayitii irratti hojjetanu keessa deebi'anii ilaaluu qabu.
- Miija'ummaan daree barnootaa, barattootni si'aayinaan akka hirmaatan gahee guddaa qaba. Yeroo adda addaatti garee addaa addaa uumuuf bakkaa bakkatti socho'uuf, barattootni fuuleetti wal ilaalaa yaada isaanii waljijjiiruuf, halli qilleensaa, baay'inni barattootafi teessoon barnootaaf miijataa ta'e akka jiraatuuf, bulchiinsi mana barumsaafi gamtaan maatii irratti hojjechuu qaba.
- Meeshaaleen deeggarsa barnootaa, barnoota qabatamaa taasisuufi qalbii barattootaa xiyyeeffannoo keessaa galchuuf iddoo guuddaa waan qabaniif, barsiisaan meeshaalee deeggarsaa kana qopheessuun itti fayyadamuuf bulchiinsi mana barumsaa haalamijeessuufii qaba.
- Leenjiin hubannoo cimsu waa'ee mala cunqaa'aa mana barumsaa keessatti qophaa'ee barsiisotaaf kennamuu qaba.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Qorannoo hujoo*. Finfinne: Mega prenting press

Agnew, P.W. (1996*).Multimedia in the classroom*: Boston

Banda, D. (2011*). The Situational approach to language teaching:* Unpublished LSE 332Lecture Notes. The University of Zambia.

Bock, Z (2014). *Approaches to communication*. In Bock, Z. and Mheta G.(eds)

Bonwell, C. and Elison, A. (2003*). Active learning creating excitement in* the classroom. Rhen. Grips.

Borich.G, D.(1984). *Effective teaching methods***.** Newyork: Macmillan

Brand, H. (2000). *Teachers centered institution vs Student CenteredInstitution*.Armuchee High School.Newyork.American Government Schools.

Brouughton, Geoffry, et al. (1994). *Teaching engllish as a foreign language*. 2nded: London.

Brown, H.D. (2002). *English language teaching in the 'Post-Method' Era*: Toward better Diagnosis, Treatment, and Assessment *Methodology in LanguageTeaching: An Anthology of Current Practice*. Cambridge: Cambridg University Press

Brown, H.D. (2002). *English language teaching in the 'Post-Method' Era*: Towardbetter Diagnosis, Treatment, and Assessment. In J. Richards and W. Renandya (eds.), *Methodology in Language Teaching: An Anthology of Current Practice*. Cambridge: Cambridge University Press, 9-18

Burton, A. (2004). *Ways to approach reading:* http//wwabox. Cojp/read/

Capel, et, al. (1995). *Learning to teach in the secondary* classroom Practice: InSavignon,S.J.(ed). *Interpretin communicative language*

Creswell, J.W. (2003). *Research design: Qualitative, quantitative and mixedmethods*

Dastaa Dassaaleny (2002). *Bu'uura qorannoo*. Finfinnee: DhaabbataMaxansaa Boolee

David Sani Mwanza. (2016).*A Critical Reflection on Eclecticism in theTeaching of English Grammar:* Department of Linguistics.University of the Western Cape, Zambian

Dawkins, Richards (1986). *The blind watch makers*. NewYork.W.W.notton&company.*Doctor of Philosophy (Integrated) in Education and Applied Linguistics*

Duncum, P. (2004). *Visual culture isn't just visual*: Multiliteracy, *Multimodality and Meaning*.

Studies in Art education, 252-264.*Engli: International* Journal of Scientific and ResearchPublications,3(6).ISSN

Freeman.(2000).*Technology and principles in language teaching* with M.3rd Ed: Oxford; Gaborone. Bostwana.

Gao, L. (2011). *Eclecticism or principled eclecticismcreative education* Unpublished LSE 332 Lecture Notes: The University ofZambia 2(4): 363-369.

Goh, C. C. M. & Burns, A. (2012). *Teaching speaking: A holistic approach*. New York: Cambridge University Press.

Henson,Kenneth,T.(2008). *Teaching methods*. *History and status*:Designsfor learning https://habit-project.eu/aff:

Hymes, D.(1972). *On Communicative Competence*. In J.B. Pride and J.Holmes (eds), *Sociolinguistics.* Harmondsworth: Penguin. 26929index,htm/.*Institution*.

Jewitt, C. (2005). *Multimodality,"Reading", and "Writing*" for the 21st Century.*Discourse: Studies in the Cultural Politics of Educatio*26(3): 315-331.

Johnson, K. (1996). *Language teaching and skill learning.* Oxford: Blackwell.

Jun, Y. Z. (2000). *Warm-up excercise in listening classe*s. Kunming University of Science and Technology, Kunming, Yunan, China. The Internet TESL Journal Vol.VI, No.10.

Kirashen S.D.(1981). *Second Language acquisition and second languageLearning*.

Kumar, C.P. (2013). *The Eclectic Method: Theory and Its Application to the Learning of* Language 1(4): 103- 105.*Language, Society andCommunication.*Pretoria: Van Schaik Publishers. Pp 35-54

Kumaravadivelu, B. (2006). *Understanding Language Teaching*: FromMethod to Postmethod. Mahwh, NJ: Lawrence Erlbaum Associates.

Lazanov, G. (2006). *Suggestology and Outlines of Suggestopedia*. New York: Gordon

Li, W. (2012). *An Eclectic Method of College English Teaching*:Journal ofLanguage

Lowe, Mark. (2005). *The shibboleths of TEFL: Sense and nonsense in language teaching***.** *Modern English Teacher*, January, 2005.

Macharia, S.N. and Waria, L.M.(1994).*Teaching Practice in PrimarySchools***.**Hong Kong: Macmillan Publishing Company.

Marshall, C., and Rossman, G. B. (1999). Designing *qualitative research.Thousand Oakes*

Mellow.J.D. (2000). *Western influences on indigenous languageteaching*:Northern *Methods Effectiveness and Weakness: US-China Education Review,* 4(1): 69-71.

Murcia.(1991).*Teaching English as A Second Language*. Newyork:Longman,Inc

Mutassa,N.G. and Wills,G.M.(1994).*Modern Practice in Education and Science*.

Nunan, D. (1991. *Language Teaching Methodology.* London: Parents –Hall.

Nunan.D. (1991). *Syllabus design*. Oxford:Oxford university press.
Oxford univrsty press.

Qing-xue, L and Fang, S.J. (2007). *An Analysis of LanguageTeachinApproaches and R.Ban;M.L.Kamil,P,Handbook of reading research,*Voi.II (pp85).

Qu Guiju & Jiang Huijuan. (1998). *College English and its Learning Strategies*. *Teaching English in China* Issue32:5.

Raimes. A, (1983). *Techniques in Teaching Writing,Oxford*: Oxford Univarsity Press

Reed,A.J and Bergemann,V.E.(1995).*In The Classroom*:*An Introduction to Education*.

Revers W.M.(1987). *Interactive language teaching*. Cambrige: CambrigdeUniversity

Richards, J.C. and Rodgers, T.S. (2001). *Approaches and Methods in Language Teaching*

Ridge, E. (2000). *Beyond Mere Communication*. *Per Linguam*,16(2):46-56. doi.org/10.5785/162-139.

Sarah Warshauer F.(2001). *Instructional method and learning activities in teaching*

Sarantakos (2005). *Social research* (3rded) Hound milea; Palgrave Makmilan.

Savignon, S.J.(2002).*Communicative Language Teaching*: LinguisticTheory and *School of Education, Communication and Language Sciences*: Newcastle Schools. London: Rutledge.Clece

Siegel, M. (2006). Re-reading the Signs: Multimodal Transformations in the Field ofLiteracy Education. Language Arts, 20(4), 455-475.

Shank,Cruick.(1999).*The act of teaching*.Boston:Mc Graw Hill. Companies,Inc.

Skehan, P. (1998). *A Cognitive approach to language teaching*. Oxford: Oxford *Studie*s:

Tigisti Kormee (2016). *Sakatta'a hojii irra Oolmaa Mala Baruufi Barsiisuu Barataa Giddu galeessa godhate*: Waraqaa qorannooMA kan hinmaxansamne

Tony lynch. (2004). Listening—A Course in Listening to Lectures and Note-taking. Cambridge:

Cambridge University Press.

Ur and Weir.(1998).*Course in Language Teaching* .Cambridge .CambridgeUniversity vol.1.pp.2-5.

Vacca, (2006). *A great example of this approach is story dictation. Students areable to create lessons using their own language.*

Wali, N.H. (2009). *Eclecticism and Language Learning.* Al- Fatih Journal .No .39. Diyala University-College of Basic Education.Websters 1993). *Method*. Third new International Dictionary.

Weideman, A. (2001). *The Old and the New: Reconsidering Eclecticism in Language Teaching*. *Linguam*, 17(1):1-13. doi.org/10.5785/17-1131.*Writing.*New York: Macmillan University Press.

Zewude Tibebu. (2005).*In The Implementation of Student Centered Me*The Analysis of Student Related Problems in Jimma Zone Seto Semaro School: Jimma Univeristy (Unpublished)

Dabalee A

Guca mirkaneeffannaa, daawwannaa xiinxala itti fayyadama mala baruu barsiisuu cunqaa'aa. Daawwannaan Kun, filannoowwan gosa lama of keessatti Kan qabate yoo ta'u, gabatee keessatti gaaffii fuulduratti mallattoo (√) kaahuun deebiin ibsama.

Maqaa mana barumsaa_____

Kutaa_____ Daree_____

Guyyaa_____

	Gochaalee	Eeyyee	Lakki	Yaada
1	***Gahee barsiisaa***			
1.1.	Mataduree barnoota guyyichaa barattootaaf beksisaniiruu?			
1.2	Kaayyoo barnoota guyyaa sanaa barattootaaf ibsameeraa?			
1.3	Gochaalee adda addaa irratti barattoota hirmaachisuuf haalli mijaa'eeraa?			
1.4	Barattootni barnoota kennamu fedhiifi xiyyeeffannoon akka hordofaniif isaan kakaaseeraa/ kakaasteettii?			
1.5	Mala baruuf barsiisuu barattoota hunda hirmaachisu fayyadameeraa/ teettii?			
1.6	Barattootni garee keessatti wal qixa hirmaachuu isaanii hordofeeraa/ teettii?			
1.7	Barsiisaan akkaataa meeshaalee			

	barnootaafi gochaaleetti qophaa'ee dhiyaateera/ttii?			
1.8	Barsiisaan kitaaba qofaa irratti osoo hinhundaa'in leecalloo mataa isaa qopheeffatee dhufeeraa/teettii?			
1.9	Barsiisonni gaaffilee ofii isaa deebisuurra barattootni akka deebisan carraa ni kennuu?			
2.	***Gahee Barattootaa***			
2.1	Barattootni gareen mari'atuu?			
2.2	Garee uumame keessatti tokkoon tokkoon barataa gahee qabaa?			
2.3	Barattootni hojii daree keessatti kennaamuuf hojjeechuuf kaka'umsa qabuu?			
3	***Haala daree barnootaafi tartiiba dhiyeessa barnootaa***			
3.1	Barattoota daree keessa jiraniif teessoon gahaan jiraa?			
3.2	Teessoowwan jiran bakkaa bakkatti kan socho'anidhaa?			
3.3	Baay'inni barattootaafi bal'inni daree barnootichaa walsimataa?			
3.4	Barsiisaa/tuun tartiiba sadarkaa galtee, sadarkaa shaakalaafi sadarkaa hubannoo uumu fayyadameera/teettii?			
4	**Meeshaalee deeggarsa barnootaa**			

4.1	Fakkiwwan garagaraa, poostaroonni, gabateewwan,fi k.k.f barnooticha qabatamaa taasisuuf keenyan irratti maxxanfamanii jiruu?			
4.2	Barsiisaan kitabaa barnootaan alatti meeshaalee deeggarsa barnootaa daree keessatti fayyadameeraa?			
4.3	Kitaabileen barnootaa Afaan Oromoo barataa hundaaf gahaadhaa?			
4.4	Meeshaaleen filannoo barsiisaatiin qophaa'an nijiruu?			

Dabalee B

Yuuniversiitii Jimmaatti Kolleejii Sayinsii Hawaasaafi Hiyumaantiitti

Dame Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Af-gaaffii Barsiisotaaf dhiyaate

Af-gaaffiinkun kan qophaa'e xiinxala itti fayyadama mallee cunqa'aa irratti qorannoo geggeessuuf waan taheef deebiin isin gaaffii isiniif dhiyaate kanarratti hundooftanii naaf deebisatan fiixaan bahiinsa qo'annoo kootiif baayyee murteessaa waan taheef gaaffii dhiyaate sodaa tokko malee akka naaf deebiftaniif kabajaanan isin gaafadha. Yaadni isin kennitan iccitiin isaa eegamee faayidaa qorannoo kanaaf kan ooluudha.

Dhimma kana irratti odeeffannoo naaf kennuuf eeyyamoo ta'uu keessaniif durseen isin galateeffadha.

1. Qabiyyeen kitaaaba barataa mala baruu barsiisuu cunqaa'aatti fayyadamuuf mijataadhaa?
2. Gigaalonni kitaaba barataa keessatti dhiyaatan hammam mala cunqaa'aa fayyadamuuf affeeru?
3. Barattoota gareen, cimdiin, dhuunfaan hojjechiisuuf rakkoon isin mudatu jiraa?
4. Yeroon barnootaaf laatame mala kana fayyadamuuf dhiibbaa gadheen inni taasisu jiraa?
5. Mala cunqaa'aa fayyadamuuf gufuu wantoota ta'aniif furmaata wanti jettan maali?

Dabalee C

Gaaffii fi deebii qorattuufi barsiisota gaafatamani waliin taasifame

Barsiistonni af-gaaffii kana keessatti hirmaatan afur yoo ta'anu maqaan isaanii lakkoofsaan bakka buufame.

Qorattuu – qo

Qo: maqaa keessaniifi kutaa barsiistanu

B1: kutaa 9ffaa

Qo: mala cunqaa'aatti fayyadamtanii barsiisuuf hammam hubannoo qabdu?

B1: malli barsiisuu gara garaa akka jiru beeka garuu mala cunqaa'aa kana hubannoo isaa hin qabu.

Qo: qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 9ffaa hammam mala gara garagaraatti fayyadamuuf isin affeera?

B1: akka hubannoo kootiitti kitaabni kun mijataa miti. Kitaabni kun tokkoffaa bal'ina qaba. Kitaaba kanaaf wayitiin ramadame muraasa. Kanaaf qabiyyee kana xumuruuf jecha mala gara garaa fayyadamuun rakkisaadha.

Qo: Gama gilgaalaa yammuu ilaallu hammam barataa affeera?

B1: altokko tokko barattoota hirmaachisuuf gilgaalli sadarkaa barattootaatii gadi ta'an nimul'atu. Kan biraa wantoota barattoota dadamksaa barsiisu miti. Akkasumas gilgaalli kenname irra deddeebii waan qabuuf anigama kootiin ofii ibseen ykn hojjedheen bira darba. Maloota gara garaa walitti fidnee fayyadamuufis baay'inni barattoota daree tokko keessa jira rakkoo qaba.

Qo:Hojii garee, hojii cimdii fi dhuunfaa yemmuu barattootaaf kennitan hojjechuuf hammam fedhii qabu?Rakkoon isin mudatu jiraa?

B1:Rakkoowwan mudatan hedduutu jiru.Tokko,baay'ina barattoota daree tokko keessaa barattoota 65-70tu jiru,gareen yemmuu qoodaman yoo xiqqaate daree tokko keessa garee 10ttu jira. Wayitii tokko keeessatti barattoota kana hunda bira gahanii hordofuun akkasumas waldhagaa'anii waliin hirmaachisuu irrattia akkasumas hubannoo barattotinni qaban madaalaa deemuufi yeroon kenname ga'aa waan hin taaneef rakkoodha.

Kanbiraa ammo barattoonni garee keessatti hirmaachuuf fedhii kan hinqabnne nimul'atu, yaada burqisiisanii hirmaachuuf kan qaana'an jiru,akkasumas immoo bu'aa marii garee osoo hin

hibatin akka yeroo gubuutti kan lakka'aniifi mata duree mariif kenname dhiisanii oduu biraa kan odeessan jiru waan ta'eef yeroo baay'ee gacha akkasii kennuuf yeroo hin gubu.

Qo: mala cunqaa'aa hojii irra oolchuu irratti wantoonni gufuu ta'an maali jettanii yaaddu?

B1: malli kun otoo hojii irra oole mala filatamaadha. Garuu, daree barnootaa qabnu keessatti hojii irra oolaa jiraa yoo jenne rakkisaadha. Kanaaf akka kootti mala kana hojii irra oolchuuf wantoonni gufuudha jedhee wantan yaadu, bay'ina barattoota daree tokko keess jiranii, hubannoo dhabuu, bal'ina qabiyyee, eroon ramadameefi bal'inni qabiyyee akka rakkootti kan mul'attudha. Ani gama kootiin qabiyyee naaf kenname fixuufan deema male mala kamittan fayyadama jedhee yeroon itti dhiphadhu hin qabu.

Qo: rakkoowwn kanaaf furmaanni maali jettanii yaaddu?

B1: akka kootti yaada furmaataa ta'a jedhee wantan yaadu tokko qbiyyee irraa yoo kaane, qaamni kitaaba qopheessu yeroon qabiyyee kanaaf kenname gahaadhamoo miti jedhee otoo itti yaadee qopheessee, lammaffaan, baay'inni barattoota daree tokko keessa jiranu otto yaratee barsiisaan akka isaaf ta'utti keessa deemee hordofuu akka danda'utti otoo qoodame, dabalataan leenjiin hubannoo cimsu gama barataafi barsiisaan otoo yeroo yerootti kenname gaarii ta'a jedheen yaada.

Qo: yaada naaf keennitaniif guddaa galatoomaa.

B1: isinis.

Qo: baga nagaan dhuftan,mee maqaa keessaniifi hojii keessan of ibsaa.

B2: maqaan koo barsiistuu……. Kan barsiisu Afaan Oromoo kutaa 10ti.

Qo:Mala cunqaa'aa waan jedhu kana hammam beektu?

B2: jecha isaa irraa akkan hubadhutti waan hedduu jechuu akka ta'en hubadha. Garuu daree keessatti mallin itti fayyadamu wantan karoorfadhe daree seenedha. Kanaafuu, waanan waliin maku hin qabu.

Qo: qabiyyeen kitaaba barataa mala cunqaa'aa hojiirra oolchuuf hammam mijataadha?

B2: tolee egaa…malli cunqaa'aan mala filatamaadha. Garuu, hojii irra oolchu irratti gama qabiyyeen yoo illaalle bal'ina qaba waan ta'eef rakkoodha.

Qo: tole, gama gilgaalaanoo akkami?

B2: gilgaallonni jiran hojiirraa oolchuuf irratti baay'ee mijatoo miti. Kana yeroon jedhu gilgaalonni jiranu dadeettiiwwan hunda hin hammatu. Fkn, dadeettii dhgeeffachuu. Akkasumas shaakala gara garaa kana kennuuf teessoon barataafi baay'inni barataa mijataa miti. Kana qofa

osoo hin taane qabiyyeen kitaabicha keessa jiru bal'aa waan ta'eef qabiyyicha xumuruuf jecha ibsaan bira darbuun filadha.

Qo:akka walii galaatti mala kana hojii irra oolchuuf rakkoowwan muudatan maalifa'a?

B2: gufuu kan ta'an jiru. Isaanis, qabiyyeen barnootaa jiruufi yeroon wal simuu dhbuun rakkoo guddaadha. Qabiyyeen kennamee jiru baay'ee bal'aadha. Yeroon kenname ammo torbanitti wayitii lama qofa. Baay'ina wayitii kanaan immoo qabiyyee kana xumuruun hin dandaa'amu.

Qo: dhimma wayitii yeroo kaastanu wayitiin barnootaa kun lama qofa jettaniittu, kun duruma moo yeroo dhihoo hojii irra oole?

B2: kanaa dura Afaan Oromoo torbanitti wayitii sadii barsiisana turre. Kitaabni barataa sanuma ta'ee wayitiin garuu gadi bu'ee jira. Kana yeroo hunda haasfna garuu furmaata hin arganne.

Qo: yaada furmaataa ta'a jettanii wanti isin yaaddan maali?

B2: Qaamni itti dhiyoon manneen barnootaa hoogganu, manneen barnootaa hundaaf otoo gargaarsa isaan barbaachisu godhee, rakkoo kana dhabamsiisuun ni danda'ama. Kana jechuun, fakkeenyaaf, barataan dhuunfaatti kitaaba akka argatuuf raabsaan kitaabaa sirriitti hojiirra ooluu qaba. Dareen barnootaa baay'inaan otoo ijaaramee, barattoonni walitti cinqamanii hintaa'aan. Kanaaf, malli kun hojiirra akka ooluu yoo barbaadame qaamni kun sirriitti itti yaaduu qaba.

Qo: tole yaada naaf kennitaniif gudda galatoomaa.

B2: isinis galatoomaa.

Qo: Hunda dura yeroo keessan aarsaa gootanii yaada naaf kennuuf eeyyamamoo ta'uu keessaniif guddiseen isin galateeffadha.

B3:Isinis, galatoomaa!

Qo:Tole barsiistuu, mana barumsaa keessaniifi kutaa barsiistan.

B3:Akkuma agartu,mana barumsaa Biloo Qaarootti barsiistuu Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa}ti.

Qo:Mala cuunqaa'aan barsiisuu irratti hammam hubannoo qabdu?

B3:Malleen afaan barsiisuu sadarkaa yuunivarsiitiitti baradheen ture. Isa kana garuu maquma isaarraa ka'ee yoon tilmaameefi wanta ati jechaa turte irraa yoon ka'e malee hagas mara hubannoo gahaa hinqabu.

Qo: qabiyyeen kitaba barataa kutaa9ffaafi10ffaa mala cunqaa'aatiin barsiisuuf hammam mijataadha.

B3: Qabiyyeeniifi gilgaalli kitaaba barataa irra jiru mala kana hojiirra oolchuuf mijataa miti jechuu hindanda'u. Sababni isaa, shaakala adda addaa barattoonni akka shaakalaniif ni dhiyeessa. Kanas, dhuunfaan, cimdiifi gareen akka hojjetan ni ajaja. Garuu, hanqina inni qaba jedhee ani ilaale qabiyyeen dhiyaatee jiru bal'ina qabaachuu isaati. Kana jechuun, baay'ina wayitii kennamee jiruun walinsimu.

Qo: barattootaaf shaakala adda addaa yeroo kennitanu rakkoon isin quunnaman jiruu?

B3: eeyeen jiru.Barattoota cimdiin yookiin geengoo keessaniin maryadhaa hojjedhaa yemmuu jedhaman geggeessaa geengoo yookiin barataa tokko qofatu hirmaata. Kun immoo barataa hunda hirmaachisuu hinta'u. kana jechuun fedhiin hin qabanu. Kana qofa osoo hintaane, daree tokko keessatti baay'ina waan qabanuuf harki caalaan isaanii nijeequ. Daqiiqaa afurtama keessatti immoo kana hunda bira ga'uun rakkisaadha.

Qo: wayitiin barnootaaf laatame mala kana fayyadamuuf dhiibbaan inni taasise jiraa?

B3: maarree. Gilgaalota jiran malleen barsiisuu garagaraattii fayyadamnee akka hinbarsiifne, akkasumas, fedhii barataa eegnee akka hinhojjenne, yerootu nu daangessa. Barattoota haalaan qindeessanii hojjechiisuuf, sa'aatii gahaan qabiyyee kitaabaan walgitu hinramadamne. Kana dura Afaan Oromoo torbanitti wayitii sadii(3)'n barsiifama ture, yeroo ammaa kana immoo jechuun semisteera 2ffaa bara 2010tii kaasee wayitii lama qofaan barsiifamaa jira. Kitaabni garuu isuma duraati. Kanaaf, akka kootti malleen adda addaa wayitii tokko keessatti fayyadamuuf yeroon kennameefi qabiyyeen kenname walinsimu waan ta'eef, qabiyyee kitaaba irra jiru fixuuf jecha gilgaalota harka caalaa ofumaan hojjedha.

Qo:rakkoo kana salphisuun nidanda'amaa jettuu? Akkamiin?

B3: Hanga tokko salphisuun ni danda'a. Tokkoffaa, fakkeenyaaf, barsiisaan barnoota idileen ala (make up) waamuun, kutaa laaboraatorii fayyadamee hanga tokko shaakalsiisuu danda'a. Maaliif yoo jette, kutaan kun hojii garee adda addaaf teessoo miijataa qaba. Barsiisonnis, yeroo gahaa argatu, waan hojjechuu barbaaddan hojjetu. Qabiyyeenis yeroo jedhame keessatti xumuramuu danda'a.

Qo: galatooma

B3: isinis

Qo: duraan dursee asitti argamatanii gaaffiin isin gaafadhuuf deebii laachuudhaaf fedha godhachuu keessaniif galatoomaa jechaa, kutaa barsiiftanu osoo naa himtanii.

B4: ani maqaankoo….. Barsiistuu Afaan Oromoo kutaa 9ffaati.

Qo: mala cunqaa'aadhaan barsiisuu irratti hammam hubannoo qabdu?

B4:mala baruufi barsiisuu adda addaa akka jiru beea garuu inni mala cunqaa'aa jedhu kun haaraadha. Dhimma kana irratti leenjiin kennameshinjiru.

Qo: qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa mala cunqaa'aatiin barsiisuuf hammam mijataadha?

B4: Ani gama kootiin qabiyyeen kitaaba kana keessa jiru mala kana hojiirra oolchuu irratti mijataa miti jedhee afaan guutee haasa'uu hindanda'u. Sababni isaa, qabiyyeen dhiyaatan dubbisaa jalqabee hanga seerlugaatti kan jiru harki caalaan isaanii barataan jalqaba ofii shaakalee hiryaa isaa waliin illee yaada waljijjiiree hubannoo akka argatu kan taasisan jiru; garuu, darbee darbee hubannoo barattootaati gadi kan ta'e ni mul'atu. Fakkeenyaaf, kitaaba kutaa 9ffaa fuula 86 gilgaala 6 irratti fakkiiniifi shaakalli kenname kan barattoonni kutaa gara gadii hojjetan malee barattoota kanaaf hinta'u ,baay'ee gadi bu'aadha. Akkasumas, dandeettiiwwan afaanii gurguddoo irratti walqixa hinxiyyeeffanne. Keessattuu dandeettii dhaggeeffachuufi barreessuu irratti shaakalli dhiyaate baay'ee muraasadha jedhu.

Qo: barattootaaf shaakala adda addaa yeroo kennitanu rakkoon isin quunnaman jiruu?

B4:Akkasumas, hojiin garee yeroo kennamuuf, barattootni muraasni qofa kan hojjetaniifi kanneen biroo callisanii kan taahan ta'uu, kun immoo, rakkoolee marii garee, marii cimdiifi k.k.f irratti isaan qunnaman ta'uu ibsaniiru.

Qo:wayitiin barnootaaf laatame mala kana fayyadamuuf dhiibbaan inni taasise jiraa?

B4:torbanitti wayitii lama waan kenneef, ji'atti wayitii saddeet qofaa ramadeera. Haala ramaddii wayitii qajeelchi nutti agarsiisuun yoo deemne immoo, yoo xiqqaate boqonnaan saddeet otoo hin baratamiin hafa. Kun immoo, haalli qabiyyee qoratamee wayiitii isaaf malu wajjiin dhiyaachuu dhabuun, mala kana hojiirra oolchuuf gufuu ta'eera. Lammaffaan, barsiisaan barnoota waggaa xumuruuf, karoora ni baasa. Karoora isaan deemuuf immoo, bal'inaan wayiticha ofiisaa haguuguu qaba. Yemmuu kana immoo, hirmaannaan barattootaa ni hir'isa.Kanaaf, mala hirmaachisaa kana hojiirra ooluuf carraa dhaba.

Qo: rakkoo kana salphisuun nidanda'amaa jettuu? Akkamiin?

B4:Mala baruuf barsiisuu cunqaa'aa kana guutummaa guutuutti fayyadamuun ulfaataa ta'ullee, saayinsii isaallee tahu hanga tokko hubachaa yoo deeman, gara fuulduraatti carraa miijataa mala

kana itti fayyadaman yoo argatan, hojiirra oolmaan isaa hinrakkisu. Kanaaf, hunda dura barsiisonni dhimma mala cunqaa'aa kana irratti hubannoo qabaachuu qabu. Akkasumas, barsiisonni haala yeroo wajjin kan deemaniifi wayitawaa ta'uu qabu. Lammaffaa, barattootni barumsaaf fedhii qabaachuu qabu. Akkuma barattoonni tokko tokko barachuuf fedhii qabaatanii dhufan, kanneen yeroo dabarsuuf dhufanis jiraachuu malu. Kana keessatti, qaamni afur waliin socho'uun dirqama.

Qo:galatoomaa.